# XINXAALA GAHEE MAMMAAKSOTA FIJECHOOTA SIRNA ARAARA KEESSATTI QABATAN :OROMOO SODOO IRRATTI KAN XIYYEEFATE.

**BALAACHOO JABEESSAA WAAQOO**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, MUUMMEE AFAAN OROMOO HOG-BARRUU FI FOOKLOORIIF KAN DHIYAATE.**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIIMUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKILOORII**

**WAXABAJJII 2011/2019**

**FINFINNEE**

**Yuunivasiitii Finfinnee**

**Dhaabbata Digrii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo Ulaagaa digrii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo barsiisuuf guuttachuuf Balaachoo Jabeessaatiin mata duree: Xinxaala gahee Mammaaksotafi jechoota sirna araara keessatti qabatan:Oromoo Sooddoo irratti kan xiyyeefate jedhu irratti qophaa'e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa______________________________Mallattoo____________ Guyyaa_____________

Qoraa Keessaa____________________________Mallattoo____________Guyyaa ____________

Gorsaa ________________________________Mallattoo _____________Guyyaa___________

____________________________________________________________________________.

Itti gaafatamaa Muummee ykn Walitti qabaasagantaadigriiLammaffaa (MA)

## Axeereraa


Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa, gahee mammaaksota Oromoofi jechaawwan sirana araaraa keessatti, xiinxaluun ibsuudha. Qorannoon kun gosa qorannoo akkamtaa waan ta'eef, mala qorannoo akkamtaatiin ibsame. Maddi raga qorannichaa, madda raga tokkoffaadha. Kanaaf, akka madda ragaa tokkoffaatti namoonni odeeffannoon irraa funaaname, manguddoota Oromoo waa'ee mammaaksaa gadifageenyaan beekanirraati. Meeshaan ragaaleen ittiin funaaname ammoo, mala afgaaffii, marii garee xiyyeeffataafi daawwannaa. Malli idaattessuu ammoo, idaattessuu miti-carraa yoo ta'u, gosa iddatteessuu kanneen keessaa iddatteessuun dhimma itti bahame idaattessuu akkaayyoofi iddatteessuu darbaa dabarsaati. Kanaafuu, qorataan dura waajjira Aadaafi Turizimii aanichaa mariisisuudhan namoota aanichaa keessaa waa'ee sirna araaraa sirritti beekan erga gaafateen booda, ragaalee qorannichaaf isa barbaachisan walitti qabateera. Dabalataanis, qorataan manguddoota dhimmaa araaraa beeku jedhamanii eeramanirraa odeeffannoo yeroo fudhachaa ture, manguddoota dhimma araaraa sirriitti beekan kan biroo akka isaaf eeran gaafachuudhaan namoota eeraman kanneenirraa ragalee walitti qabateera. Xiinxala ragaalee taasifameen, argannoowwan garaa garaatu argame. Isaanis:mammaaksonni Oromoofi fakkoommii sirna araaraa buusuf oolan gulantaalee sirna araaraa keessatti akkaataa bifa garaagaraan itti garagaaramaniifi fakkoonni sirna araaraa keessatti taasifaman sirna araaraaf gahee olaanaa qabaachuun mirkanaa'era.

Mammaaksota Oromoo namoota wal lolan yookan wal dhaban jidduutti araara buusuu keessatti faayidaawwan heduu qaba.Isaanis: yaaxxina namoota araaramaa akka dubbii jaarsummaa fudhatan gochuu, haaloo ambisuu, jaalala buusuu, miidhaa darbe dagachiisuu, dubbiin akka gabaabbatu gochuufi dhugaa jiru kenname akka fudhatan gochuu akka ta'e mirkanaa'eera. Akkasumas, jechawwaan sirna araaraa keessatti aadaa Oromoo wajjin walitti hidhamiinsa waan qabaniif milkaa'ian araaraatiif faayidaa olaanaa akka qaban mirkanaa'era. Argannoo kana bu'uura godhachuun: hawaasni Oromoo mammaaksotatti dhimmana bahuun araara buusaa jiran kana haaluma ammaa kanaan jabeessanii dhimma itti bahanii jaalalaafi nageenyan waliin jiraachuu akka qanban, mammaaksonni Oromoo araara buusuuf oolan dubbii araaratti mi'aawaafi fudhatama akka argatuufi warren kana fakkattan waan oolaniif fuulduraattis, jaarsoliin dubbii araaraa mamaaksatti gargaaramuun osoo dhiyeessanii, Hawaasa Oromoo keessatti kan dubbii araaraa irratti hirmaatan manguddootadha; haata'u malee, dhaloonni ammaas, haala manguddoonni mammaaksatti gargaaramuun sirna araaraa gaggeessan itti dhiyyeenyaan hordofanii kara fuulduratti dhimma bahuu qabu kan jedhuufi Hawaasti Oromoo sirna araraa keessatti afakkommii itti gargaaramanii araara gaggeessan hawaasicha biratti kabaja guddaa qabu waan qabaniif araara buusuu keessatti iddoo guddaa waan qabaniifuu dhaloonni haaran haaluma abbootiin itti gargaaramaniin itti fufsiisuu akka qaban agarsiisera.

# Galata

Duraan dursee isa na gargaaree firii dadhabbiikoo ijaan akkan arguuf isaa asiin na ga'e waaqayyoon guddaan galateeffadha. Itti aansuudhaan hojii qorannoo kanaa yeroon hojjedhu dadhabbii tokko malee, yeroofi beekumsa qaban osoo naaf hinqusatiin jalqabaa hanga dhumaatti gorsa beekumsarratti hunda'ee kan naaf taasisan akkasumas tumsa ogummaafi obbolummaatiin kan na bira dhabbachaa turan gorsaa koo Dr. Taddassaa Jallataa baay'een galateeffadha. Akkasumas, carraa barumsa kana akkan argadhuuf namoota gumaacha olaanaa naaf taasisaan keessaa Hogganaa Olaanaa Oromiyaa Biroodkaastingi Net Workii (OBN) kan turaan Obbo Getuu Wayyeessa isaan tokko waan ta'ef obbo Getuuf galannikoo daraan olaanaadha. Barnoota kana akkan baradhuuf sadarkaa kana irra akkan gahuufi gahumsa hojjettoota isaa sadarkaa sadarkaa cimsuutiin kan beekamufi anaafis ispoonseera naaf ta'uun akkan baradhee dandeetii oggummaakoo akkan cimsadhuuf kan nataasiise dhabbanni Oromiyaa Biroodkaastingi Neet Workii (OBN)fis  gallannikoo guddaadha.

Akkasumas, ergan barumsa koo jalqabeetii kaasee hanga xumuraatti yaadaafi maallaqaan,ogummaa kompiteraan nadeeggaraa kan turte haadha manaa koo Ayyantuu Kamisoo galanni koo guddaadha.Barnoota kana yeroon baradhutti jallalli abbummaa osoo isaan dirqisiisuu garumoo akkan baradhee milka'uuf jabadhuutiin kan nabiraa adda hibaane Ijoolleekoo Siifan Balaachoofi Sanyii Balaachoofis galanni koo guddaa guddaadha.

Haaluma walfakkatuun, hojii qorannoo kana yeroon gaggeessaa turetti madda raga qorannichaa ta'uun deeggarsa walirraa hin cinnee naaftaasisakanturanmanguddootaOromooAanaaToleefi Hojjettoota Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Tolee nan galateeffadha. Karaa biraatiin rakkoon teekinikaa yeroo kompiiterakoo muddatu naaf sirreessufi waraqaa qorannoo kana haala kanaan akkan qopheessuuf gumaacha oggummaa naaf taasisuun kan na bira dhabbate Injiiner Darajjee Birhaanubaay'een galateeffadha. Akkasumas bu'a bahii hedduu keessa darbee sadarkaa kana irra akkan gahuuf yeroo yeroon bilbilaanis ta'e qaaman najajabeessaa kan turan obbollaawaankoo Katamaa Jabeessaa,Abaluu Jabeessaa,Dastaa Jabeessaafi Misganaa Jabeessaatiif galannikoo daran olaa'aadha. Akkasumas, kallattiinis ta'e alkallattiidhaan namoota qorannoo kana keessatti tumsa gumaacha ogumaa naaf qoodan maraaf galanni koo guddadha.

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**


Gabaabsa……………………………………..…………..……………………………………..i
Axeereraa. ……………………………..………………………………………………………..ii
Baafata………………………………………………………………………………………iii
Baafata Suuraafi Fakkiiwwanii…………………………………………………….…..vi
Hiika jechootaa…………………………………………………..……………………vii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA........................................................................................................1
1.1. Areerrata ..........................................................................................................................1
1.2. Ka’uumsa Qorannichaa...................................................................................................4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....................................................................................................5
1.4. Faayidaa Qorannichaa.....................................................................................................6
1.5. Daangaa Qorannichaa .....................................................................................................7
1.6 Haqina Qorannichaa...........................................................................................................7
1.7 Ibsa Halaafi Naannoo Qorannichaa ..................................................................................8
1.7.1.Akkaataa Moggaasa Maqaafi Daangaa Aanaa Tolee.....................................................9
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU .................................... **Error! Bookmark not defined.**
2.1. Yaadrimee Fookloorii .......................................................................................................12
2.2. Faayidaa Fookloorii .........................................................................................................133
2.3. Gooroowwan Fookloorii ..................................................................................................144
2.3.1. Afoola ............................................................................................................................144
2.3.1.1 Faayidaa Afoolaa ........................................................................................................16
2.3. 1.2 Gosoota Afoolaaa.......................................................................................................17
2.3.1.2.1 Raagoo.....................................................................................................................18
2.3.1.2.2 Durdurii....................................................................................................................19
2.3.1.2.3 Af walaloo ................................................................................................................20
2.3.1.2.4 Unka gaggabaaboo...................................................................................................21
2.3.1.3 Maalummaa Mammaaksaa.........................................................................................21
2.3.1.3.1 Gahuumsa mammaaksaafi malleen dubbii...............................................................24
2.3.1.3.2 Gahuumsa mammaaksaafi aadaa.............................................................................24

2.3.1.3.3 Gahuumsa mammaaksaafi haala qabatamaa....................25
2.3. 1.4 Fayiidaa mammaaksaa....................25
2.3.1.5 Qabiyyee mammaaksaa....................28
2.3.1.6 Bifiyyee mammaaksaa....................30
2.4.Hiikkaafi Ibsa Jechoota....................322
2.4.1.Haalafi Fayyadama Jechootaa....................3232
2.5. Sakatta'a Qorannoo Afoola Oromoo....................344
2.6 Yaaxxina Qorannoo....................366
2.6.1 Yaaxxina haala galuumsaa ( Contextual theory)....................36
2.6. 2. Yaaxxina Faayideessummaa(Functional theory)....................37
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA....................38
3.1. Saxaxa Qorannichaa....................38
3.2. Irraawwatama Qorannichaa....................38
3.3. Mala Iddattoo....................39
3.4. Malleewwan Funaansa Ragaalee....................400
3.4.1. Af Gaaffii....................400
3.4.2. Marii Garee Xiyyeeffataa....................411
3.4.3. Daawwannaa....................411
3.5. Mala Xiinxala Ragaalee....................411
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE....................42
4.1 Odeeffannoo Ragaa Kennitootaa....................42
4.2 Haala Jaarsoliin araaraa itti filataman.....................43
4.3. Adeemsa Sirna Araaraafi Itti fayyadama Jechaawwanii....................43
4.3.1 Yoomessa Sirna Araaraa....................43
4.3.2 Haala Sirni Araaraa Itti jalqabu....................45
4.3.2 Jechaawwan Yeroo Sirna Araraa Itti gargaaraman....................47
4.3.3 Adeemsa xumura Sirna Araaraa....................51
4.4 .Hariiroo Mammaaksaafi Araaraa....................53
4.4.1. Yomessaa Mammaaksaa Sirna araaraa Keessatti....................54
4.3.2 Adeemsa sirna araara keessatti fayidaan mamaaksa maal jedhama?....................54
4.3.3 Adeemsa araaraa keessatti baay'inniifi xiqqaachuun mammaaksaa waantoota ....................
murteessan....................56

4.4.2.1 Araara qajeelchuuf……………..………………………………………………………………………..……….56
4.4.2.2 Araaran  nageenyi akka bu'u gochuuf………………………………………………………………………….58
4.4.2.3 Mammaaksota dhiifama akka taasisaniif gargaaran……………………………………………………61
4.4.2.4 Mammaaksota  dubbii gabaabsuuf gargaaran…………………………………..………………………….61
4.4.2.5Mammaaksota murtii gargaaran…….………………………………….……………………………………62
4.4.2.6Mammaaksota waadaa galchisiisuufi fudhachiisuuf gargaaran …………………………….. ………63
4.5.  Haala sirni araaraa yeroo ammaa irra jiru ........................................................................... 65
BONNAA SHAN: GUDUNFAAFI YABOO ................................................................................ 67
5.1. Gudunfaa ......................................................................................................................... 67
5.2. Yaboo ............................................................................................................................. 69
Wabiilee ................................................................................................................................ 70
DABALEEWWAN.................................................................................................................. 73

**Baafata Suurawwaniifi Fakkii** **Fuula**


1. Fakkii Kartaa Aanaa Tolee……………………………………………………………..10
2. Suuraa muka bakka araaraa……………………………………………………………44
3. Manguddoota nama araarsaa jiranii…………………………………………………...46
4. Suura Iddoo araaraa…………………………………………………………………….47
5. Suura manguddootaa yeroo eebbifatanii………………………………………………47
6. Suura Hoolaa Qabbanee……………………………………………………………….50
7. Suura Horii kiisii ……………………………………………………………………51

**Hiikaa jechootaa**

1. Gaaduu------------------ Haaloo bahuuf barbaaduu
2. Haaluu -------------------- Amanuu  diduu
3. Gudeedaa-----------------Fira dhiyoo
4. Caffee galeesaa------------Kan seera tumaa beeku
5. Qofa---------------------- Hancufa yookan gorora
6. Mijuu--------------------- Dhugaatii eebbaa
7. Safuu--------------------  Aadaa hawaasni akka hin cabne eegatu
8. Milkii-------------------- Ofkaltii
9. Reebaa------------------ kan barbaadu
10. Reebamaa ------------kan barbaadamu
11. Qabbanee-------------- Nama miidhameef murtii dura kennamu
12. Wandaboo -----------Kafana uffatan
13. Kiisii   --------------- Horii yookan maallaqa kan miidhe kan miidhamee kennu
14. Gurra ergisuu----- Biraa ka'anii deemuu
15. Muudaa ------------Dhadhaa hin baqin kan Sammuu namaarra kaa'an
16. Diggisii------------ Nyaataafi Dhugaatii qophaa'e
17. Manguddoo waltajjii ------- Walitti qabaa jaarsolii araaraa
18. Qorasa-------------------------- Kan yoo waantokkotti maxxane gad hin dhiifne.
19. Dhamdhamuu----------------- Arrabaan tuqanii ilaaluu
20. Geeffata----------------------- Oliyyannoo fudhachuu
21. Faltii------------------------------ Dhoqqee horii hin gogin

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Areerrata

Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti sirna garaagaraa uumee itti fayyadamaa tureera,ammas itti fayyadamaa jira. Akkaataan jireenya dhala namaa ammoo, yeroo baay'ee kan ibsamu fookloorii hawaasaa keessattidha. Kanaafuu, seenaa, duudhaa, falaasama, ogummaafi eenyummaa saba tokkoo hubachuufi ajaa'ibsiifachuuf, bu'aan fookloorii hawaasichaa qorachuun qabu, olaanaadha. (Feqade, 1991). Haata'u malee, waa'een fookloorii Afrikaa guutuu keessatti hanga bara 1960tti dagatamee akka ture hayuun kun ibsee jira. (Schipper, 2000).

Dagatamuun qo'annoo fookloorii ammoo, dagatamuu aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasa tokkoo fida.Akkasumas, Brunvand (1979: 426) bu'aa fookloorii hawaasaa qorachuun qabu ilaalchisee yoo ibsu, "Folklore is asphere of interaction, amirror of culture, aperspective screen of personality. It is also response to individuals needs and artistic expression with its own structure and aesthethetics," jechuun ibseera.Akka yaada hayyuu kanaatti, fooklooriin ibsituu aadaa hawaasaati. Aadaan ammoo, daawwitii jiruufi jireenya dhala namaati. Kanaafuu, fookloorii hawaasaa beekuun aadaa hawaasaa beekuudha. Aadaa hawaasaa beekuun ammoo, akkataa jiruufi jireenya dhuunfaa ofiifi hawaasaa beekuu akka ta'e agarsiisa.

Karaa biraatiin, fooklooriin gooroowwan garaagaraa of jalatti qabatee argama. Gooroowwan kanneen keessaa ammoo, tokko afoola. Garuu, gaheen afoolli gama eenyummaa, aadaafi duudhaalee hawaasa tokko ibsuu keessatti qabu baay'ee olaanaadha. Karaan afoolli hawaasaa ittiin guddatu kessaa ammoo, inni tokko afaani. Kanaafuu, afaan meeshaa afoolli hawaasa tokkoo ittiin dagaaguufi dhalootaa dhalootatti darbu keessa isa tokko waan ta'eef, guddinni afoolaa guddina afaaniirraa adda bahee hin'ilaalamu. Kana jechuun ammoo, guddinni afoolaa guddina afaanii akka ta'e agarsiisa. Sababa kanaaf, gooreewwan afoola Oromoo hundinuu beekamanii galmeeffamuun dhaloota ammaafis ta'e, kan boriif ol taa'uun baay'ee murteessaadha. Haata'u malee, qorannoon hanga yoonaatti gooreewwan afoola Oromoorratti hojjetame, seenaa ummata oromoo waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu gara fuula duratti irratti xiyyefatamee hojjetamuu qaba. Kun ammoo, gooreewwan Afoola Oromoo hanga barbaadame qorannoodhaan mul'atanii akka hinjirre agarsiisa. Sababa kanaaf, baay'een isaanii

bakki isaan itti beekaman manguddoota Oromoo biraattidha. Dhaloota har'aa, ijoolleefi dargaggoota biratti garuu, kan dagataman fakkaatu (Feyisa, 1961).

Garuu, miseensi garee hawaasa tokkoo, jiruufi jireenya isaanii keessatti yeroo gamtaan jiraatan milkaa'ina argachuuf, beekumsa dhaloota darbeerraa dhaaluun dirqama. Sababni isaas, namni beekumsa seenaa hinqabneefi faayidaa seenaa hinbeekne quuqamni eenyummaa, waan itti hindhaga'amneefi.Waa'ee eenyummaa isaa baruufis ta'e, walitti dhufeenya sabni dur tureefi amma jiru qabu baruu kan danda'u, yoo seenaa hawaasa darbee beeke qofaadha. Kanaafuu, jireenya ilmaan namootaa seenaa darbe keessatti kaafnee yoo ilaaluu baanne, kan har'a irra jirru baruufis ta'e hubachuuf ulfaata ta'a. Kanaafuu, waan kaleessa hinjiraanne har'i hinjiru; har'i hinjiru taanaan ammoo, boru nidhufaa jechuun tasa hinyaadamu. kanaaf, isa har'aa baruu, kan boruu tilmaamuufi isa kaleessaa qorachuun barbaachisadha (Alamaayyoofi kanneen biroo, 2006).

Haata'u malee, waa'ee afoola Oromoo ija kanaan yoo ilaalle, seenaan isaas ta'e, afoolli isaa yeroo dheeraaf bifa barreeffamaan katabamee ifa akka hinbaane icciitiidhaan qabamee tureera. Sababa kanaaf, hanga jalqaba 1970tti qubee afaanichaatiif mijatu osoo hinqabaatiin ture. Jalqaba bara jedhame kanatti garuu, qubee Laatinii gargaaramuun Afaan Oromoo dubbisuufi barreessuu dhaabni Adda Bilisummaa Oromoo barsiisaa tureera (Tilahun, 1993).Gabaabaatti,rakkina haala kanaan hawaasa Oromoo mudatan irraa wanti hubatamu, sabni Oromoo ogbarruu barreeffamaa kan mataasaa osoo hinqabaatiin akka turu taasifamuusaa qofa osoo hintaane, afoolli saba kanaas carraa galmaa'ee taa'uufi qoratamuu akka hinarganne taasifamaa turuusaati. Yaada kana kan dhugoomsuus, Tamene (2000: 11) afaan Ingiliziitin yoo ibsu:

Akka yaada hayyuu kanaatti, Afaan Oromoo, Afaanota Ardii Afrikaa keessatti bu'aa qabeessa ta'an kessaa tokko ta'uun, naannoo Muutummoota Oromoo Gibeefi Oromiyaa biroo keessatti Afaan mana murtii ta'ee kan tajaajilaa tureera. Haata'u malee, sadarkaan afaan kanaa haala yaadessaa ta'een kan jijjiirame, kutaa Kaaba biyya Itoophiyaatti kan argamtu, Mootummaan Habashaa naannoo jaarraa 19ffaa keessa erga lafa Oromoo saameeti. Akkasumas, bittaan sirna Mootummaa Habashaa kun lafa Oromo saamuun qofa nagahe jechuu dadhabuun, uummanni Oromoo hojjetee harkaa duwwaa akka hafuufiaadaafi seenaan isaa akka hinmul'anne taasisuudhaan afaan qawween bulchaa turaniiru. Dabalataanis, Afaan Oromoo akka lubbuu aadaa hawaasa Oromootti kan ilaalamu ukkaamsuun, aadaa hawaasichi qabu dagachiisuuf yaalii

guddaa gochaa turan.  Kanaafuu, Afaan Oromoo, wajjiraalee mootummaa dhimma hawaasummaa irratti hojjetan kanneen akka: mana murtii, mana amantaa, mana barnootaa, biirooleefi Paarlamaa keessatti dubbachuun seeraan waan nama gaafachiisuuf eessattuu dhimma itti bahuun dhorkamaa tureera. Kanarraan kan ka'e, Afaan Oromootiin hanga 1992tti guutummaa biyya Itoophiyaa keessatti sadarkaa kutaa 1ffaattis ta'e, sadarkaa kutaa 2ffaattiAfaan Oromootiin barnoonni  kennamaa akka hinturre nuhubachiisa.

Haata'u malee,akkuma Oromoon, "Xiyya darbatanii waan tokko rukkutuuf, duubatti harkisuun dirqama," jechuun mammaaku: aadaa baddeefi safuu cabde deebisuuf, aadaa dur dhokatee ture qotanii baasuun barbaachisaa waan ta'eef, oromoonni yeroo sana karaa garaa garaatiin carraa barnootaa argataniifi namoonni oromoo dhimman tokko tokko gufuufi dhiibaa kana hunda cabsuun afoola oromoorratti hojiiwwan qorannoofi maxxansa barreeffamoota garaa garaa hojjetaniiru (Misgaanuu, 2011).

Egaa, gochi akkanaa kun hawaasa Oromoorratti haaraawwatamuyyuu malee, Uummanni Oromoo saba horteen isaa tokkicha ta'ee, Saboota Afrikaa Bahaa keessatti argaman hundaarra isa guddaadha. Kanaafuu, Afaan Oromoo maatii Afaan Kuush keessa tokko yoo ta'u, biyyoota Kaaba Baha Afrikaa kanneen akka: Itoophiyaa, keenya yookaan Keeniyaafi Somaalii keessatti heduminaan nidubbatama. Akkasumas, Itoophiyaa keessatti namoota miliiyoona shantamaa ol ta'aniif afaan abbaa ta'uun yoo dubbatamu; Itoophiyaafi keenyaa yookan Keeniyaa keessatti ammoo akka afaan lammaffaatti namoota miliyoona saddeettama (80,000,000) ol ta'aniinnidubbatama (Tamene, 2000). Ta'us, hanga jalqaba 1970tti qubee afaanichaatiif mijatu osoo hinqabaatiin ture. Jalqaba baroota jedhame kanatti garuu, Qubee Laatinii gargaaramuun Afaan Oromoo dubbisuufi barreessuu, dhaabanni Adda Bilisummaa Oromoo (ABO)barsiisaa tureera (Tilahun, 1993).Walumaagalatti, afoola Saba Oromoo kan Oromoon: aadaa, duudhaa, amantaa, ilaalcha, fedha, jaalalaafi jibbasaa ittiin ibsatu kanarratti hoomtuu hinhojjetamne jechuu qoratichaa osoo hintaane, dhiibbaan harka halagaan irraan kan ka'e bakkaafi ilaalchi gaariin hinkennamneef, hamma qoratamuu malu hinqoratamne jechuu ta'a.

Haata'u malee, yeroo dhiyootii asitti goreewwan afoola Oromoo carraa qoratamuu argachuun qorannoon barattoota oromoo sadarkaa garaa garaarra jiraniin irratti gaggeeffamaa jira. Goreewwan qorataman keessaa ammoo, tokkomammaa ksayoota'u, Mammaaksi, hawwaasa tokkoof tajaajila garaa garaa kenna. Tajaajila mammaaksi hawaasaaf kennu ilaalchisuun,

Fiqaaduun (2007:12), “Goreewwan afoolaa keessaa gooreen sabni Oromoo ittiin walgorsatu, walitti dheekkamuufi ittiin walqeeqan mammaaksa,” jechuun ibseera. Akkasumas, hawaasa Oromoo biratti, “Mammaaksi koobaa yookaan dubbiiti,” jedhama (Sahilu, 1996). Kana malees, Oromoon dubbii yeroo jalqabusta’e yeroo xumuru, mammaaksatti kan gargaaramu ta’uusaatu kabajaafi jaalala gooreen afoolaa kun saba kana biratti qabu dhugoomsa. Kanas, kan mirkanneessu jecha Oromoon, “Mammaaksi waalama, tokko dubbiifida; tokko dubbiifixa,” jedhudha (Sahilu, 1996).

## 1.2. Ka’uumsa Qorannichaa

Sabaafi sablammoonni ummatoonni garaagaraa ardiikana irra jiran hundi, mammaaksadabalatee afoolota duudhaa hawaasa isaanii ittiin guddifatan, eeggatan, kununfatan, walgorsatan, walbarsiifatan, shaakala hawaasa isaanii biratti fudhatamaafi kabaja qaban ittiin hundeeffatan, adeemsa guddina isaanii keessatti yakkaafi karoora yakkaa ittiin ofirraa ittisaan niqabu. Akkasumas, mammaaksi muuxannoofi beekumsa hawaasaa duriifi kan ammaa ta’ee dhalootaa dhalootatti kan darbu, kuufama aadaa, seenaa, beekumsaafi ogummaa hawaasaati (Tedese,2004).

Mammaaksi gooreewwan afoola keessaa, tokko yoo ta’u, dhimmoota akka: aadaa, safuu, beekumsa, muuxannoofi jiruufi jireenya hawaasaa keessatti wallaala, dogoggoraa garaa garaawarren kana fakkataan wal qabatanii hawaasicha qunnamun walitti bu’iinsa uumamufuruuf sirna araaraa keessatti, gaheen inni qabu  adda baasanii ibsuun barbaachisaadha. Hawaasni Oromoo mammaaksota dhimma aadaa, duudhaa, safuu, falaasamaafi warren kana fakkataankan hawaasni Oromoo durii isaanirraa barbaadu kana hubatanii, guddina aadaa, afaaniifi biyya isaanii keessatti gahee hiikaafi bu’aa qabeessa ta’e taphachuu akka danda’aniif mammaaksonni sirna araaraa keessatti  akkataa manguddoonni Oromoo mammaaksatti gargaaramuun  araara buusuuf itti gargaaramanduukaa bu’uunii xiinxaluun barbaada.

Mammakisaan walqabatee yeroo garaagaraa qorannoon geggeeffamee jira. Qorannoowwan kanneen keessaa Taddasaa, (2004), mata duree “A Contextual Study of Guji-Oromo Proverbs:functions in Focus” jedhurratti kan gaggeeffameedha. Kaayyoon qorannoo kanaa ammaaksota  Oromoo Gujii walitti qabuun faayidaa inni hawaasichaa kennu xinxaaludha. Kuniis mammaaksaa  Oromoo Gujii haala galuumsa inni aadaa hawaasaa keessatti faayidaa inni kennu madaaluun hawaasicha wajjin walqabsiisuun agarsiisuurratti xiyyeeffate. Haaluma kanaan

qorannoo kana keessatti  mamaakisi Oromoo Gujii aadaa haasaichaa jeddugaleefachuun faayidaa inni kennu adda baasuun danda’ameera.

Kan biraa immoo, Gonfaa, (2008), mataduree “ Xiinxala Qabiyyeefi Bifiyyee mammaaksota Oromoo gorsa Eeyyantaa Namaa kennuuf oolan: haala aanaa qarsaa maallimaa, godina shawaa kibba lixaa” jedhurratti  kan gaggeefameedha. Kaayyoon qarannichaaqabiyyeefi bifiyyee Mammaaksota Oromoo gorsa eeyyantaa namaa kennuuf oolan  xiinxaluun ifa baasuudha. Haaluma kanaan qorannichi mammaksoota qabiyyeefi bifiyyee mamaaksoota gorsa eeyyantaa kennuuf oolan adda baasaniiru.

Haata’u garuu, hanga qorataan sakatta’etti, kallattileen qorannoon mammaaksota Oromoo irratti gaggeeffaman yoo ilaalle , gahee  mammaaksota Oromoo sirna araaraa keessatti qabaniifi Jechaawwaan sirana araaraa irratti namni qorate hin jiiru.Qarannoon kunis kan irratti xiyyeefate gahee mamaaksaafi jechaawwan sirna araaraa keessatti jedhurratti. Kunis kan ta’eef Oromoon Sooddoo sirna ittiin nageenyafi tokkommaa isaa eegatu qaba.  sirnoota  kanneen keessaa tokko sirna araarati. Sirna araaraa keessatti gahee mamaaksaafi jechaawwan qaratee ifa gochuun dhaloota dhufuuf akka darbu gochuun barbaachisaadha.  Kanaafuu,  akka Oromoo Sooddotti, gahee mammaaksafi jechaawwan sirna  araara keessatti  qaban, hawaasicharraa qorachuun ol kaa’uu yaadeera. Kanuma  jiduugaleessa godhachuun, qorannoon kun gaaffilee bu’uuraa armaan gadii deebisuuf yaala. Isaanis:

1. Mammaaksi sirna araara keessatti maaliif mammaakama?

2.Mammaaksii  adeemsa sirna araarraa keessatt akkammin dubbatama?

3. Itti fayadama mammaaksa sirna araara keessatti yeroo ammaa sadarkaa maaliirra jira?

4. Oromoo Sooddootti adeemsa  sirna araaraan keessatti jechaawan akkamitti gargaaramuun araara buusu?

### 1.3. Kaayyoo  Qorannichaa

Qorannoon  kun  kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree of jalatti hammatee jira.Kayyoo gooroon qorannoo kanaa, “Gahee Mammaaksota Oromoofi Jechaawwan siranaa araaraa keessatti xiinxaluudha.” Kaayyoo gooroo qorannichaa galmaan ga’uuf kayyoon gooree qorannichaa qabxiiwwan armaan gadiirratti xiyyeeffachuun qophaa’aniiru. Isaanis:

1.Mammaaksi sirna araara keessatti maaliif akka mammaakamu ibsuu.

2. Mammaaksi adeemsa sirna araaraa keessatt akkataatti mammakamu xinxaluu.

3. Mammaaks sirna araara keessatti itti fayyadamuu irratti yeroo ammaa sadarkaa maaliirra jiran adda baasuu.

4. Oromoon Sooddoo Adeemsa Sirana Araaraa keessatti jechaawwan akkamiin gargaaramuun araara akka buusa ibsuu.

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Mammaaksota Oromoo sirna araaraf oolaan gadi fageenyaan qorachuun:dubbii araara keessatti mammaaksi dhiiba maalii akka uumu hubachuuf gargaara. Akkasumas, hawaasni Oromoo wanta hawaasasaaf jaallatuufi kan hawaasasaarratti jibbu, ilaalcha, hawwii, yaada walii waliisaaf qabu; akkaataa ittiin walgorsuufi walqajeelchu adda baafachuun duudhaa, aadaa, safuu, naamusaa hawaasichi barbaadu bifaafi hubannoo walfakkaatu akka qabaatu gochuuf gargaara. Akkasumas, qophii jireenya gara fuula duraatti keessatti ta’urratti hawaasaaf hubannoo kennuuf, manguddootaaf, barreessitotaafi warren kana fakkataan nigargaara. Kana malees, barsiisonni seenaafi afaanii: barattoota isaanii yeroo barsiisan: seenaa, duudhaa, aadaafi afaan hawaasichaa ittiin hubachiisuuf isaan gargaara.

Walumaagalatti, qorannoon kun faayidaa armaan gadii kennuu danda’a jedhameetu yaadama.

1. Hawaasni Oromoo mammaaksatti gargaaramuun akkamiin akka araara buusan dhaloonni har’aas ta’e kan borii irraa barachuu danda’u.

2. Guddina qorannoo afoola Oromoof nigumaacha olaanaa ni kenna.

3. Beektoonni afoola Oromoorratti qorannoo akka gaggeessan nikakaasa.

4. Beektoonni garaagaraa afoolarratti qorannoo gaggeessaniif raacatti/ka’umsa/nita’a.

5. Gara fuula duraatti Qorannoon afoolaa xiyyeeffannoo akka argatuuf gumaacha olaanaa ni taasisa.

## 1.5. Daangaa  Qorannichaa

Qorannoo kun bakkaafi qabiyyeen daangeffamee jira. Qoratti chi humnafi baajataa jiru jidduu bu’uurefachuun,  godiinaalee Oromiyaa keessaa Godina Shawaa Kibba Lixaa giddugaleefatee Aanaa Tolee irraatti kan xiyyeefate. Aanaan Kun kan filatameefis aanolee godiinichaa keessaa Oromoon Soddoo bal’inaan kan keessaa jiraatan waan ta’eef. Gama qabiyyeetiin yoo ilaalle ammoo, gama qabiyyeetiin yoo ilaalle ammoo, mammaaksafi jechawwan haala qabatamaa sirna araaraa  keessatti  hojiirraa itti oolan irratti hundaa’eedha. Kanaafuu dhaamsa mammaaksotaafi jechaawwanii haala adda addaa keessatti qaban qorannoo kanaa keessatti hammachiisuun hindanda’amne.

Sababa kanaaf, qorataan kallattiiwwaan/ hawaasni Oromoo mammaaksafi jechaawwanitti gargaaramuun aaraara waliif buusuu keessaa dhimma itti bahanirratti xiyyeeffachuun, gahee mammaaksotafi jechawwanii Oromoo araara  buusuu keessatti qabanii irratti  fuullefateedha.

## 1.6 Haqina Qorannichaa

Waraqaa qorannoo kun“Xiinxala Gahee Mammaaksota Oromoofi jechawwan sirna araara keessatti:Oromoo Sodoo Godina Shawaa Kibba Lixaa irraatti kan  xiyyeeffata. Garuu, adeemsa qorannoo kana gaggeessuu keessatti, sodawwaan garaagaraa qorataa mudataniru. deefkenitoonni qorataan kun gazexxeessa OBN waan ta’eef sagalee keenya  sagaleetiin hin warabatuu jechuudhaan fedhii yaada kennuu dhabanii ture.

Sababiin isaas dhimma midiyaaf itti fayyadamuu waan dandeessuf yaada keenya sagaleetiin hinkeniinuu jedhan odeefkennitoonni tokkotokko. Didanii ture. Haata’u malee qorataan kun rakkoo umamee kana keessa bahuudhaaf jecha kayyoo qorannoo kanaa dhimma barnootaa qofa akka ta’eef xalayyaa deegarsaa Yuniversitiin barreesse itti argisiisuudhaan odeefkennitootaan akka isaan hubannoo argatan ta’ee jira.isaanis xalayyaa deegarsaa erga arganii booda dhimmicha hubatanii jiru.erga hubatanii boodas soda tokko maleeyaada isaanii akkakennaan ta’ee jira.kanaaf rakkoolee xixiqqoo qorannoon kun wayita gaggeefamu qoraticha mudachaa kan turan yoota’ellee karaa salphaafi wal hubbachuu danda’uun qoratichi dhimma barbadeef kayyoo isaa galmaan gahaateera.

## 1.7 Ibsa Halaafi Naannoo Qorannichaa

Akkuma daangaa qorannoo jalatti ibsamuuf yaallame qorannoon kun Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Toleerratti fuulleffachuun kan gaggeeffame yoo ta'u, odeeffannoon bakka qorannoo kanaa ibsu bifa armaan gadiin ibsamee jira

**Latiinsa Sooddoo**

Tuulama

Daaccii

Sooddoo

Odituu

1. Siibaa
2. Abbaadhoo
3. Idooroo
4. Soolee
5. Maallima

Tum'e

1. Guusaa
2. Hiddoo

1. Amuumaa
2. Akaako
3. Quxusuu

Liiban

1. Boodhaa
2. Harmuuffaa

1. Harmuuffaa
2. Bilii
3. Kura
4. Baantuu
5. Dayyuu
6. waanbarii
7. Corree
8. Koyye
9. Hambayyii

(Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa,2006:119)

Qorataan qorannoo kanaaf Aana Tolee kan filateef waantoota armaan gadii jiddu galeefachun. Isaanis: Aanaan kun gandoota 26 qabdu keessaa gandoota 19 keessaa Oromoo sooddotu jiraata. Gandoota 7 keessaa immoo Ilmaan Tuulamaa kan ta'e ijoolee jahan Bachootu jiraatu. Kanaaf qorrannichi Oromoo Sooddoo giddugaleeffata. Gama biraatin immoo, Aanaan Tolee Saba Guraagetti dhiyeenyaan waan argamtuuf uummanni kun aadaa sirna araaraa duraan ture osoo kan saba biraanwaliin hin makin qabatanii waan turaniif sirni kun akka dhaloota dhufutti darbu barbaadameeti. Kana malees, ummatichi, sirna araaraa cimaa qabaniin nageenya isaanii eegataa waan jiraniif aanaan kun filatame.

### 1.7.1.Akkaataa Moggaasa Maqaafi Daangaa Aanaa Tolee


Akka ragaan waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Toleerraa argame hubachiisutti, maqaan akka waliigalaatti hawaasni godina Shawaa Kibba Lixaa keessa jiraatu ittiin beekamu Maccaafi Tuulama. Jechi kunis maqaa ilmaan Naggaati. Naggaan immoo kan Gadaati, Gadaan kan Saamphalooti, Saamphaloon kan Gurraachati, Gurraachi kan Booranaati baaranni ilamaan lama kan qabu yoota'uu isaanis maccaafi Tuulama. Maatiin Obboleeyyan lamaanii kunniin waan goodina kana keessa jiraataa turaniif Maqaan kun kana giddu galeeffachuun kan mogga'eedha. Aanaan Tolee godiina Shawaa kibba lixaa keeessatti kanargamtu taatee maqaa kana kan argattes maqaa bakka gabaa Tolee jedhamuurraa yoo ta'u, hiikni isaa immoo wanti hunduu mijataadha jechuudha. Bakki gabaa kuniis giddu galeessaa Aanaa Toleefi Aanaa Sadan Sooddootti argama.

Hawaasa Aanaa Tolee keessaa gosa ilmaan Tuulamaa kan jiraatan yoo ta'uu isaan keessayyis Ilmaan Sooddoofi Bachootu jiraatu. Ilmaan Sooddoo kanneen jedhaman sadi yommuu ta'an,isaanis:- Odituu, Tum'eefi Liibaan Yoo ta'an, Bachoon immoo ilmaan jaha qaba. Isaaniis: Meettaa, Iluu, keekkuu, Garasuu,Uruufi Waajituudha.

Ilmaan Sooddoo Sadan keessaa Odituun hangafa kan ta'eefi ijoollee shan kan qabu yoo ta'u, Isaaniis:-Siibaa,Abbaadhoo, Soolee, Idooroofi Maallimadha. Ilmaan Sooddoo keessaa Tum'een immoo ijoollee lama kan qabuufi isaaniis:- Guusaafi Hiddodha. Liiban immoo ijoollee lama yoo qabaatu, isaaniis Boodhafi Harmuufoodha.

Akkaataa ragaa argamerraa hubachuun danda'ametti,Aanaan Tolee Aanaalee 11 Godinni shawaa Kibba Lixaa qabdu keessaa ishee tokko.Magaalaa guddoon aanichaas "Baantuu" jedhamtee yoo waamamtu, mogaasni maqaa "Baantuu" jedhuus maqaa ilma Harmuufoo yeroo durii iddoo amma magaalattiin itti babal'atte keessa jiraachaa turerraa kan kennameefidha. Aanaan Tolee magaalaa guddoo Biyyattii, Finfinnee irraa gara kibba lixaatti fageenya km 83Magaalaa Godinaa Walisoo irraa gara Bahaatti fageenya km 76 irratti argamti. Aanaa kana keessa gandoota baadiyyaa 23fi magaala 2 waliigala gandoota 25tu jiru.

Argamni Aanaa Tolee :-Kaabaan –Aanaa Bachoofi Aanaa Ilu,Bahaan–Aanaa Sabbataa Hawaasiifi Aanaa Qarsaa Maallimaa,Lixaan –Aanaa Bachoofi Aanaa Sadan Sooddoo, Kibbaan-Aanaa Qarsaa Maallimaadaangeeffamtee argamti.(Garramaa Fayyisaa, Amajjii 18,2011)




Fakkii 1: Kaartaa Aanaa Tolee(maddi waajjiira Aadaafi Turizimii aanaa Tole)

Haalli qilleensa Aanaa Tolee baddaa,badda dareefi gammoojjii yoo ta’u,tartiibaan dhibbeentaan 27.5%,41.17%,31.78% kan bakka bu’uudha. Haalli Hoo’ina aanichaa giddu galeessan $16c^0$-$20c^0$ dha. Rooba gannaa immoo giddu galeessan 800mm-1200mm argatti.

Baay’inni uummata Aanaa Tolee saalan dhiira 43, 310,dubartii 39,298 waliigala namoota 82,608 dha. Baay’inni uummata baadiyyaa 70,241kan magaalaa 12,367.

Akkaataa aawwannaa taasifameen biqiloota garaagaraa kanneen haala qilleensa aanichaan walba ran hedduun uumamaanis ta’ee namaan kan dhaabbatan nijiru. Biqiloota uumamaan argaman kan yeroo durii irraa eegalee umrii dheeraa qaban bal’inaan kan mul’atan iddoowwan Amantaa, Ardoota Jilaa (Abdaarii, Burqaafi kan biraa )fi naannawaa mana jireenyaa, akkasumas, lagaafi hallayyaa namni bali’naan gahuu hindandeenye keessatti nimul’atu.Iddoo kaanitti garuu mukti uumamaa kun baay’ee haphatee argama.

Akka fakkeenyatti mukeen uumamaan AanaaTolee keessatti argaman keessaa Waddeessa, Bakka niisaafi Ejersi nimul’atu.Mukkeen umrii dheeraa qaban kanneen akka Odaa, Qilxuu, Garbii, Wad deessafi Harbuu immoo iddoowwan Ardoota Jilaa akkasumas Lagaafi Hallayyaa keessatti bal’inaan niargamu.Lafa Baadiyyaa Aanichaa keessatti immoo walirraa yaa fagaatuu malee ,keessattuu lafa qonnaa baddadaree keessatti Laaftoon baay’inaan faffaca’ee argama.

Mukkeen namaan dhaabbatanii aanicha keessatti mul'atan keessaa bal'inaan kan mul'atu Baarga moodha. Baargamoon kunis adiifi diimaa jedhamee waammama. Bargamoo adiin lafa baddaatti yoo argamu, diiman immoo lafaBadda
dareefi gammoojjitti argama.Darbee darbee bargamoo diiman lafa baddaattis nimul'ata.

Akaakuun biyyoo aanicha uwwisee jiruu gurraachi 71%, diimaa 21%fi biyyoon Cirrachaa 8%dha. Haalli teessuma lafa Aanaa Tolee hurufa73%,bu'aa ba'ii 11%, gaarafi tabba 16%'n haguuggamee kan argamuudha.Aanaan Tolee galaana irraa olka'iinsa 1,500-2,760m irratti argamti.

Hawaasni Aanaa Tolee hawaasa yeroo gaddaas ta'ee gammachuu bifa gamtaan waldeeggaree kan jiraatudha. Kallattiiwwan hawaasichi ittiin waldeeggaru keessaa hojii garagaraarratti daboo walii bahuun baay'ee beekamaadha. Kanarraa ka'uun hawaasichi hawaasa tokkoomee jiraatu ta'uun nihubatama. Aanaa qorannoon kun irratti gaggeeffame keessa hordoftoota amantaa garagaraatu jiraata. Isaanis Amantaa Waaqefannaa, Ortodoksii, Pirooteestaantiifi kanneen biroo ni jiru. Hawaasichi amantaa garaagaraa haa qabaatanii malee, hariiroo obbolummaa uumuun haala gaariifi amala waliin jiraachaa kan jiraniidha.
Aanaa Tolee keessatti sirnoota garaa garaatu gaggeeffama. Sirnoota kanneen keessaa muraasni isaanii sirana fuudhddfi heerumaa, sirna araaraa, sirna gadaa, Sirana booyichaa fa'i( Damaamuu W/Mikaa'eel 23/6/2011).
Oromoon Sooddoo sirna araaraatiif iddoo guddaa qaba. Sirna araaraa kan gaggeewwamu akkaataa dhibdee yookana rakkoo mul'ate sanarraatti hundaa'uun garaagarummaa qaba. Sirna araaraa kan gaggeeffamu yoo lubbuun namaa nama harkatti bade; miidhaa qaamaa dhaqqabe, walitti bu'iinsa namoota jidduutti uumamu hanga wallti bu'iinsa maatii jiddu galeeffata. Sirnoonni kunniiin akkaataa raawwii isaaniirratti garaagarumaa niqabu. Aanaa Tolee keessattii kabajin hawaasni manguddootaaf qabu iddoo olaanaa qaba. Manguddoonnii nageenya hawaasaa eegsisuun hawaasni jaalalaan akkaa waliin jiraatan taasisu. Karaan hawaasni nageenya isaanii ittiin eegsifatan keessaa tokko sirna araarati( Damaamuu W/Mikaa'eel 23/6/2011).
Haata'u malee, qarannoo kana keessatti sirnoota araaraa garaagraa awaasicha keessatti gaggeefamu hunda hamachiisuun waan hindanda'amneefuu kan inni bu'uurefate walitti bu'iinsan namoota jidduu, maatii jidduu ta'ee sababa garaagaraan uumamerrattiidha.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Boqonnaan kun qabxiiwwan gurguddaa sadii qabatee dhiyaatera. Isaan kessaa kutaan inni jalqabaa, yaad-rimeen mata-duree qorannaachaa waliin walqabatee jiru, sakatta’amuun bakkatti dhiyaatedha. Dhumarrattis, sakatta’a barruulee walfakkiitu dhiyaate. Kana jechuunis, qorannoowwan garaagaraa Mammaaksa Oromoorratti namoota garaa garaan hojjetaman sakkatta’uun garaagarummaafi tokkummaa qorannoo kana waliin qaban ilaalameera.

### 2.1. Yaadrimee Fookloorii

Hiika fookloorii ilaalchisee, hiikni hayyoota dirree qorannoo fookloorii hunda amansiisuufi tokko taasisu hin argamne. Kanarraan kan ka’e qorattoonni dirree qorannoo fookloorii hiika fookloorii kennuu caalaa wantota fooklooriin of keessatti hammatu tarreessurratti xiyyeeffatu (Dundes, 1965; Dorson 1972). Haata’u malee,Dameen qorannoo kun maqaa,fookloorii’jedhu kana osoo hin’argatiin, maqaa biraatiin beekamaa tureera. Kana ilaalchisuun, Dorson (1972:1) yoo ibsu, “Folklore emerged as a new field of learning in the nineteenth century when antiquaries in England and philologists in Germany began to look closely at the ways of lower classes….The word folklore’’phrase theneeforth adopted in place of cumbersome phrase popular antiquities,” jedha.

Akka yaada kanaatti, beekumsa hawaasaa akka damee barnoota tokkootti qorachuun kan jalqabame Jaarraa 19ffaa keessaa biyyoota Ingilizii keessatti namoota hambaa meeshaalee durii qorataniifi Jarman keessatti ammoo qorannoo guddina afaanii warra gaggeessaniinidha. Akkasumas, beekumsi kun mooggaasa fookloorii jedhu osoo hin argatiin dura hambaawwaan aadaa dinqisiifamoo ta’aniin yookaan ijaarsota bebbeekamoo durii jedhamuun akka beekamantu hubatama. Kun ammoo, dirreen qorannoo kun maqaa kana kan argate yeroo dhiyoo keessa ta’uusaa agarsiisa. Maqaa kana kalaquun namni si’a jalqabaaf itti fayyadame waggoota (165) fuuldura, bara (1846) nama biyya Ingilizii kan ta’e “William John Toms” nama jedhamu ture (Dorson, 1972; Misgaanuu, 2011). Innis jechoota lama,folk” kan jedhuufi lore” kan jedhu walitti suphuun Afaan Ingiliziin “foklore‟ jechuun moggaase.

Kana ilaalchisuun, Dundes (1965: 20) yoo ibsu, folk‟ jedhu garee namootaa yoo xiqqaate dhimma tokkorratti wanta waliin qooddatan kan qabaniidha. Wanti waliin qoddatan kunis, kanneen akka: sirnaa, safuu, aadaa, barsiifata,duudhaa, hojii, umurii, saalaafi warren kana

fakkataan fa’a. Jecha, lore‟ jechuun ammoo, beekumsaafi muuxannoo namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti waliif qoodanidha.Akkasumas, fooklooriin beekumsa hawaasaa ta’uusaa, Dorson (1972:17) yoo ibsu, “Folklore has an echo of the past, but at the same time it is also the various voice of the present. Foklore has been, and continues to be, a reflection and weapon of the class conflict,” jechuun ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti, fooklooriin mul’istuu wanta darbeeti. Kanaafuu, fooklooriin dhalootarraa dhalootatti darbaa kan tureefi ammas darbaa kan jiru; fuuldurattis kan itti fufuufi akka meeshaa lolaafi daawwiitii uummmataatti hawaasa tajaajiludha.

Karaa biraatiin, Fekade (1991), fooklooriin qabiyyeewwan garaa garaa kanneen akka: raagoo, afseenaa, durdurii, taphootaa, dubbiiwwan, fakkeenyan dubbataman, eebba, abaarsa, arrabsoo, nagaa walgaafachuu, huccuu aadaa, ragada, beekumsa, amantii, riqicha aadaa, muuziqaa, meeshaalee aadaa, sirbaa, maqaawwaan barreeffamoota awwaalarratti barreeffamanii, tapha saddeeqaa, kadhannaawwan, haasa’aa sochiirratti hunda’e, sanyii lakkaa’uu, gosoota nyaataa, ayyaanota waggaa kanneen akka: Qillee, Arafaa, Cuuphaa, Sooma Hiikkaa, Dhaloota Goftaa Iyyeesuus, Dhaloota Nabiyyuu Mohammad, Cidhawwan, Guyyaa Boqonnaa, Guyyaa Injifannoo kanneen jedhamaniifi warren kana fakkatan of keessaatti akka qabutu ibseera.

Walumaagalatti, yaadrimee fookloorii jedhurratti yaadni beektonni kunneen kaa’an yoo ilaallu, hayyoonni yaadrimee fookloorii kana ija garaa garaan ilaanii hiika garaagaraa akka itti kennaniif sababa kan ta’e, dirreen qorannoo kun yaadrimee bal’aa of keessaa qabaachuusaati. Sababa kanaaf, akkaataa ilaalchaafi hubannoo isaaniitiin yaadrimee tokko bifa adda addaatiin ibsaniiru. Kanaafuu, jechi fookloorii jedhamu kun akka beektonni hedduun ibsanitti, jiruufi jireenya hawaasaa keessatti waan, aadaa, safuu, falaasama, duudhaa, amantaa, barsiifata, afseenaa, raagoo, durdurii, taphootaa, dubbiiwwaan adda addaafi warren kana fakkataan of keessatti nihammata.

## 2.2. Faayidaa Fookloorii

Karaabiraatiin, miidhaginni fookloorii keessa jiru akka riqichaatti hawaasa walitti fiduuf nigargaara. Kana ilalchisuuun, Brunvand (1979: 426) yoo ibsu, “Folklore is a sphere of interaction, needs and desires, and artistic expression with its own structures and aesthetics,” jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti, fooklooriin barbaachaafi fedhii guddaa hawaasni qabu;

akkasumas, ogummaa artii hawaasaafi caasaa artii hawaasaa, miidhagina isaa waliin akka geengootti kan walquunnamsiisu ta'uu isaa hubanna. Karaa biraatiin, fooklooriin madda ragaati. Kanaafuu, qorannoon seenaa, aadaa, duudhaafi haala uummata tokkoo keessatti bifa madda ragaatiin waan dhihaatuuf uummata madda ragaa barreeffamaa hinqabneef madda qorannoo seenaa, aadaa, duudhaafi amantaa ta'uun nitajaajila. Kana malees, uummata madda seenaa qabu biratti akka meeshaa sirna siyaasaa, artii, barnootaa, dinagdeefi hawaasummaatti nitajaajila. Gita qabsoo keessattis, gahee olaanaa qaba (Dorson, 1972, Misgaanuu, 2011).

Akkasumas, Bascom (1965) faayidaa fooklooriin hawaasa tokkoof qabu kanneen akka: barsiisuuf, cimsuuf ykn eenyummaa agarsiisuuf, to'achuuf ykn ittisuufi miliquuf hawaasa dhimma itti bahu tokko nigargaara jechuun faayidaa fookloorii iddoo gurguddaa afuritti qoodee kaa'eera. Kana malees, fooklooriin dhaloota darbeefi kan ammaa richaa ta'uun walquunnamsiisa. Kanis, hambaalee bara durii turaniifi amma jiran, walitti fiduun dhalaata ammaaf nidhiyeessa; kan boriif ammoo ol kaa'a (Misgaanuu, 2011).

Kanaafuu,fooklooriin hawaasni tokko eenyummaa isaanii akka ijaarrataniif ibsa tangochuun miseensonni hawaasichaa hidhanniisaanwalii waliisaanii duukaa qaban ijaarsa guutuu ta'een akka bu'uureffamu gochuu keessatti gahee olaanaa qaba.

### 2.3. Gooroowwan Fookloorii

Karaabiraatiin,hayyoonni garaa garaa fookloorii goorowwaan garaagaraatti qooduun kaa'aniiru, Hayyoota kanneen keessaa, Dorson (1972) gooroowwaan fookloorii bakka gurguddaa afuritti qooduun kaa'eera. Goroowwan kunneenis,afoola, wantoota aadaa, duudhaa hawaasaafi artii hawaasaati. Gorowwaan kanneen keessa xiyyeeffannoon qorannoo kanaa afoolaan waan walqabatuuf, waa'ee afoolaa akka armaan gadiitti haa ilaallu.

#### 2.3.1. Afoola

Afoolli gooroowwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, waan gareen hawaasaa tokko waliin qooddatan kanneen akka: aadaa, amantaa, siyaasa, dinagdee, guddina, qaroomina afaanii, safuu, duudhaafi warren kana fakkataan of keessatti hammaata. Yaada kanaan walqabsiisee, Berhanu (2009: 13) yoo ibsu, "As its name suggests the term oral literature refers to verbal art or traditional cultures usually composed oral and tranismited from generation to generation by

word of mouth," jedha.  Akka yaada kanaatti, afoolli aadaafi duudhaa hawaasaa kan of keessatti hammatu ta'ee, himiinsa afaaniin dhaloota irraa gara dhalootaatti kan darbu akka ta'e nuhubachiisa.Akkasumas, Fedhasaan (2013:33) maalummaa afoolaa ilaalchisee,

Afoolli kalaqasammuukeessatti qophaa'uunafaaniin hima-muudha.Kana keessatti haalli lufinsasaas himinsa afaaniin malee, barreeffamaan miti. Wanti afaaniin lufaa dhufe kun baattuu seenaa eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasaa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatanii asga'an, jechuun ibsa.  Yaada kana irraaswaan hubatamu afoolli afaaniin dhalootarra dhaloota kan darbu ta'ee dhimmoota garaagaraa of keessatti hammachuusaati. haaluma kana fakkaatuun, Addunyaan (2014: 166),

Afoolli ogummaa labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama beekumsa natoofi baranee ittiin hubatu jechuunis nidanda'ama. Kana malees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhate miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaqsu, miira kakaasee kan sissi'eessu, hojii uumee ta'uun isaas ifa. Kanaafuu, aadaa, seenaa sadarkaa guddinni hawaasichaa irra jiruufi irra ture mul'isuuf, jechootaafi ibsitoota dhaga'uufi dubbachuuf tolaniin kununsee dhiyeessa. jechuun ibseera.  Akkasumas, afoolli abbummaan osoo hinta'iin uummatummaan beekama. Namni mirga abbummaa falmatu hinjiru.  Kanaafuu, afoolli muuxannoo jiruufi jireenya dhala namaa keessaa kan burqe waan ta'eef, ragaa qabatamaa uummata tokkooti  (Nagarii, 1993). Haata'u malee, jechi afoola jedhu kun bara dheeraaf maqaa ykn moggaasa garaa garaan waamamaa tureera (Asafaa, 2009). Keessumattuu moggaasa,afoolaanwalqabsiisnee, garaAfaanOromoottideebineeyooilaalle, jechootagaraagaraakanakka: ogafaan, himaafaan, afoola, himamsaafi warren kana fakkaatan fa'aa ni'argamu. Kun ammoo, waltina afaaniifis ta'e, yaadrimee bakka bu'e sana guutummaa guututti agarsiisuu dhabuu nidanda'a. Kana qofa osoo hin taane, qorattoonni tokko tokko jecha ,afoola jedhuun yaadrimee,fookloorii jedhu yoo bakka buusan, gariin isaanii ammoo, jecha ,afoola  jedhuuf yaadrimee isaa afaan ingiliziin, "Oral literature" jedhu bakka buusuun itti gargaaramaniiru. Yaadrimee,afoola jedhuuf isa Afaan Ingiliziin folklore‟ jedhu kan bakka buusan keessaa, (Asafaa, 2009; Misgaanuu, 2011) argachuu nidandeenya. Akka beektonni kun jedhanitti jechi Afaan Oromoo keessatti afoola‟ jedhamuun dhimma itti bahamu yaadrimeen isaa Afaan Ingiliziin folklore" jedhu waliin waan walgituuf qorannoo Afaan Oromoo keessatti jechi kun bakkasaa bu'ee nutajaajiluu nidanda'a ilaalcha

jedhu qabu. Kanaafuu, yaadrimee Afaan Ingiliziin folklore‟ jedhuuf Afaan Oromoo keessatti afoola‟ yoo bakka buusan, isa Afaan Ingiliziin Oral literature‟ jedhuuf ammoo, ogafaan jecha jedhu bakka buusuun itti gargaaramaniiru.

Haata'u malee, Fedhasaan (2013) yaada kana mormuudhaan, afoolli yaadrimee fookloorii‟ jedhuun walgituu akka hindandeenye ibseera. Sababni inni dhiyeesses, afoolli qaama fookloorii keessa tokko ta'uun kanneen afaaniin dhaloota dhalootatti lufu yoo ta'u; fooklooriin garuu, kanaan olitti: duudhaa hawaasaa, artii hawaasaafi meeshaalee aadaa akka dabalatu kaa'eera. Kanaafuu, Afaan Ingiliziin Oral literature isa jedhamuun afoola,folklore isa jedhamuun ammoo, jechoota Afaan Oromoo keessa jechi yaadrimee kana bakka bu'u waan hinjirreef, ergisaan "fookloorii" isa jedhu fudhachuun gaarii akka ta'e kaa'eera. Egaan yeroo waa'ee afoolaa ibsinuufi barreessinu bifa walfakkaatuun moggaasne itti gargaaramuu dhiisuuniifi yaadrimee walfakkaatu bakka buusuu dhiisuun waltina afaanichaarrattis, ta'e namoota fooklooriifi afoola hawaasa Oromoorratti qorannoo gaggeessaniif mata dhukkubbii waan ta'uuf, anis yaada Fedhasaa (2013) deeggaruudhaan qorattoonni osoo yaadrimee isa afaan Ingiliziin "oral literature,‟ jedhuuf, Afaan Oromoo keessatti haala walfakkaatuun osoo afoola kan jedhutti gargaaraman gaariidha.

#### 2.3.1.1.Faayidaa Afoolaa

Afoolli guddina, dandeettii sammuu, hojiifi kaka'umsa namaa cimsuun, miseensa hawaasaa keessatti jaalatamaa nama taasisuufi jireenya mijaawaa akka jiraatan nama gochuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Kana ilaalchisuun, Andzejekwski (1985: 38) yoo ibsu, "Oral literature perform a wide variety of social functions," jedha. Akka yaada kanaatti, afoolli tajaajila hawaasummaa adda addaa bal'aa kan kennudha. Haaluma kanaan, Alamaayyoofi kanneen biroon (2006: xxiii), Harmer (1980) wabeeffachuudhaan, "Oral literature is necessary to resort to the oral traditions and genealogies…in order to reconstruct the broad out lines of their origins and early existence, ibsaniiru..

Barruun kun ammoo, qorannoo seenaa keessatti gaheen afoolli qabu ol'aanaa ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, seenaa uummataa bifa barreeffamaan hinjirre tokkoo duubaatti deebi'anii ijaaruuf maddaafi jireenya isaanii mirkaneeffachuuf afoolliifi hiddi latinsaa bakka guddaa of keessaa qabachuu isaa mul'isa. Dabalataanis, Addunyaan (2014: 170) faayidaa afoolaa yoo ibsu, "Afoolli

tajaajila hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni haala yeroo ibsuufi ta’insoota kuusuu, hir’inaafi cimina jiru qeequu, honnachiisuu, barsiisuufi miliqsuudha, jechuun lafa kaa’eera. Gama biraatiin, Alamaayyoofi kanneen biroon (20002: xxiv) Janvansina (1995) wabeeffachuudhaan yoo ibsan:

Oral traditions had apart to play in the reconstruction of the past. The importance of these part varieties according to place and time. It is apart similar to that played by written sources because both are messages from the past to the present, and messages are key elements in historical reconstruction. When writing fail tradition comes on stage. This iswrong where ever oral traditions are extent they remain an indispensable source for reconstraction. They correct other perspectives just as much as other perspectives  correct it, jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu, ragaaleen afoolaan argaman akkuma ragaalee barreeffaa ergaa akka dabarsan, ijaarsa seenaa darbee keessatti seenaa barreeffamaan jiru waliin akka ragaaleetti yoo xiinxalaman gahee walqixa ta’e akka qabaniifi seenaa doggoggoraan barreeffame sirreessuu akka gahee guddaa qabaniidha. Kana malees, Bekunya (1994), Fekade (1991)fi (Misgaanuun (2011) akka ibsanitti, faayidaa afoolaa bakka adda addaatti qoodanii kaa’uun  nidanda’ama. Isaanis: ibsuuf, cimsuuf, dhaabuuf, miliquuf, barsiisuuf, siyaasaaf, mormiif, bashannansiisuufi to’achuuf dhaloota darbeefi kan ammaa walquunnamsiisuuf, gita qabsoo keessatti, waldhabbii hiikuuf, beekumsa dhokataafi  mul’ataa  nuuf gumaachuuf, tokkummaa hawaasaa cimsuufi kuufama ogbarruu uummata tokkoo ifa baasuuf gargaaruu isaati.

### 2.3.1.2. Gosoota Afoolaa

Afoolli bal’ina  gosoota adda addaa of jalatti hammata.  Kanarraa  kan ka’e takkaattuu qoratanii waliin ga’uun nama dhiba. Kanaafuu, namni afoola qorachuuu barbaade tokko dameewwan kanneen sirriitti hubachuun daangeffatee hinka’u taanaan, akka nama marfata galaanaatti haxxissoo bu’ee karaa ba’umsaa dhabee ta’a. Kanaafuu, waa’ee afoolaa qorachuun hunda dura gosoota afoolaa beekuun murteessaadha (Fedhasaa, 2013). Kunis, afoola hawaasa qorataanii bira gahuudhaaf gosa gosaan kaa’uun barbaachisaa ta’uusaa agarsiisa. Kanaan walqabsiisee, Okpewho (1992) gosoota afoolaa Afrikaa bifa isaan qabanirratti “hundaan bakka gurguddaa sadiitti qooduun kaa’eera. Isaanis: raagoowwan, afwalaloofi unkawwan gaggabaaboodha

**2.3.1.2. 1. Raagoowwan**

Raagoowwan falaasama, ilaalchaafi aadaa saba tokkoo ittiin calaqqisiisuufi ilaaluuf kan gargaaraniidha. Kanaafuu, walitti dhufeenya waaqaafi namaa, uumaafi uumamaa, namaafi naannoo isaa niseenessu. Kana ilaalchisuun, Bascom (1965), (Sahilu, 1996)fi (Abraham, 2000) akka kaa'anitti gosoonni raagowwanii bakka sadiitti qoodamu. Isaanis: raagamtaa, afseenaafi durduriidha.

**Raagamtaa**: raagamtaa jechuun Afaan Girikiitiin,"Methos" jechuudha. Innis, seenaa dhugeeffannaa amantaa of jalatti hammata. Kanaafuu, raagamtaan waa'ee amantaa waliin walitti hidhata. Gosoonni ragamtaa kunis, bakka sadiitti qoodamu. Isaan keessaa Ragamtaan Uumamaa, waaqni dur wantota har'a addunyaa kanarratti mul'atan akka uume seenessu. Seeneffama raagamtaa gosa kanaa keessatti falasamoonni gaaffilee dhala namaa deebisan hedduutu jira. Raagamtaa Ergamtootaa keessatti ammoo,gochaa ergamoota waaqaa kanneen adeemsa jireenyaa keessatti gootummaa agarsiisan, gocha boonsaa raawwatan kanneen of keessatti hammata. Haala kanaan, raagamtaa ergamtootaa keessatti waa'aee gocha ajaa'ibsiisaa ergamoonni waaqaa ilmaan namaaf raawwatantu seeneffama. Akkasumas, Raagamtaa Goobangaleessaa ammoo, waa'ee namoota jaalala saba isaaniitiif jedhanii wareegamanii addeessa. Gooban galeessi kunneen namarraa adda ta'anii dhalachuu nidanda'u. Barri isaan keessatti dhalatanis, yeroo hawaasni rakkoo adda addaa keessatti kufee jiru ta'uu nidanda'a. Goonni akkasii yeroo dhalatu ammoo rakkootu saba sanaatiif hiikama (Fedhasaa, 2013).

**Afseena**: afseenni damee ykn firii raagoo keessaa isa lammataati. Waa'ee namoota hawaasa keessatti sadarkaa olaanaarra jiranii ykn namoota aangoo qabanii kan ilaallatudha. Fakkeenyaaf, Abbaa Gadaa, Abbaa Duulaa, Abbaa Bokkuufi wkf ta'uu nidanda'a. Irra jireessaan haala bulchinsaa waliin walitti hidhannaa qaba. Kanaafuu, waa'een aangoofi waa'een namoota aangoorra jiranii yeroo raagaman afseena jenna. Kaayyoon isaas, gaaffiiwwan yaaddessaa ta'an deebisuudha. Seenaa sana keessatti, gochi raawwatame akkamitti akka raawwatameefi maaliif gaaffii jedhaniif deebii kenna.

Wanti afseena durduriirraa adda isa taasisu, wanta raawwateefi eessatti akka raawwate walduukaa kaa'uu isaati. Innis seenaa dur darberratti hundaa'uudhaan akkaataa namoonni dur haala rakkisaafi dhiphisaa ta'an keessa kutanii darban hubachiisa. Walumaagalatti, wanti

afseenni himamuuf sababni inni guddaan bashannaansiisuu caalaa barnoota waliif dabarsuudha (Misgaanuu, 2011).

### 2.3.1.2.2. Durdurii

Durduriin waa'ee dhala namaa waliin walqabata. Fakkaattonni isaa ammoo, waliif faallaa ta'u. Durduriin qabiyyeen isaa waan tokko irratti xiyyeeffata. Waldhabbiin keessatti calaqqisus ammanatti jabaataa miti. Qabiyyeen isaas baay'ee hinbal'atu. Fakkaattonni kunis, horii, beellada, nama, lubbu qabeessa ykn lubbu dhabeessa ta'uu danda'a. Akkasumas, qooddattoonni keessatti hirmaatan yeroo baay'ee amala faallaa ta'e qabaachuun beekamu. Kana jechuunis, jiidhaan yoo jiraate gogaan duubaa hindhibu jechuudha (Fedhasaa, 2013). Karaa biraatiin, Misgaanuun (2011) durdurii bakka gurguddaa afuritti qooduun ibseera. Isaanis: durdurii seenessaa, durdurii gootummaa, durdurii ibsaafi durdurii bineensotaati.

Gosoota durdurii kanneen yoo ilaalle,durduriin Seenessaa, waa'ee gochaafi namoota beekamoo ta'aniifi seenichiifi gochichis kan keessatti dubbatamudha. Seenichi waa'ee mootii biyyaa, waa'ee gootummaa dirree waraanaafi warren kana fakkaatan ta'uu nidanda'a.Durdurii Gootummaaammoo, gootummaa of keessaa qaba. Namni durdurii kana himu sababii gootummaa durta'ee darbe himuuf namni gaaffii raga irratti hundaa'e isa gaafatu hinjiru. Yoo gafatamellee wanti hundinuu dur hafe jechuun amansiisuuf yaala. Innis, gochaalee dur darban irraa muuxannoowwan akka: tooftaa, cimina, gootummaafi waraanaafi warren kana fakkaatan akka argannuuf nugargaara.Akkasumas, durdurii ibsaa, ka'umsa aadaa, amantii, haala jireenya uummata tokkoofi waraanaafi warren kana fakkaatan ilaalchisee gaaffilee ka'aniif ibsa kennuuf kan gargaaru yoo ta'u,durduriin bineensotaa ammoo, hawaasni gaddaafi gammachuu, jaalalaafi jibba, shakkiifi amantaa, gaarummaafi hammeenyaafi waraanaafi warren kana fakkaatan ilaalchisee fuulleetti waan dubbachuu hinbarbaanne bineensotatti qabachuun kan dubbatuudha. Oduun durii kun irra caalaa haamilee namaa kakaasuufi bashannansiisuuf tajaajila. Dimshaashumatti,hawaasni tokkoo durdurii isaatti gargaaramuun tokkummaa, jaalala, cimina, waliif yaaduu, injifachuu, milkaa'ina, mirgaan galuu, amanamummaa, waadaa eeguu, bilchina, abshaalummaa, waltumsuufi walumaagalatti. faayidaa kaayyoo walfakkaatuuf akka dhabachuu qaban hawaasa barsiisa (Misgaanuu, 2011).

### 2.3.1.2.3. Afwalaloo

Afwalaloon damee afoolaa keeessa tokko yoo ta'u, jiruufi jireenya ilma namaa keessatti namoota cimsuurratti afoolota warren kaan caalaa filatamaadha. Fakkeenyaaf, yeroo daboon/jigiin/ waliin hojjetu haamilee walii kennuu, yaada diinaa ofirraa cabsuufi gita qabsoo keessatti gahee olaanaa qaba. Oromoonis, afwalaloowwaandhimmagaraagaraaittiinibsachuufittigargaaramuhedduu of keessaa qaba. Kanaan walqabsiisee, Misgaanuun (2011: 44) yoo ibsu, Gosoota afoola Oromoo keessaa kan afwalalummaa of keessaa qaban: geerarsa, hibboo, mammaaksa, weedduuwwan jaalalaa, weedduu daboo, kan cidhaa, weedduu asmaarii, weedduuwwan mararoo, kan ateeteefi waraanaafi warren kana fakkaatanmaqaa dha'amuu danda'u, jedha. Akkasumas, faayidaa afwalaloon walqabsiisee Misgaanuun (2011' 45), Zelalem (2003) wabeeffachuudhaan yoo ibsu, Oromo oral poetry is one of those modes of expressions, that helps to externalize human feelings and imaginations, about love, dream, hope thoughts, aspirations, and ideas about gods, about nature, about beauty and other many things" jechuun lafa kaa'eera. Akka yaada kanaattis, afwalaloon Oromoo meeshaa guddaa yaada ilma namaa keessaa jiru ittiin bakkeetti baafatan ta'ee, waan yaadan, waa'ee jaalalaafi jibbaa, abjuufi abdii fuula duraa, uumaafi uumamaa, bareedinaafi fokkinaa, dhimma roorroo, dhiphuufi wkf ittiin ibsachuuf kan gargaarudha.

Gama biraatiin, afwalaloongosootagaraagaraa of keessattihammachuunidanda'a. Kana ilaalchisuun, Finnegan (1970) afwalalooAfriikaagosootagaraagaraakanneenakka: afwalaloowallisaarrattihundaa'u, afwalaloonama tokko leellisu, afwalaloo gaddaa (sirna boo'ichaa), afwalaloo amantii, afwalaloo barbaachisummaa garaa garaaf (adamoo, waraanaafi hojii), afwalaloo sirbaa (geerarsaa), faaruu namoota aangoofi hirmaannaa siyaasaa olaanaa qabaniifi faaruufi tapha ijoollee jechuun qoqqooddee ibsitee jirti. Haaluma kanaan qorattoonni baay'een, afwalaloo Oromoo qorachuun bakka garaa garaatti qoqqooduuf yaalaniiru. Isaan keessaa muraasni haala armaan gadiin ka'aniiru. Isaanis:

- Afwalaloowwan Oromoo: afwalaloo jaalalaa, faaruu gootummaa, afwalaloo seenaa, faaruu tiskee, faaruu ayyaaneffannaa amantii, afwalaloo qeeqaa, faruu nama beekamaafi afwalaloo dhimma hawaasadha (Sumner,1996).
- Afwalaloowwan Oromoo: Afwalaloo dinqisiifannaa (galateeffannaa)fi afwalaloo nama tokko leellisu, afwalaloo gaddaa, afwalaloo hurursa daa'immanii, faaruu tiksee, afwalaloo mammaaksaafi afwalaloo barbaachisummaa addaafidha (Zelalem, 2003).

- Afwalaloowwaan Oromoo: afwalaloo jaalalaa, afwalaloo amantaa (afuuraa), faaruuwwan waktiilee ibsan, afwalaloo barbaachisummaa addaa (siyaasaafi faaruu asmaarii, (Tesema, 2004).
- Afwalaloowwan Oromoo: afwaloo jaalalaa, afwalaloo waraanaa (adamoo), afwalaloo seenaa, faaruu tiksee, ayyaana waaqeffannaa, afwalaloo qeeqaa, afwalaloo qabeenyaa, afwalaloo haalaafi walaloo gaggabaaboo Oromoodha (Teferi, 2006).

Yaada hayyoota kanaarra wanti hubatamu, hawaasni kamiyyuu, afwalaloowwan matasaa kan qabatu yoo ta'u, hawaasni Oromoos akkuma hawaasa kanneen birootti afwalaloowwan dhimma garaa garaaf itti gargaaraman qabachuu isaaniiti. Akka argannoo qorattoota kanaattis, qoqqooddiin isaan kaa'an baay'een isaa kan walfakkaatu yoo ta'u, bakka muraasattigaruu, garaagarummaaniqabaata.Kanamaleesafwalaloonamalootagaraagaraaniqabu.

### 2.3.1.2.4. Unkawwaan Gaggabaaboo

Qoqqooddiin kun bifa (unka) irratti kan hundaa'e yeroo ta'u, isaan kana keessatti adda durummaan kan ka'an kanneen akka: mammaaksaa, hibboofi waraanaafi warren kana fakkaatan of keessatti hammata. Yaadrimee unka gabaabaa' jedhu kana yaadrimee qareeyyii jedhu bakka buusuun, Fedhasaan (2013: 56)) yoo ibsu, Qareeyyiin gosa afoolaa bifa gabaabinaan qindaa'ee sammuu qaruuf fayyadudha. Yaadrimeen jechichaas, wantota bifaan gabaabbatanii sammuu namaa qaran of keessaa qaba. jechuun lafa kaa‵‵eera.

Akka yaada kanaatti, qareeyyiin bifaan gabaabbaatanii kan dhiyaatan yoo ta'an jijjiirama amalaa sammuu dhala namaarratti fiduudhaaf gaheen isaan qaban olaanaadha. Akkasumas, qalbii dhala namaa moo'achuufi suura waan tokko sammuu dhala namaa keessatti kaasuuf humni isaan qaban daran olaanaadha. Jechoota muraasaan ergaa bal'aa dabarsu. Gosoonni isaanis kanneen akka: mammaaksaa, hibboo, jechamaa, cigoofi arrabqareeyyiidha (Isuma, 2013). Unkawwaan gaggabaaboo kana keessas xiyyeeffannoon qorannoo kanaa mammaaksa Oromoorratti waan xiyyeeffatuuf waa'ee mamnaaksa akkataa itti aanuun haa'ilaallu.

### 2.3.1.3 Maalummaa Mammaaksaa

Mammaaksaaf hiika tokkofi tokko ta'e kennuun ulfaatadha. Kana ilaalchisuun, Finnegan(1970:383) yoo ibsitu "The exact definition of proverb is not easy matter. There

is,however, somegeneral agreement as to what conistitutes a proverb. It is a saying in more or less fixed form marked by shortnes‟, sense, and salt and distinguished by popular acceptance of the truth tersely expressed in it, jetti. Akka yaada kanaatti, hiika mammaaksa tokkoofi tokko kan ta'e, kana jedhanii kaa'uu ulfaataadha. Haata'u malee, dhimmi akka waliigalatti maalummaa mammaaksaa ibsuuf walii nama galchisiisu mammaaksi bifa, gabaabaa, hiika qabeessa, mi'aawaa akka ta'eefi hawaasa bal'aa biratti fudhama guddaa qabaachuusaanidha.

Akkumas, maalummaa mammaaksaatti hiika kennuun ulfaataa akka ta'e, Fiqaaduu (2007: 14) Taylor (1931) wabeeffachuudhaan yoo ibsu, "The definition of proverb is to difficult to repay the understanding …an incommunicable quality tells as this sentences is proverbial and the other is not," jedha. Akka yaada kanaaatti, maalummaa mammaaksaa hubachuun ykn ibsuun baay'ee ulfaataadha. Haata'umalee, beektonnigaraagaraajechamammaaksajedhu kana hiikuuf tattaaffiin isaan godhan kan bubbule ta'uyyuu, hanga yoonaatti hiikni namoota hunda walii galchuu danda'u hin argamne (Fiqaaduu, 2007). Garuu, mamaalummaa mammaaksaa ibsuun walqabatee wanti yaada beektotaa walfakkeessu yoo jiraate, mammaaksi gooreewwaan afoolaa keessaa tokko ta'ee, gooroowwan afoolaa warreen unka gaggabaaboo qaban jalatti ramadamuu isaati. Akkasumas, qabeenya uummataa umurii dheeraa qabuufi seenaa dhala namaa keessatti labata tokkorraa gara labata biraatti daddarbaa dhufaniin kan walitti qabamedha (Misgaanuu, 2011). Yaadni kun ammoo, umuriin dhala namaafi mammaaksaa hariiroo guddaa qabachuu isaanii agarsiisa

Karaa biraatiin, Fiqaaduun (2007: 17), Meider (1997) wabeeffachuudhaan waa'ee mammaaksaa yoo ibsu, "Proverb is a phrase, saying, sentence, statemants, or expression of the folk which contains above all wisdom, truth, morals, experience, lessons, and advice concerning life and which has been handed down from generation to generation," jechuun ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti, mammaaksa jechuun: gaalee, waan haasa'amu, himaan, himamsaan, ibsa afoolaan, ogummaa, dhugaa, muuxannoo, barnootaafi gorsa jireenya waliin walqabataniifi dhimmoota yaadatti qabatamanii dhalootaa dhalootatti darbaniidha.

Walumaagalatti, hiikahayoonnigaraagaraamammaaksaafkennanyooilaalle, amaloonnimammaaksaakanneen akka: himoota gaggabaabootiin dubbtamuu, abbentaan ittiin waamamuu hawaasa mammaaksichatti dhimma bahuu ta'uu, ergaa dhugaa (qabatamaa) kan of keessaa qabuufi namoonni hedduun dhugaadha jedhanii kan fudhatan akka ta'eefi aadaa,

duudhaa saba mammaaksichatti dhimma bahuu kan ibsu, gorsu, barsiisu, dhalootaa dhalootatti kan dabarsu, kan tajaajiluufi dubbii qolaa kan fayyadamudha.

Mammaaksi gosoota afoolaa uunka gaggabaaboon dhiyaatu keessaa tokko ta'ee ergaa cimina qabu kan dabarsuudha. Maalummaa mammaaksaa ilaalchisee Mieder (2004:4) akka ibsetti:

> *Proverbs [are] concise traditional statements of apparent truths with currency among the folk. More elaborately stated, proverbs are short, generally known sentences of the folk that contain wisdom, truths, morals, and traditional views in a metaphorical, fixed, and memorizable form and that are handed down from generation to generation.*

Akka yaada kanaatti mammaaksa jechuun hima duriin kan ijaarame ta'ee dhugaa amma mul'atu kan qabateedha. Mammaaksi duudhaa, dhugaa, safuu hawaasaa galmeessuun dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha.Mammaaksi akaakuu ogafaanii (oral literature) keessaa warra hundarra gabaabinaafi amala dhaabbataa ta'e qabaachuun beekaman keessatti ramadama. Akaakuu ogafaanii keessaa gosa hedduu jaalatamuudha. Kanarraa kan ka'e haasaan saba Oromoo mammaaksaan yoo deeggarame jaallatama. Nama dubbiisaa mammaaksaan miidhagssee dubbachuu jaalatuufi danda'uun "abalu haasa beeka" jedhu. Namni dandeettii akkasii qabu ogummaa afaanii qaba jedhama.Oromoon nama mammaaksa danda'uun "dubbii ni danda'a" jechuun barbaachisummaafi walitti dhufeenya ogummaa mammaaksaafi ogummaa afaanii jidduu jiru ni cimsa.Maammaaksi afaaniif baa'yee barbaachisaafi faayida qabeessa akkasumas afaan mammaaksa malee hin mi'aayu (Finnegan,1976:415).Dabalataanis, aadaa ummata Afrikaa hedduu keessatti fedhiin ogummaa afaanii yaada miira dhokataa (abstract) ta'e tokkoof waan qabatamaa ta'een bakka buusanii fakkii sammuu (imagery) isaa uumuun akka salphaatti hubatamu gochuuniifi jechoota agarsiisa alkallattii (indirect reference) filachuun mammaaksarraa kan maddu ta'uusaati (Finnegan,1976:390).

Mammaaksi gabaabaafi ergaa cimaa dabarsuu danda'uu isaa ilaalchisee Melakneh(2006:22) yoo ibsu, "Proverbs are short witty or epigrammatic sayings which embody tradional wit and wisdom. They are spices with which we flavor our speech.It is worth learning some of those proverbs for they are beneficial particularly to students of language and literature". Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, Mammaaksi afwalaloo gabaabaafi hawwataa ta'e kan dubbii bal'aa waa'ee jireenya hawaasaa tokkoo gabaabsee dhiyeessuudha. Mi'eessituu dubbiitisi.

Mammaaksonni barattoota afaaniitiif faayidaa guddaa qaba.Mammaaksi daree barnootaa keessatti kallattii gara garaan dhiyaachuu kan danda'uudha.

#### 2.3.1.3.1Gahumsa mammaaksaafi malleen dubbii

Mammaaksan dubbii ibsuu keessaa inni tokko malleen dubbiiti. Mammaaksafi amlleen dubbii ilaalchisee,Gibbs(2001) akka ibsetti, " The speakers first test whether a proverb's meaning fits the context or not and then infer the figurative meaning;the native speakers directly derive the figurative meaning of proverbs by means of social and linguistic contexts". Kana jechuun mammaaksi tokko yoo dubbatamu qabiyyee keessatti dubbatame sanaan waalfdhachuutu mirkanaa'a. Dubbataan afaan dhalootaa malleen dubbii akkaataa galumsa inni hawaasaafi xiinqooqaan qabuun salphaatti hiikkachuu danda'u. Yaada walfakkaatuun Littlemore & Low ( 2006a:57) akka ibsanitti, "figurative thinking that can be achieved through active engagement in these processes for understanding and interpreting metaphorical proverbs can help learners to develop figurative competence and/or metaphorical competence" jedhu.Akka yaada kanaatti, gahumsa malleen dubbii horachuun kan danda'amu yoo mammaaksa keessaa dubbii qolaa adda baafachuun danda'ame akka ta'eedha.

Akka yaada hayyoota armaan oliirraa hubachuun danda'amutti gahumsa malleen dubbii horachuun dursa mammaaksota hubachuun dubbii qolaa achikeessaa adda baafachuun yoo danda'ame ta'uudha.

#### 2.3.1.3.2 Mammaksaafi aadaa

Mammaaksitti fayydamuun dura aadaa hawaasaa beekuu barbaada. Mammaksi iddoo itti mamaakamutti yoo fayyadamuu baatan rakkoo uumuu danda'a. Yadaa kan ilaalchisee Gribkova, and Starkey (2002:6) akka ibsanitti:

> *Proverbto prepare them for interaction with people of other cultures; to enable them to understand and accept people from other cultures as individuals with other distinctive perspectives, values and behaviours; to help them see that such interaction is an enriching experience.*

Akka yaada kanaatti mammaaksatti haala gahumsa qabuun fayyadamuuf aadaafi yoo walfudhatan haala duudhaafi eenyummaa hawaasaa eegeen hawaasicha keessatti hirmaachuuf hubannoo kan gaafatu ta'uudfha.

Yaada kanaan walfakkaatu,Irving (1984:139) yoo ibsu, "part of the universal human experience is the tendency to take our own culture for granted. We live it, we act it, we think it, we do it but usually we are not consciously aware of the influences of our cultural values on our behaviour and attitudes". Akka yaada kanaatti aadaan eenyummaa namaa kan ibsuudha. Namni akka aadaa ofiitti yaada; waan yaade raawwata haaluma kanaan aadaan amalaafi eenyummaa namaa sirreessaa kan deemu ta'uudha.

### 2.3.1.3.3 Mammaaksafi haala qabatamaa

Hawaasni mammaksa dubbii keessatti akkamitti akka dhimma bahu haala qabatamaan walqabsiisuu gaafata. "A language user has available to him a large number of semi-preconstructed phrases that constitute single choices, even though they might appear to be analyzable into segments" (Sinclair, 1991:110) jechuun ibsa. Akka ibsa kanaatti afaanitti dhimma bahuun kallattii sirrii hawaasichi itti dhimma bahuu sirrinaan beekuu kanbarbaadudha.

### 2.3.1.4 Faayidaa Mammaaksaa

Akkuma duraan ibsuuf yaalametti, mammaaksi hawaasa itti gargaaramuuf faayidaa olaanaa qaba. Kunis, hawaasa hinbaratiinis ta'e, hawaasa baratan biratti iddoo guddaa akka qabaatu isa taasisa. Faayidaawwan mammaaksaa keessaa isaan gurguddoodha jedhaman, Bukenya (1994) akka armaan gadiitti kaa'eera. Isaanis:

- **DubbiiMiidhagsuuf**: mammaaksi dubbii miidhagsuun, dubbiin dubbatamu gurra namaatti tolee osoo hinnuffisiisiiniifi hinmufachiisiin ergaa barbaadame dabarsuuf gargaara. Kana ilaalchisuun, Achebe (1992:6) "Proverbs are the palm oil with which words are eaten, jechuun ibseera. Oromoonis, haalumaa kana fakkaatuun Jabbiin bifa kormaati, mammaaksi bifa dubbiiti," jechuun nimammaaku. Kun ammoo kan inni mul'isu, jabbiin bifaan korma isa dhalche akkuma fakkaatu, mammaaksi ammoo dubbii keessatti mammaakame sana fakkachuun, dubbicha miidhagsee ergaan dhaamsa guddaa of keessaa qabu akka darbu gochuuf gargaara.

- **DubbiiIbsuuf**: Mammaaksi muuxannoo namoonni bara dheeraadhaaf qaban gaddas ta'e gammachuu, hadhaa'aas ta'e mi'aayaa, ibsuufi calaqqisiisuuf gahee olaanaa qaba. Gabaabumatti, mammaaksonni jiruufi jireenyaa hawaasa tokkoo keessatti haala dhuftee seenaa, mudannoo, muuxannoo, falaasama, beekumsa, gufuufi gufata hawaasa tokkoo haala hubatamuu danda'uun ibsuuf humna guddaa of keessaa qaba.
- **DubbiiFixuuf**: mammaaksonni muuxannoo hawaasaa dhugaa qabatamaas ta'e, fakkoommii isaa walitti qabuun gabaabsanii dhiyeessuun namoonni salphaatti yaadicha akka hubatan nitaasisa. Dubbiin namootaa yeroo baay'ee mammaaksaan gudunfama. Kunis, kan ta'u mammaaksi mammaakamu sun yaada duraan saa'atii dheeraaf fudhatanii irratti dubbachaa, haasa'aa, marii'achaa, turan walitti qabuun cuunfee dhiyeessee akka salphaatti hubatamu taasisa. Dhimma kanas, Oromoon, "Mammaaksi lamuma: tokko dubbii fida, tokko dubbii fixa, jechuun kan mammaakudha.
- **SafuuEegsisuuf**: sabni tokko duudhaa mata isaa niqaba. Kanaafuu, aadaa, amantaafi barsiifata itti jiraatu, kana dhalootaa gara dhalootatti darbee hojiirra akka oolu barbaada. Wanta Oromoon itti gammaddu kana kan cabse, kan dabse, kan hanqiseefi safuu kan wallaale ammoo, hawaasni Oromoo maal jedhuu hinbeeku/hinbeektu jedhuun qeeqa; dheekkama; gorsa; barsiisa. Mala hawaasni tokko safuu isaa eegsisuuf, duudhaasaa gabbifachuufi kabachiisachuuf dhimma itti ba'u keessaa inni tokko ammoo, mammaaksa (Bukenya, 1994). Kanaafuu, mammaaksi duudhaafi seenaa haawaasaa ijoollee hawaasichaafi hawaasa ittiin eegsisuuf, jaalalaafi kabaja namootaaf qabu; shaakala, naamusa hawaasni mammaaksichatti tajaajilamu namootarratti arguu hinfeene kan ittiin qeeqee, akeekkachiisee, jajjabeessee, walumaagalatti, gorse deebisuuf gargaaramuudha.
- **Ogbarruu Barreeffamaa Qopheessuuf:** mammaaksi ogbarruu barreeffamaa keessatti bu'aa guddaa buusuun beekama. Faayidaa mammaaksi ogbarruu barreeffamaa keessatti qabu. Kana ilaalchisee, Teferi (2000: 2), Meider(1997: xixxx) eeruudhaan yoo ibsu, "Proverbs are small pieces of human wisdom that wisdom have been transferred from one generation to the other and valid even in our modern chronological age" jedha. Haaluma kanaan, barreessitoonni ogbarruu har'as ta'e baroota darban keessatti mammaaksaan hojii isaanii miidhagfachaa turaniiru. Kana ilaalchisuun, Fiqaaduun (2007) barreessaa beekamaan "Achebe" jedhamu, kitaabota asoosamaa afur (4) barreesse keessatti mammaaksota 227 fayyadameera jedha. Kun ammoo, mammaaksi akka raacatii

ogbarruu barreeffamaa keessatti tajaajiluusaa agarsiisa. Gabaabaatti, mammaaksi ogbarruu keessatti dhaamsi barreeffaman dhiyaate sirriitti akka hubatamuufi qalbii namaa akka ofitti hawwatu gochuudhaan dubbistoota isaatiif gaheen inni taphatu daran olaanaadha.

- **Siyaasa Biyya Tokkoo ittiin Deeggaruuf ykn Mormuuf:** hawaasni kamiyyuu jalqaba bara jireenya isaatii kaasee sirna ittiin walbulchaa ture; siyaasa dhuunfaasaatii kan ta'e niqabaata. Fakkeenyaaf, Sirni Gadaa sirna Oromoon dhalootaa gara dhalootaatti walharkaa fuudhaa yeroo kanaan walgaheedha. Har'as yoo ta'e, maddi seera bulmaataa hawaasaa aadaa sabichaa waan ta'eefi aadaan uummatichaa ammoo, mammaaksa hawaasichaa keessatti waan calaqqisuuf manguddoonni biyyaa, sirna ittiin bulmaataa keessatti mammaaksatti dhimma bahu. Seerri sabni tokko ittiin bulus, utuu aadaa sabichaa gidduu galeessa godhate, uummanni qooda balaaleffannaa, mararfannaa, qooda mormuu immoo, deeggaraa ta'a. Kun ammoo, kan inni mul'isu hawaasni tokko afoolasaatti fayyadamuun siyaasa isaa gaggeeffachuu, siyaasa biraa ammoo mormuufi deeggaruu danda"uu isaati (Misgaanuu, 2011).

Akkasumas, namoonni siyaasaafi jijjiirama bulchinsa biyya tokkoo gaggeessan namoota amansiisuun kaayyoo siyaasa isaanii bakkan ga'uuf mammaaksatti dhimma bahu. Kanaafuu, hayyuuleen siyaasaa kanneen akka: (Abraham Lincoln, Adolf Hitleriifi Wiston Churchill) fa'aa mammaaksa akka meeshaa durumaan qophaa'ee harka isaanii jiruutti fayyadamuun ergaa siyaasaa qaban ittiin dabarfachuufis ta'e, ilaalcha uummata jijjiiruuf itti gargaaramaa turaniiru (Meider, 1997).

- **Barnoota Afaanii Keessatti:** gama biraatiinmammaaksi akaakuu afoolaa keessaa warra hundarra gabaabaafi amala dhaabbataa ta'e qabaachuun beekaman keessatti ramadama. Kanaafuu, mammaaksi akaakuu afoolaa keessaa gooree hedduu jaallatamuudha. Kanarraan kan ka'e haasaan hawaasa Oromoo mammaaksaan yoo deeggarame jaallatama. Nama dubbiisaa mammaaksaan akka gaariitti miyeessee dubbatus, Abaluun haasaa beeka, jedhu (Fiqaaduu, 2007).

Mammaaksi yaada dheeraa ta'e tokko gabaabsee dhiyeessuun beekama. Yaada dheeraa gabaabsee dhiyeessa yeroo jedhamu, yaadicha keessaa kutee hambisa jechuu osoo hintaane, yaada duraan ibsame sana walitti qabuun ergaa barbaadame sana osoo keessaa hin hambisiin

dabarsuuf jechoota garaagaraa nifilata jechuudha. Kanaafuu, dubbii afaanii keessattis ta'e, barreeffama keessatti jechoota filatanii dhimma itti ba'uun dandeettiifi ga'umsa qaama dubbatuu ykn barreessu sanaarratti hundaa'a. Namni dandeettii akkasii qabu dandeettii afaanii qaba jedhama. Oromoonis, nama mammaaksa danda'uun, dubbii nidanda'a; jechuun barbaachisummaafi walitti dhufeenya dandeettii mammaaksaafi dandeettii afaanii gidduu jiru nicimsa.

Mammaaksonni guddina afaaniif baay'ee barbaachisoofi faayidaa qabeeyyii akka ta'an qorattuu afoolaa kan taate, Finnegan (1970: 415) yoo ibsitu, "Proverbs are essential to life and language with out them, the language would be but askeleton with out flesh, abody with out soul, jetti. Akka yaada hayyuu kanaatti, mammaaksi afoola keessatti bu'uura guddaa ta'uusaarraan kan ka'e, afaan mammaaksa malee akka lafee foon ofirraa hinqabneefi qaama lubbuu of keessaa hinqabneetti akka fudhatamu agarsiisa.

Akkasumas, aadaa uummata Afrikaa keessatti dandeettii afaanii yaada walxaxaa ta'e, tokkoof waan qabatamaa ta'een bakka buusanii fak-sammuu isaa uumuun akka salphaatti akka hubatamu gochuuniifi jechoota alkallattii ta'an filachuun mammaaksa irraa akka maddu Finnegan (1970: 390) yoo ibsitu, "The figurative quality of proverbs is especially striking; one of their most noticeable chracteristics is their allusive wording usually in metaphorical form," jetti. Kun ammoo, dubbii qolaatti qulqullinaan gargaramuuf ga'umsa mammaaksi qabu agarsiisa.

walumaagalatti, afaan meeshaa aadaan hawaasa tokkoo ittiin ibsamudha. Mammaaksi, meeshaa aadaan, duudhaan, safuuniifi beekumsi hawaasaa dhalootaa gara dhalootatti ittiin darbu akka ta'e nibeekama. Kanaafuu, afaan mammaaksatti dhimma ba'uuniifi mammaaksi tajaajila afaanii cimsuun gonkumaa kan gargar ba'an miti. Akkasumas, daree barnootaan alattis barattoonni mammaaksatti gargaaramuun muuxannoon barachuu barattootaa, dandeettii afaan barattoonni barataniifi hubannoo waa'ee mataa isaaniifi addunyaaf qaban fooyyeffachuuf akka isaan gargaaru ibseera.

### 2.3.1.5 Qabiyyee Mammaaksaa

Mammaaksi hawaasaan mammaakamu qabiyyee mataasaa niqaba. Waa'een qabiyyee mammaaksaa yommuu ka'u, wanti hindagatamne tokko waa'ee amala mammaaksaati. Innis, uumamni mammaaksaa, uumama afaaniirraa waan adda ta'uu hindandeenyeef, afaan hunda

keessattu beekamaadha. Kanaafuu, waa’ee qabiyyee Mammaaksota Afrikaa ilaalchisuun, Finnegan(1970:392) waa’ee mammaaksa yoo ibsitu,

> *Since proverb can refer to practically any situation, it woud be impossible to give any comprehensive account of the content of African provebs. Something of their variety can be gathered from the headings under which they are classed in many collections (in terms either of explicet content or implied allusion), for these headings include every aspect of human affairs.Catagories of the manifest content incude such headings as “Animals’ (subdivided into,for inistance, dangerious, game, and domestic), birds’,insects, mice, rats,and others,strangers, war, fighting,guns, and weapons,and innumerable,others; while classifications interms of the latent reference range from ‘Man and Woman; effeciencey and its conditions, home life;life and death; and passage of time to conceit,power;cunning,and ofcourse, “messellaneous, jechuun lafa keesseetti.*

Akka yaada kanaatti, hiikni dhaamsi mammaaksa tokkoo haala keessatti mammaakameen aadaafi duudhaa hawaasichaarratti hundaa’uuniifi kayyoo mammaakame sanaan walqabatee hiika waan aragatuuf qabiyyee Mammaaksota Afriikaa guutummaa guututti kaa’uu hindanda’amne. Sababni isaas mammaaksonni Afrikaa baay’een wantota garaa garaan haguugamanii dhaamsa haala dubbataman keessatti ergaa bilchaataa waan dabarsaniifidha. Wantonni isaan ittiin haguugamanis, bineensa, akka hamaatti fakkeessanii, akka taphaatti fakkeessanii, akka waan biyyaatti fakkeessanii, akkasumas, sinbirroo, ilbiisa, hantuuta, tuqaa, keessummaa, waraana,lola, qawwee, fi warren kana fakkaatan haguugamanii waan mammaakaniif qabiyyee mammaaksichaa haala keessatti mammakamerraan ala hubachuun rakkisa akka ta’e hubachiisa. Karaa biraatiin, qabiyyee mammaaksaa ilaalchisee, Yaadannoon (2014: 17) yoo ibsu: Mammaaksi gaabbii, tuffii, waldhabbii, dheekkamsa, jaalala, jibba, gamnummaa, gadda, gammachuu, obsa, iftoomina, hiree, doofummaa, abdii, kabaja, sodaa, carraaqa, fakkaachoo, firooma, sababa, ofittummaa, beekumsa, shakkii, ariifachuu, gadoo, tokkummaa, faallaa, hubachuu, hawwii, roorroo, qaanii, akkeessuu, tooftaa, haqaafi wkf qabiyyee mammaaksotaa jedhamu, jechuun ibseera.

Yaada kanarraas, wanti hubatamu, faayidaan mammaaksi jiruufi jireenya ilmaan namoota keessatti qabu daangaa maleessa ta’uusati. Qabiyyeen isaa kunis, kan hubatamu haala

mammaaksichi keessatti dhimma bahamerratti hundaa’a. Kana jechuun ammoo, mammaaksi haalaafi kaayyoo mammaakameefirratti hundaa’ee hiika garaagaraa qabaachuusa agarsiisa.

### 2.3.1.6 Bifiyyee Mammaaksaa

Bifiyyeen mammaaksa haala mammaaksi aadaa, duudhaa, faalasamaafi eenyummaa hawaasa tokko agarsiisu keessatti bifa ittiin dhiyaatuun walqabata. Kun ammoo, mammaaksi muuxannoofi bekumsa hawaasa duriifi ammaa ta’ee, akkaataan hawaasichi itti gargaara bifa akkamiin akkata’e duukaa bu’uun ilaaluurratti xiyyeeffata. Bifiyyee mamaaksa Afrikaa ilaalchisuun hayyuun, Finnegan (1970) haala armaan gadiin xiinxalteetti. bifa gabaabaa (Shorteness form): mammaaksi bifni ittiin beekamu inni jalqabaa yaada gabaabaa ergaa qabeessa ykn gadifagoo ta’e dabarsuu danda’uusaatini. Yaada kana, Finnegan (1970:383) yoo ibsitu,a picture as this contains some useful pointers for analysis of African proverbs. First, their form. They are picked out first and most obviously as being short”, jechuun lafa keesseetti. Akka yaada hayyuun kanaatti, bifni mammaaksi ittiin dhiyaatu keessa tokko bifa gabaabina qabuun yoo ta’u, dhaamsi jecha sana keessa jiru garuu jechoota baay’inni saanii daangaa hinqabneen kan ibsamuu ta’uusaati. Akkasumas, dhaamsi jechoota mammaaksa keessa jiranii akkaataa haala kaayyoo hawaasa mammaaksichatti fayyadamuun hiika argata. Bifa walaloo (Poetic form): bifni mammaaksonni Afrikaa qaban keessa inni biraan amala afwalalummaa qabachuu isaati. Kanaafuu, Finnegaan (1970:384) waa’ee kanaa yoo ibsitu, “African proverbs are one of the first things one notices is the poetic form in which many are expressed. This allied to figurative mode of expression, serves to some degree to set them apart from everyday speech, jetti. Kunis, Mammaaksonni Afrikaa baay’een bifa walaloo kan qabaatan yoo ta’an; bifa Afwalaloo kana gonfachuun dhiyaachun isaanii ammoo, dubbii qolaan gabbatanii ibsamuun hasaawaa nuti guyyaa guyyaan taasisaa ollurraa akka addaan bahan isaan taasisa. Kanaafuu,mammaaksonni bifa afwalalummaa qabachuun isaaniirran kan ka’e, mammaaksi amala addaa akka qabaatu isa gochuu isaa, ilaachisuun, (Finnegan, 1970:384) yoo ibsitu: amore detailed discussion of form in African proverbs is therefore needed here to show these two characteristics more clearly. The general truth touched on in aproverb can be conveyed in several ways: more or less literaly, through a simile, or most commonly through a metaphor. The relatively literal forms of proverbs often contain some allusion or a picturesque form of speech, and among certain peoples atleast are marked by some poetic quality such as rhythm, jechuun ibsiteetti. Akka yaada hayyuu

kanaatti, bifni mammaaksa Africa irraa caaalaan isaa bifa afwalaloon argamuun isaa, mammaaksi amala gurguddaa lama akka qabaatu isa taasiseera. Amaloonni kunneen keessas inni duraa, dhugaan waliigalaa mammaaksa keessatti ibsame bifa adda addaan daayeeffatee haala garaa garaa keessatti dhichuu isaati. Bifoonni kunneenis kanneen akka: sadoommii akkasaa daheeffachuun ykn itti fayyadamuun yeroo baayee ykn yeroo tokko dhiyaachuufi irra jireessaan garuu, dubbii qolaa iddeessa ykn bakkaasaa dayeeffatee dhiyaachuu isaati. Amalli inni lammaffaan ammoo, bifa ogbarruu qabaachuu isaati. Mammaaksi yeroo baay'ee ergaawwan nama hawwaatan of keessatti qabachuuniifi bifa gammaachisaa ta'een kan dhiyaatu yoota'u, hawaasa tokko tokko keessatti garuu, ulaagaayaa'awalalooguutuu ta'e qabachuunis ni dhiyaata.

Bifa Sadoommii Guutamee kan Dhiyaatu: Akkasuma, mammaaksi tokko kallattidhaanis ta'e alkallattidhaan dubbii qolaa ofkeessatti nihammata. Isaan keessaa mammaksi bifa iddeessaan (methaphorically) wantotan bakka buufamee yeroo baay'ee nidhiyaata. Mammaaksonni Afrikaa bifa sadoommii bakkasaan ijaaraman (metaphor) keessumattuu simbirroofi bineensonni mammaaksa bifa sadoommii bakkasaan guutamee dhiyaatu keessatti beekamaadha. Kunis, wantota amala waan tokkoo fuudhanii guutummaa guutuutti wanta biraaf kennuun walqabata.

Akka hayyuun Finnegan (1970) ibsitutti, Afrikaa keessatti dhamsi mammaaksotaa kan hubatamu haala keessatti dubbatamerratti hundaa'eeti. Dhamsi darbuus, haala keessatti dhiyaaterratti waan hunda'uuf, dhugaa qabatamaa ykn ammoo, dhaamsa faallaa(hi'ntaa)ta;e dabarsuu nidanda'a.Yaada kanas, (Finnegan: 1970; 387) yoo ibsitu:

> A knowledge of the situations in which proverbs are cited may also be an essential part of understanding their implications, and this is complicated further by the fact that the same proverb may often be used, accourding to the context, to suggest avierty of different truths, even its opposite.

Akka yaada armaan oliitti, bifni Mammaaksonni Afrikaa ittiin dhiyaatan kanneen akka: dhamsa kallattiin (by straight), himaamsa bifa ogbarruu of keessaa qabuun (relatively literal statement), bifa sadoommii akkasaan (by similes), sadoommii bakkasaa garaagaraan (yeroo baay'ee bineensota kan dhimmaa bahu yoota'u; yeroo tokko tokko garuu, haala adda addan kan dhiyaatu ta'uu), bifa (by varios types of methaphor (often comparisons with animals or with one particular case suggesting ageneralization), bifa sadoommii ukukkubseeniifi bifa sadoommii anyarseen(by hyperbole and paradox)fi waan kana fakkaatan akka ta'e ibsiteetti.

Karaa biraatiin mammaaksonni Afriika bifa kanaan kan mul'atan yoo ta'anis, guutummaa guututti bifiyyee walfakkatu hinqabatu. Kana walqabsiistee, (Finnegan, 1970:388) yoo ibsitu, "There are no general rules for the formation of Bantu proverbs and particular peoples have their own favourite forms, but certain common patterns are apparent,jetti. Wanti yaada kanarraa hubatamus, bifni mammaaksotni Afrikaa itti taa͑an akka waliigalatti seera walfakkaata kan qabu osoo hintaane, hawaasni kamiyyuu bifiyyee mammaaksa ittiin ijaarrate kan mataasaa qabachuusa argina. Haataa͆u malee, akka mammaaksa hawaasa Baantuurra hubatamutti mammaaksota Afrikaa wanti bifiyyee isaa walfakkeessu nijira. Innis, yaada gabaaba dhamsa bal'aa qabuufi qusannoo jechoota (pithiness and economy of words) qabachuu isaati.

Walumaagalatti, bifiyyeen maammaaksota Afrikaa akka hayyuun, Finneegan (1970) xiinxaltetti bifoota eeraman kanneenifi wkf of keessaa qabu. Kanaafuu, qorataanis haalaa qoqqooddii hayyuu kanaa bu'uura godhachuudhaan bifiyyee Mammaaksota Afrikaa keessaa tokko kan ta'e Mammaaksota Oromoo Aanaa Qarsaa Maallimaa xiinxaluu yaadeera.

### 2.4.Hiikkaafi Ibsa Jechoota

waliigaltee hawaasni afaaniin taasisu keessatti jechootni hiika addaa yookiin hiika waliigalaa kan qabaataniidha .Haala dubbataan itti dubbatu,iddoofi mata dureen irratti dubbatamuun walqabatee yaadni jechoota dhaggeeffataa biratti uumamu dinqisiisaa,baacoo yookiin arraba fakkaachuu danda'a.Jechootni akkaataa mata dureefi iddoo itti tajaajalamaniin yookiin dirree hojiitiin walqabatanii of eeggannoon hiikni kan itti hinlaatamine yoo ta'e namoota hunda biratti hubatamuu dhabuu danda'u Olsson(2008). Kun ammo waliigaltee keessatti rakkoo uuma. Kanarraa ka'uun jechootni dirree hojii hiikni isaanii haala adda addaan ibsamuu qabu.

#### 2.4.1.Haalafi  Fayyadama Jechootaa

Jechi sagaleelee dubbii akkaataa hiika qabaachuu danda'aniin walfaana bu'uun kan ijaaran jecha akka jedhamu Geetachoo Rabbirraa (2007:58) ibseera.Gama birootiin Addunyaan (2011:33) jechi "Dhamjecha yookiin dhamjechootarraa ijaaramee uunkaalee hiika tokoofi isaa olqabaniin dhiyaachuu kan danda'uufi ofdanda'ee kan dhaabbatu,bakka bu'aa muuxxannoo hawaasaati"jechuun hiikeera.Kanarraa ka'uun jechi sagalee yookiin dhamjechootarraa kan uumamuufi hiika qabeessa ta'ee kan waan tokkoof dhaabbatu ta'uu hubanna.

Jechootni afaan tokko keessatti argaman baay'ina kan qaban waan ta'eef qorachuufillee kan rakkisu ta'uurraa kan ka'e hayyootni afaanii garee gareetti addaan qooduun xiinxallu.Qoodinsi garee kunis kan bu'uureffatu gosoota, haala uumamaa, tajaajilaafi qubanna akkasumas hiika isaarratti ta'a.

Jechootni afaan tokko keessa jiran tajaajilaafi uunkaasaa gadi fageenyaan qorachuuf hayyootni afaanii jechoota garee jechootaatti addaan qoodu.Gama kanaan hayyootni jechoota Afaan Oromoo caasaa isaa xiinxallan yeroo garagaraatti garee addaaddaati qoodanii jiru.Mitikkuufi Tashoomaan(1998) garee jechootaa maqaa, ibsamaqaa, xumura,ibsa xumuraafi durduubee jechuun qoodaniiru. Abaraafi kaawwan(1998:162) jechoota Afaan Oromoo maqaa,maqdhaala,addeessa,gochima,dabal gochima,durgaafi waliingaa jechuun bakka saddetitti yoo qoodan Shifarraa Fayyisaa (1999:20) ammo garee jechoota Afaan Oromoo maqaa, addessa,gochima dabal gochimafi durgaa jechuun iddoo shanitti qoodeera.

Ulaagaan qooddii garee jechoota afaanii amala afaanichi tokko qophaatti qaburraa madduu akka qabu Geetahuun (1990:147) kaa'eera.Addunyaan(2011:48) qooddiin garee jechootaa ulaagaa xiinjechaa,xinhimaafi xinhiikaa ta'uu akka qabu eeruun garee jechootaa Afaan Oromoo Maqaa,maqibsa,gochimaafi durduubee jechuun bakka afuritti qoodeera.Haata'umalee kitaabilee seer-lugaa(caas-lugaa),kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaalee garagaraatti jiru keessatti jechootni Afaan Oromoo bu'uura tajaajila caasaahimaa keessatti qabaniin bakka heddutti qoodameera. Garee maqaa,maqibsiifigochimaa akkasumas gochibsiifi durduubee jechuun bakka shanitti qoodamee barreeffamuun barsiifamaa jira. Haata'u malee gareewwan jechootaa kanniin haala itti fayyadama hawaasni tajaajila keessatti akkaataa itti fayyadaman qabu. jechoonni hiika isaan qabaniin walqabatee yoo ibsamani:

**A.Hiika kallattii**

Jechi tokko uumaadhan hiika waan tokkoo bakka bu'ee moggaasa jalqabaa( ganamaa) wantichaaf hawaasni waliigalteen kenneef ta'ee yoo argame hiika kallattii jedhama.

**B.Hiika Dubbii**

Hiikni dubbii jechootni karaa kallattiin wanticha yookiin yaadicha bakka bu'aniin alatti muuxannoo hawaasichaatiin wanta yookiin yaada biroo ibsuuf ooluudha. Barreeffama garaagaraa keessatti hiikni dubbii kun hiika dalgee yookiin alkallattii, dhokataa yookiin hiika bal'ate jedhamuun yoo tajaajilu mul'ata.

**C.Hiika Galumsaa( Bakka Galmaa)**

Jechi tokko himoota adda addaa keessatti galuudhan hiika heddu qabaachuu danda'a. Kunis hiika galumsa irraa maddee ta'ee jechis hiika wantootaa hedduuf ooluu qabachuu kan danda'u ta'uu isaati.

## 2.5. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Kutaa kana keessatti qorannoowwan garaagaraa armaan dura qoratamanii kallattiinis ta'e alkallattiidhaan qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban sakatta'amuun dhiyaataniiru. Kanaafuu, hanga ammaatti qorannoon kallattiidhaan mata duree qorannoo kanaan walfakkatu akka hinqoratamne mirkanaa'eera. Haata'u malee, qorannoowwan muraasni alkallattiidhaan kan mata duree qorannoo kana waliin hariiroo qabaniifi qorannoo kanaaf gumaacha godhan waan jiraniif, qorannoowwan kunneen walitti dhufeenyaafi garaa garummaa isaan qorannoo kana waliin qaban ilaaluun amanamummaafi gabbina yaadaa qorannoo kanaa ni'cimsa.

Kanaafuu, barattoota Muummee Afaan Oromootti digirii 1ffaafi digirii 2ffaa barataniin Mammaaksota oromoorratti qorannoon garaa garaa mataduree addaa ddaarratti godhamee jira. Kanneen keessaa, Fiqaaduu (2007) mata duree, Qacceessa Qabiyyee Mammaaksota Oromoo Ijoolleefi Ijoollummaa jedhurratti waraqaa qorannoo digirii 2ffaa  qorateera. Qorannoon isaas, qabiyyee mammaaksota Oromoo ijoollummaa ilaallatan adda baasuu. Qabiyyee mammaaksota Oromoo safuufi duudhaa hawaasa Oromoo ibsan qacceessuu. Qabiyyee mammaaksota ijoollee baay'ee qabachuufi dhala dhaabuun maatii fayyaduufi miidhu qacceessuu kan ilaallatuudha.

Kanaafuu, kayyoo isaa kanarratti hundaa'uudhaan mammaaksota garee adda addaatti qooduun qacceessera. Argannoo isaa keessattis, mammaaksota garee adda addaatti qoduunii qo'achuun bu'aa akka qabu ibseera. Dabalataanis, kitaaba barataa keessatti mammaaksota hammachiisuun maxxansuun barbaachisaa ta'uu isaa yaada argannoo isaa keessatti kaaseera. Mata dureefi kaayyoon qorannoo kanaas kan walsimateedha. Kana malees, kayyoo isaa irratti hundaa'uun ragaalee isaa qacceesseera. Hata'u malee, mala qorannoo isaa qabxiin kaase hinjiru.

Waraqaa qorannoon mammaaksarratti qoratame inni biroon barataa: Malkaamuu (2007) Mata duree, "Dubartoota Mammaaksa Oromoo Keessatti: Qacceessa Qabiyyee, kan jedhuudha. Xiyyeeffannoon isaas, qacceessa qabiyyee Mammaaksota Oromoo waa'ee dubartootan walqabatan ilaallata. Kaayyoon qorannichaas, dubartoonni, Mammaaksa Oromoo keessatti maal

akka fakkaatan xiinxaluu, Afoola Oromoo, keessumaa mammaaksota yaada boodatti hafaa qaban addaan baasuun ibsuufi Mammaaksota Oromoo dubartootarratti mammaakaman funaanuun gama ergaa isaanii irratti hundaa'uun qacceessuurratti kan xiyyeeffateedha. Argannoo isaa keessattis, mammaaksonni gaarummaa dubartootaa deeggaran ykn walqixxummaa dhiiraafi dubartii ibsan akka jiran ibseera. Kanaafuu, mammaaksonni kunneen jajjabaachuuu akka qabaniifi dhaloota dhufuuf dabarsuun barbaachiisaa ta'uusaa mirkaneesseera. Faallaa kanaan mammaaksonni dadhdbina dubartootaa ibsan yaada duubatti hafaa waan qamni dubartootaa hawaasa keessatti akka gadi bu'uufi hamilee isaanii cabsuu akka jirus bira gaheera. Sababa kanaaf, mammaaksonni akkasii fooyya'uu akka qabaniifi gara garaagarummaa dhiiraafi dubartii ibsuutti akka jijjiiraman jechuun ibseera. Qorannoon kunis, mata dureefi kaayyoo isaan kan walsimatedha. Kana malees, mala qorannoo kan qabuufi haala garii ta'een qacceeffameera.

Qorannoo biraan Afaan Ingiliziitiin, Taaddasaan (2004) mata duree, "Mammaaksota Oromoo Gujii," jedhurratti waraqaa qorannoo digirii 2ffaa isaa hojjeteera. Mata dureen qorannoo kanaas, gama faayidaa mammaaksotaan danga'eera. Haaluma kanaan, faayidaa mammaaksonni hawaasummaa, diinagdeefi siyaasa keessatti bu'aa guddaa akka qaban argannoo isaa keessatti bal'inaan kaaseera. Kaayyoo, argannoofi yaboon qorannichaas, mata duree qorannichaarratti hundaa'uun kan qophaa'eedha. Kana malees, malawwan qorannoo hunda bifa eegeen qorateera.

Qorannoon armaan olitti sakatta'aman hundi isaanii malawwan qo'annaa walfakkaatuun fayyadamaniiru. Kunis, qorannoon isaanii akaakuu qorannoo akkamtaa ta'uu maddi raga jaarsoliifi namoota mammaaksa gadi fageenyaan beekanirraa walitti qabameefi tooftaan ragaan ittiin funaanamee afgaaffiin akka ta'uun qorannoowwan kanneen walfakkeessa. Haata'u malee, malli idaattoon ittiin filataman kanneen muraasa keessatti garaagarummaa qabu.

Qorannoowwan sadarkaa digirii jalqabaatti Mammaaksota Oromoorratti qorannoowwan gaggeeffamanis nijiru. Isaan kessaas, Saamu'el (1996) Mata duree, "Mammaaksota Oromoo Muraasa,jedhurratti qorannoo gaggeessee jira. Kaayyoon qorannoo kanaas, qabiyyeefi ergaa mammaaksa keessatti argaman xiinxaluu kan ilaallatuudha. Kana malees, sadoommiiwwan akka namoomsuu, bakkasaa, akkasaafi kanneen biroo mammaaksota keessatti argaman agarsiisuurratti kan xiyyeeffateedha. Argannoo isaa keessattis, Mammaaksonni Oromoo mammaakamuuf haalli akka isaa hindaangessine kaaseera. Kanaaf, dubbii barbaanne keessattiifi iddoo barbaannetti akka fayyadamuu dandeenyu ibseera.

Qorannoon digirii jalqaban qo’atame inni biraan, Araarsaa (1995) “Mammaaksota Oromoo Naannoo Walisoo Muraasa, mata duree jedhurratti qorannoo gaggeeffameedha. Kaayyoon qorannoo isaas, mammaaksonni aadaa, siyaasa, seenaafi amantaa hawaasaa wajjin walitti dhufeenya akka qaban agarsiisuudha. Ragaan mala afgaaffiin funaamee jira. Argannoo isaa keessattis, muuxannoo, mudannoo, aadaa, seenaa, amantaafi siyaasni naannoo qorannoo kanaa mammaaksaan ibsamuu kaa’eera. Qorannaan kun mata dureefi kaayyoorratti hundaa’uun kan gaggeeffadha.

Qorannoon armaan olitti sakatta’aman hundi isaanii malawwan qo’annaa walfakkaatuun fayyadamaniiru. Kunis, qorannoon isaanii akaakuu qorannoo akkamtaa ta’uu maddi raga jaarsoliifi namoota mammaaksa gadi fageenyaan beekanirraa walitti qabameefi tooftaan ragaan ittiin funaanamee afgaaffiin akka ta’uun qorannoowwan kanneen walfakkeessa. Haata’u malee, malli idaattoon ittiin filataman kanneen muraasa keessatti garaagarummaa qabu.

## 2.6 Yaaxxina Qorannoo

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu yaaxxinaalee qaorannoo sana tumsaniin deegaramuu qaba. Qorannoon kun yaaxxinaalee aramaan gadii kana lameeniin deegaramuun kan gaggeefameedha.

### 2.6.1 Yaaxxina haala galuumsaa ( Contextual theory)

Yaaxxinni kun seenaa hawaasaa naannoon walitti fiduun ; Haala ilaalcha hawaasa tokkoo kan ibsu; hubannaa hawaasaa calaqisiisuuf; haala hawaasni ittiin wal bulchan agarsiisuuf; madda aadaa ibsuuf; beekumsa hawaasni qabu calaqisiisuufi haala galuumsa hawaasa tokko ibsuuf kan ooluu Dorson (1972). Qorattichis qorannoo isaa keessatti , haala Oromoon Sooddo itti sirna araaraa raawwatu keessatti itti fayyadama mammaaksaafi jechaawwanii waan qabuuf yaaxxina haala galuumsatti gargaaramuu kan barbaadudha.

Yaaxxinni haala galuumsaa amala walii karaa gamiisa ta’een yaaxxina fayyadamummaa waliin walirraa qooddatu. Amallii isaan waliin qaban keessaa: haala guluumsa hawaasaa karaa qabatamaa ta’een ibsuudha (Dorson, 1972; Fennegan, 1992). Kanaafuu qorannichi haala Oromoon Sooddoo itti sirana araaraa gaggeessu keessatti haala itti fayyadama mammaaksaafi jechootaa irratti waan fuullefateefuu yaaxxina kanatti kan dhimma baheedha.

### 2.6. 2. Yaaxxina Faayideessummaa(Functional theory)

Yaaxxinni kun hayyoota xiinmaddaatiin kan eegale ta’ee, fooklooriin hawaasa keessatti tajaajila akkamii akka qabu qorachuurratti xiyyeeffata (Okpewho, 1992). Yeroo jalqabaatiif yaaxxina kana fookloorii keessatti kan qo’ate nama William Bascom jedhamu ture. Yeroo sana namni kun fookloorii faayidaa afuriif oolcheera. Isaanis: barsiisuu, miliquu, tursuufi gatii qabeessummaa addaaf gumaachuudha. Akkasumas, yaaxxinni faayideessummaa tooftaa ittiin jiruufi jireenya hawaasaafi aadaa hawaasaa qoratanii, akka jiraachisaniif uumame. Kana ilaalchisuun, Okpewho, 1992), yoo ibsu, “Functionalism thus emerged as amethod of studing the life and culture of a society by examining the function or role performed by any thing practiced in the society( e.g tale told by its members) as well as the way in which these functions help to ensure the survival of society,‟ jedha. Dabalataanis, Fiqaaduu (2007:12) yoo ibsu, “Malli qorannoo dhala namaa argama dhala namaarraa kan madde ta’ee, afoolli aadaa saba tokkoo keessatti akkamitti akka tajaajilu, qo’achuu bu’uura kan godhatuudha. Kanaafuu, akka yaaxxinni faayideessummaa afoolli saba tokkoo, aadaa saba sanaa akkamitti akka tajaajiluufi agarsiisu qo’ata jechuudha.

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxinaalee qorannoo afoola gaggeessuuf gargaran gargaaramuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, yaaxinaalee sakatta’uun yaaxina qorannoo kan deegaran filachuuf:

# BOQONNAA SADII:  MALA QORANNICHAA

Kutaa kana jalatti saxaxa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, iddattoo qorannichaa, mala iddattessuu, meeshaalee funaansa ragaawwaniifi malli xiinxala ragaalee qorannichaa walduraa duubaan dhiyaateera. Haata'u malee, qorannoon kun mata duree, "Xiinxala gahee Mammaaksi Oromoofi Jechawwan Sirana Araaraa Keessatti" jedhurratti xiyyeeffata.  Kanaafuu, gosa qorannoo adeemsaa ta'ee mala qulqulleeffataa (akkamtaa) dhimma  bahe.  Gosti qorannoo adeemsaa ammoo, aadaa hawaasa tokkoorratti qorannoo gaggeessuun muuxannoo, ilaalcha, haala aadaa hawaasaa sanaa adda baafachuuf mijaawaa akka ta'e, Dastaa (2013) ni ibsa.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun mala qorannoo ibsaarratti bu'uureffate; kanaafuu, saxaxni qorannichaas mala ibsati. Waa'ee mala qorannoo ibsaa ilaalchisuun, Addunyaan (2011: 63) yoo ibsu, "Qorannoon tokko haala ibsuurratti xiyyeeffata yoo ta'e, saxaxni isaas ibsadha. Kan ibsamus, odeeffannoo akkamtaarratti hundaa'ee, saxaxni isaas ibsa akkamtaadha." jedha. Kanaafuu, qoratichi ragaawwan afgaaffii, marii garee xiyyeeffataafi  dawwannaan walitti qabaman haala gaariidhaan xiinxaluuuf mijataadha jedhamee waan yaadeef mala ibsuutti gargaarame.

## 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun naannoo Oromiyaa Oromoo Sooddoo irratti kan xiyyeeffatu ta'ee akka aanaa Tolee keessaatti, gahee mammaaksota Oromoofi  jechaawwanii sirna araaraa  keessatti qabu xiinxaleedha. Sababni aanaan kun filatameefis, aanaa kana keessa bal'inaan Oromooonni Sooddoo waan jiraniif aanicha  sana  keessa naanna'ee odeeffannoo argachuu danda'a jedhamee waan yaadameefidha. Sirni araaraa aanaaTolee keessatti waantoota garaagaraa hawaasa keessatti muudate giddugaleefachuun kan gaggeeffamu yoo ta'uu, qorannoon kun kan giddugaleeffate Sirna araara lolaa yookan walitti bu'iinsa namoota jidduutti uumamerratti.

Akkasumas, maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaarratti xiyyeeffata. Maddi ragaa tokkoffaan qorannoo kana keessatti hojiirra oole: af-gaaffii, marii gareefi daawwannaadha. Maddii ragaalee kunniin irraa odeefannoon kallattiin waan argamuufuu ragaa tokkoffa ta'u.

### 3.3. Mala Iddattoo

Adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti iddattoo qorannichaa murteessuun baay'ee barbaachisaadha. Haata'u malee, waa'ee gosoota iddattoo ilaalchisuun, Dastaan (2013:102), Trochim (2006) wabeeffachuudhaan yoo ibsu, "Sampling methods are classified as either probability or nonprobability," jechuun ibsa. Yaadni kun ammoo, iddattoon akka waliigalaatti bakka lamatti akka qoodamu agarsiisa. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti, qoratichi iddattoowwan lamaan keessaa, iddattoo miti-carraatti dhimma baheera. Akkasumas, waa'ee iddattoo miti carraa ilaalchisee, Kathari (2010: 59), "Non probabilty sampling is that sampling procedure which does not afford any bases for estimating the probability that each item in the population has being included in the sample," jechuun ibsa. Akka yaada kanarraa hubanutti, iddatteessuu jechuun hawaasa keessa ykn namoota dhaabbata tokko keessa jiran keessaa odeefkennitoota fedhasaaniitiin odeeffannoo nuuf kennnan filachuudha.

Kanaafuu qorannoo kana keessatti, gosoota iddatteessuu keessaa, idaattessuun miticarraa kan filatame yoo ta'u, gosoota iddatteessuu miticarraa keessaa ammoo, iddatteessuu akkayyoo/kaayyoo/fi iddatteessuun darbaa dabarsaatu filatame. Iddatteessuu akkayyoo kan jedhamu ammoo, Addunyaan (2011: 67), Sarankos (2005) wabeeffachuudhaan yoo ibsu, "In the purposive sampling techniques the researcher purposely choose subsets who in their opinion are relevant to the project. The choose of respondents is guided by the judgement of the investigator" jedha. Yaadni kunis, iddattoo akkayyoo keessatti, qorataan tokko odeefkennitoota kanneen dhimma qorannichaarratti itti dhiyeenyaan waa'ee dhimma qoratamu sanaa nibeeku jedhaman ofiin murteessee akka filate agarsiisa.

Kanaafuu, qoratichi jalqabarratti, hawaasa Aanaa Tolee keessa jiratan keessaa manguddootaafi hojjattoota Aadaafi Turizimii Aanaa Toleerraa odeeffannoo qorannoo kanaaf isaa gargaaran argachuun danda'a jedhee kaayyeffatera. Kanaafuu, jalqabarratti itti dhiyeenyaan waa'ee Aadaa Oromoo Sooddoo Aanaa Tolerratti kan hojjetan, hojjettoota Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Tolee mariisisuudhaan gandoota Sadan sooddoo Aanaan Tolee digdamii jaha qabdu keessaa, gandoota gandoota Oromoon Sooddoo bal'inaan keessa jiraatan Shan filateera. Sababni qorataan gandoota kana filatees, gandoota kanneen keessaa bal'inaan kan jiraatan Oromoo Sooddoo waan ta'aniif. Gandoonni filataman kunneenis kanneen akka: Ganda Baantuu, Baantuu Boodhaa, Kuraa Lukkuu, Kooceefi Bilii Maallimaati.

Sababni iddatteessuun darbaa dabarsaa filatameef ammoo, jamaan kaayyoo qorannichaa galmaan ga'u jedhamanii eegaman odeeffannoo dabalataaf namoota biroo akka eeraan yaadameeti. Waa'ee gosa iddatteessuu kana ilaalchisuun, Kumar (2005) yoo ibsu, "Snow balling is the process of selecting a sample using a networks," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, malli idaattessuu darbaa dabarsaa, namoota odeeffannoon irraa funaanamu muraasatti fayyadamuudhaan karaa odeefkennitoota danuu bira gahanii ragaalee walitti qabataniidha.

### 3.4. Malleewwan Funaansa Ragaalee

Odeeffannoo akkamtaa funaanuudhaaf meeshalee funaansa ragaalee jiran keessaa yeroo baay'ee kan hojiirra oolu afgaaffii, marii garee xiyyeeffataamaa, sakaata'a dookumentiifi daawwannaa fa'i. Meeshalee kanneen keessa ammoo, qorannoo kana keessatti hojiirra kan oolan afgaaffii, marii garee xiyyeeffataafi daawwannaadha.

#### 3.4.1. Af  Gaaffii

Afgaaffiin, gaaffii qorataan odeeffattoota filataman afaaniin gaafatudha. Waa'ee meeshaa odeeffannoo akkamtaa funaanuuf gargaaru kanaa ilaalchuun, Dastaa (2013:111) yoo ibsu:
*Afgaaffiin gosoota meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee, kan qorataafi odeef-kennan fuulleetti wal arganii odeeffannoo waliif kennani. Odeeffannoo afgaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeeffataa gaafachuu danda'uu isaati.* jedha.
Haaluma kanaan, Punch (1998:38) bu'aa afgaaffiin qorannoo akkamtaa keessatti qabuun walqabsiisee afaan Ingiliffaati akka jedhe,"Interview is one of the main data collection tool in qualitative research. It is very good way of assessing people perception," jechuun lafa kaa'a. Kunis afgaaffiin qorannoo akkamtaa keessatti odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaanuuf meeshaa baay'ee barbaachisaa ta'uusaa agarsiisa. Sababa kanaaf, qoratichi afgaaffii mitiqindaa'atti gargaaramuun manguddootaafi hojjettota Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Tolee ragaalee qorannoosaaf isa barbaachisan argachuuf filateera. Qaamoleen jalqaba odeeffannoon irraa funaanamus, manguddoota aanichaati. Kunis,  Manguddoota Oromoo Soodddoo yeroo baay'ee araara irratti hirmaatan sagal gaafachuun kan raawwatameedha. Yeroo kanattis, qoratan meeshaa waraabbii sagaleefi yaadannoo qabachuutti dhimmaa bahamee jira.

Qaamoleen afgaaffiidhaan odeeffannoon irraa argame inni biraa immoo hojjettoota Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Toleeti. Hojjettoonni biroo kanaa afoola adda addaa hawaasa keessaa guuruudhaan galmeessanii kaa'uurratti waan xiyyeeffataniif waa'ee mammaaksafi faayidaa isaa nibeeku. Manguddootuma kanarraas, gahee mammaaksonnifi jechaawwan araaraa keessatti qaburratti hubannoo argatanii jiru jedhamanii waan yaadamaniif.

### 3.4.2. Marii Garee Xiyyeeffataa

Karaa marii garee xiyyeeffataas odeefkennitoonni afgaaffii isaaniif dhiyaaterratti walmarii'atanii qoratichaaf odeeffannoo akka kennaniif kan qophaa'edha. Namoonni marii gaareerratti xiyyeefate kanarratti hirmaatan kutaalee hawaasaa garaagaraa keessaa kan filatamaniidha. Kutaaleen hawaasaa isaan keessa filatamaniis qonnaan bultoota, hojjattoota mootummaafi daldaltoota. Namoonni kunniin waliigatatti kudha shaniidha.

### 3.4.3. Daawwannaa

Malli funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti hojiirra oole inni biraan Daawwannaadha. Haala uumametti fayyadamuun bakka jaarsolii biyyaa araara gaggeessan qaaman keessatti argamuun odeeffannoo baarbaachisu sassaabatee jira. Daawwannaa kan gaggeessuuf qoratichi bakka araarrii itti gaggeeffamu shanitti argamuun odeeffannoo kan guurratee jira. Bakki araaraa kunis lama walittii bu'iinsa abbaa manaafi haadha warraa, tokko walitti bu'isa daangaa lafaarratti muudateen miidhaa qaamaa irraa qaqqabeef araara taasfamefi lamaan hafan laman araara lola osoo gabaa galanii taasifamerratti jaarsolii heeyyamsiisuun qorattichi keessatti argamuun haala sirni araaraa itti raawwatu hordofuun odeefannoo barbaachisu sassabateera.

## 3.5. Mala Xiinxala Ragaalee

Qorataan odeeffannoo barbachisoo ta'an meeshaalee funaansa odeeffannoo kanneen akka: afgaaffii, marii gareefi daawwannaatti gargaaramuun ragaalee erga walitti qabateen booda mala xiinxala ragaalee keessaa mala akkamtaatti fayyadamuun nixiinxale. Kana jechuunis, odeeffannoon odeeffattootarra argameefi Daawwannaan akkataa kaayyoo gooree kaayyoo gooretiin walitti qabamee jira. Haaluma ragaa aragameerratti hundaa'uun akkaataa duraa duubummaa sirnichaatin adda qoqqooduun kan xinxaaluun, itti aansudhaan ragaalee aragamani akkaataa walifakkaataniin ibsi itti kennamaa deeme

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Boqonnaan kun bu'aa qorannoo kanaatiif ciicata guddaadha. Sababni isaas, kaayyoon jalqaba qorannoo kana keessaatti karoorfamee ka'e, galmaan ga'uun isaa kan mirkanaa'u kutaa kana keessattidha. Yaada ka'umsi qorannichaa irratti fuulleffatan mirkaneessuuf ragaaleen meeshaalee funaansa ragaatiin argaman kan xiinxalaman kutaa kana jalattidha.

Ragaaleen xiinxalamanis, kanneen akka: gahee mammaaksi sirna araaraa keessatti qabu, haala itti fayyadama jechaawwanii sirna araaraa keessatti jiranii kan hawaasa Oromoo Aanaa Tolee xiyyeeffachuun xiinxaluudha.Walumaagalatti, adeemsiifi xiyyeeffannoon qorannichaa boqonnaawwan duraa keessatti qiqindaa'aafi karoorfamaa turan boqonnaa kana keessatti xiinxalamuun ibsamu jechuudha.

## 4.1 Odeeffannoo Ragaa Kennitootaa

Ragaan odeefa kennitootaa umurii isaan jiddutti argaman akka armaan gadiitti dhiyaatera. Odeefkennitoonni umurii 40-49 gidduu jiran baay'nni isaanii dhi 7fi dub 5 wal= 12 yoo ta'u, hojiin isaanii ammoo qonnaan bultootaa,hojjettoota mootummaafi daldaltoota. Umurii 50-59 kan ta'an ammoo dhi=6 yoo ta'an, hojiin isaanii qonnaan bultootaa,hojjettoota mootummaafi daldaltoota. Akkasumas, umurii 60-69 kan ta'an baay'naan dhi =4fi dub=1 wal=5 yoo ta'an, hojiin isaanii qonnaan bultootaa,hojjettoota mootummaafi daldaltoota. Dabalataan umurii 70-79 kan ta'an dhi= 3yoo ta'an, hojiin isaanii ammoo daldalaafi qonnaan bultootadha. Dhumarratti, umurii 80 ol kan ta'an ammoo baay'inaan dhi=5 yoo ta'a, jaarsolii soorama bahaanidha. Dabalataan, gabatee raga-kennitoota ragaalee qorannichaa gandoota garaagaraa kanneen akka: ganda Baantuu, Kuraa Lukkuu, Baantuu boodhaa, Bilii maallimaafi Koocee agarsiisu.

Namoonni odeeffannoo ragaa kennanna hundi isaanii umuriin isaanii waggaa 40 oli. Namoonnii kunnii muuxannoo sirna araaraa keessatti yeroo dheeraa waan dabarsaniif kan filatamaniidha. Dubartoonni akka aadaa Oromoo Sooddotti hirmaannan isaan sirna araaraa keessatti qaban maal akka fakkaatu adda baafachuuf jecha qoratichi dubartoota akka ragaa kennitootatti filateera.

Walumaagalatti, adeemsiifi xiyyeeffannoon qorannichaa boqonnaawwan duraa keessatti qiqindaa'aafi karoorfamaa turan boqonnaa kana keessatti ragaalee odeefkennitootarraa argame bu'uura godhachuun xiinxalamanii ibsamaniiru.

### 4.2 Haala Jaarsoliin araaraa itti filataman.

Akka Oromoo Sooddotti jaarsoliin araaraa kan filatamaniin karaa garaagaraatin filatamuu danda'u. Isaaniis: Jaarsolii abbotii dhimmaatiin namoota amanataniifi jaarsummaa keessatti gahee olaanaa qabu jedhanii amanatan lakkaawatu. Kanaas kan lakkoofsisan namoota nama hariiroo walitti dhufeenyaa qabantu nama sanatti dhiyaachuun lakkoofsisa. Kan gara lamaanituu haaluma kanaa raawwatama. Haalli jaarsooliin itti filataman inni lammaffan immoo bakka abbootin dhimmaa hin argamnetti namootti walitti dhufuun mar'achuun jaarsolii araaraas lakka'udhaan gara namoota sanaa dhaqanii akka namoota kenniin walitti fiduun araarsan kan taasifamuudha.Kan biraa immoo namoonni yeroo baay'ee jaarsummaa keessatti hirmaataa turan kaka'uumsa mataa isaanitiin walitti dhufanii kan araarsaniifi kanaafi karaa biraatin filamu. Namoonni filataman kunis namoota hubannoo adeemsa siranaa araaraa irratti qaba ta'ee jiddu galeessan umuriin isaanii yeroo baay'ee waggaa 40 ol akka ta'eefi kan keessatti hirmaatan irra caalaa warreen dhiirotaa akka ta'anaf gaaffii 15/06/2011 tti Jaarsa biyyaa (Obbo Aangessaa Kootuu) Waliin taasifamerraa hubatamuu danda'eera.

### 4.3. Adeemsa Sirna Araaraafi Itti fayyadama Jechaawwanii

Adeemsi sirna araaraa keessatti bakkiifi guyyaan ni filatama.

#### 4.3.1 Yoomessa Sirna Araaraa

Sirnoonni garaa garaa yoomessa mataa isaanii qabu. Isaanii kan yeroofi bakkaan murta'aniidha. Kana jechuunis, kan isaan hojiirra oolan yeroo beekamaa ta'e tokko keessattidha.Araarri akka aadaa Oromoo Sooddotti guyyoota itti raawwatamu qaba. Guyyoonni kunninis guyyoota akka Dilbata, Kibxataa, Kamisaafi Sambata xiqqaa gaggeefama. Guyyaanni kunniin akka Oromoo Sooddootti guyyoota Caginoo kan hin taane ykn guyyoota garaa laafan waan ta'aniif araarri guyyaa kana yoo taasfame araarri ni milkaa'a jedhanii amanu. Guyyoota kanneen ganaman ka'uun jaarsoliin bakka araaraf filatan dhaquun araara gagggeessu. Kunis kan ta'eef afaan ganama irriibarraa ka'een araarsuf. Afaan ganamaa dubbii araaran yoo banatan yookaan jalqaban dubbiin araaraa ni milkaa'a jedhanii fudhatu.

Akka aadaa Oromootti araarri bakkuma hundatti hingaggeefamu bakka itti gaggeefamu qaba. Yaroo baay'ee bakki arraaraaf filatamu Ardaa jilaafi Qe'ee nama beekamaa ta'ee muka Gaaddisa

guddaa qabu jalatti. Mukkeen akkasii Odaa, Qilxuu, Gololee( Laaftoo), Garbii, Birbirsa, Bakkannisafi kkf ta’uu danda’u. Gaaddifni mukkeen kanneenii qabbana qabu, Dubbiin araaraa sun akka itti hin cimneefi akka nageenyi bu’uuf nageenyaafi gaaddisa walitti fakkeessu. Kana malees, Ummatni Oromoo gaaddisa akka galmaatti fudhata. Bakka galmaatti Waaqatu argama jedhamee waan yaadamuuf yoo bakka gaadisa mukkeen kanneen itti araarri gaggeeffame Waaqayyoon keessatti argamuun araarsa jedhamee fudhatama.



**Suura Muka Iddoo Araaraa Qilxuu Baantuu**

Oromoo Soddoo bakka arara kan irraa taa’amu lafa margaa yookan marcuma ta’ama. Ummata Oromoo biratti margi iddoo guddaa qaba. Kan Oromoo Sooddoo biratti margatti gargaraman tomlaata Waaqatiif galata galchuu, araara waaqa kadhachuufi deegarsa Waaqaa gafachuuf marga qabatanii kadhatu. Sirna araaraa keessatti jaarsoliin marga jiidhaarra waanti taa’anaiif araarri rakkoo muudate qabbaneessuuf taasifama waan ta’eefuu waaqayyoonis deegarsa jaarsolii sanaa taasisee akka rakkinicha furuuf jedhaniiti. Margi uumaa rabbiiti uumaafi uumamni hariiroo qabu. kanaaf margarra ta’uun akka nageenya waaqa gaafachuuti fudhatama. afgaaffii 21/06/2011 (Obboo Irranaa Yaadasaafi Akaalawald Dammaqaa).

Adeemsa sirna araaraa keessatti waantoonni garaagaraatu raawwatama. Waantonni raawwataman hunduu waan raawwatamaniif qabu. Waantonni kunniin araara miidhaa dhaqqabee hunda keessatti wal hinfakkaatan. Kunis kan ta’eef araarri guyyaa tokkotti

xumuramuuf kan hanga ji’oota heddu lakkoofsisanii waan jiraniif. Qorannoo kan keessatti jechootaafi mammaaksa sirna araaraa hunda keessatti itti gargaaraman dhiyeessuun waan hin danda’amneef qorannoo kana keessatti kan dhiyeete garuu, kan sirna araaraa lola yookan walitti bu’iinsaa keessatti itti dhimma bahamaniidha.

Akka afgaaffii ogeessa Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Tolee 21/06/2011 (Obbo Damaamuu W/ Mikaa’eliifi Fayyisaa Dhaabii) ibsaniifi Dawwaannaa guyyaa 4/07/2011, 11/07/2011fi 20/07/2011 taasifamerraa hubachuun danda’ametti: adeemsa sirna araarafi itti fayyadama jechawwanii akka kanaa gadiitti ibsamaniiru.

### 4.3.2Haala Sirni Araaraa Itti jalqabu

Sirni Araaraa tokko akka Oromoo Sooddotti yammuu gaggeeffamu keessaa namoota miidhaa yaadaa yookan miidhaa qaamaa walirratti gaggeessan wal biratti argamuu qabu. Araara gosa kamiyyuu ta’u miidhaafi miidhamaan bakka aragamanitti araarri jalqabama. Araarri haala adda addaatiin ilaalamuu danda’a. Innis: Kan jaarsolii naannootiin taasifamuufi kan gosaan araaraman ta’uu danda’a. Kan jaarsolii naannootiin taasifamu walitti bu’iinsa salphaa ta’ee kan namoota dhuunfaa lama yookan lamaa oli jidduutti rakkoo muudateef. Kan gosa lakkawatan immoo miidhaan dhaqqabe cimaa ta’ee rakkoon sun namoota sana bira darbee gosa walitti buusa jedhamee yoo sodaatameedha. Kunis miidhaa hir’ina qaamaa ni dabalata.

Kanaaf immoo rakkoon mul’ate kun miidhaa biraa akka hin finneef jaarsoliin miidhaa dhaqabe sana dubbii araaratiin adda baafachuun furamaata akka argatu taasisuudhan rakkoon dabalamee akka hinmuudannee hambisu.



**Suuraa yeroo jaarsoliin abbaa warraafi haadha warraa araarsanii**

Akka aadaa Oromootti jaarsa jechuun nama umurii buleessaa ta’efi nama bilchina yaadaa qabuudha. Kanaaf namoonni jarsaa hin taane dubbii jaarsumaa keessatti hirmaachuu hin danda’an. Jaarsa jechuun namoota kabaja guddaa hawaasa keessatti qaban, Caffee galeessa ( manguddoo bakka caffee deemuun seera lablabame hordofuun seera caffee beeku). Kanaafuu abbootiin gadaa sirna araaraa keessatti adda durummaan kan hirmaataniidha. Oromoon Sooddoo jaarsaafi waaqa akka tokkotti ilaalu. Kanaaf “kan jaarsi mureefi kan waaqni mure deebii hin qabu” jedhu. Kun kan agarsiisu jechi **“jaarsa”** jedhu kabajaafi ulfia ta’uudha.

Sirni araaraa yeroo jalqabu kadhannaa waaqatiin. Oromoon yeroo Waaqa kadhatu marga jiidhaa harkatti qabachuun yookan gad jedhanii lafatti marga qabachuun kadhaan gaggeeffama. Margi jiidhaan qabatanii yoo Waaqa kadhatan kadhannaa namaa dhagahuun nageenya buusa. Nageenyi yoo bu’e immoo namni wallole ni araarama. Jaalalli namoota jidduutti bu’a. Rakkoon uumame nifurama. Kanaaf akka Oromoo Soddoo margiifi dhiifamni waaqaa walqabata waanta’ee marga malee kadhannaan hin gaggeeffamu. Margis Coqorsa yookan Saardoodha. Margoonni kunniin kan filatamaniif gannaa bonatti hingogan. Lafarra yaa’uun baay’atu. Kunis kan mul’su jiidhinsi nageenya, wal hormaataafi fufiinsa jaalala agarsiisuuf. Kana malees, uleen manguddoonni qabatanii araara gaggeessan ulee sirriidha. Uleen kunis yeroo baa’ee muka Arooressarraa kan murameedha. Ulee sirriin kan bakka bu’e araarri gageefamu akka qajeeluudha.



**Suuraa  Lafa bakkee araaraa agarsiisu**

### 4.3.3 Jechaawwan Yeroo Sirna Araraa Itti gargaaraman

Sirni araraa kadhannaa Waaqatiin jalqaba. Kadhannaa keessatti jaarsoliin waantoota araara keessatti akka ta'u barbaadan kaasudhaan waaqa waammatu.



**Suuraa yammuu jarsoliin Waaqa kadhatan agarsiisu**

Akka daawwannaa 11/07/2011 irraa hubachuuna danda'ametti manguddoonni akkas jechuun jalqaba araaraa irratti kadhatan.

Yaa Waaqi nu dhagayi,
Tokkicha maqaa dhibbaa,
Leemoo garaa taliilaa,
Kan ajajuu malee hin ajajamne,
Kan hunda walqixxeessitu.
Kan nagaan nu bulchite,
Nagaan nu oolchi.
Hama nu hin dubbisin,
Arraba keenya qajeelchi,
Kan wallole araarsi
Dubbataan Nama
Araarsaan Waaqa
Araarsi Waaqi!

Akka kadhannaa araraa kanarraa hubachuun danda'amutti kadhannaa kana keessatti jechoonnii dhimmaa itti bahan ilaaluun barbaachisaadha. Sarara jalqabaa keessatti " Yaa Waaqi nu dhagayi" kan jedhu kadhaannaa sun kan eenyaa akka ta'e agarsiisuuf. Abbaan kadhannaa sanaa Waaqa ta'uu mul'ise. Kadhannaan saraara lammaffaa hanga afurii jiran immoo eenyummaa Waaqaa kan ibsaniidha. Kanneen sararaa shanaffaa hanga dhumaa jiran immoo deegarasa Waaqarraa barbaadan kan ittiin ibsataniidha. Kaassattuu " kan dubbataan nama, araarsan waaqa" jedhu keessatti hariiroon waaqaafi jaarsolii jidduu jiru kan ifatti mul'isuudha. Kanaafuu jaarisi akka waaqa bakka bu'anii araarsan. Kaaf immoo dogoggorri araara irratti uumamuu akka hin qabnefi dhugaa qofaan araarsuu jaarsaa kan agarsiisudha. Kanaafuu Jaarsi bakka bu'aa waaqatti akka ta'etti jechawwan kunniin ifatti mul'isaniiru.

Kadhannaatti aansudhaan sirna araaraa keessatti kan raawatamu waadaa galchisiisudha. Jarsolin namoota walitti bu'an jechawwan itti dhimma bahanii galchisiisan qabu. Waadaas akka kanaa gadiitti galchisiisu. Namoonni kunniinis jalaa qabuun "eeyyee" jedhu deebisu. Eeyyee jechuun fudhachuu namoota kanaa agarsiisa jechuudha.

**Manguddoota Waadan Namoota Waadaa fudhatan**

| | |
|---|---|
| Dubbii jaarsatti kennattanii | Eeyyee |
| Garaa qulqulluun nutti kennattanii | “ |
| Dhugaan isin araarsinaa | “ |
| Dhugaa jirtu nifudhattuu | “ |
| Manguddoo hinmilqixanii | “ |
| Yoo miliqxanii nibadduu | “ |
| Yoo miliqxa nimucucaattuu | “ |
| Iddii fardi irra ejjatte taatuu | “ |
| Kanfacaafatan hin marguu | “ |
| Manni keessan kan ibiddaa ta’aa | “ |

Jechoota kanneeniifi kan biroo jechuun akka namoonni erga dubbiin araaraa jalqabame duubatti hin deebineefi erga namni amanee gara seeraa hin deemneef jedhanii waadaa galchisiisu. Waadaa kana keessaa jechoonni itti gargaaraman kunniin sirna araaraa kana keessatti gahee guddaa akka qabaniidha. Kunis adeemsa araaraa keessatti rakkoo mul’atu ittii hambisuuf itti gargaaramu. Adeemsa araaraa keessatti araaraa kennatanii akka hin dhiifne taasisuuf; waanta jaarsoliin jedhan akka hin didne taasisuuf gargaara. fakkenyaf jechi “mucucaachuu” jechuun du’uun bakka bu’a. iddiin fardi irra ejjatte immoo sanyiin isaa cituu agarsiisa. Midhaan marguu dhabuun immoo beelaf akka saaxilamuutti hiikama.

Waadatti aansudhaan jaarsi jiddu galeessi dhimma namoota lamaanii ilaalchisee yaada kaasa. Itti aansudhaan manguddoonnii

Reeban kami?

Reebamaan Kami ?

Jechuun gaafatu. Akka sirana araaratti ‘reebaa’ jechuum miidhamaa jechuudha. ‘Reebamaan’ immoo kan miidhef rakkoon inni uume ilaalamu barbaadameedha.Haaluma kanaan miidhamaarraa jalqabuun waanta miidhame jedhee ibsatu dhageeffatu. Itti aansuun kan miidhe jedhamu irraa yaada isaa dhaggeeffatu. Amanuufi dhiisuu isaa adda baafatu. Yoo kan amane ta’ee dhiigni nama miidhamee lafa kan bu’e ta’e **horiin qabbanee** akka lafa kaa’uti taasifama. Qabbaneen kun kan hammatu hoolaa korpheessa, dhadhaa, dammafi bassoodha. Qabbaneen kan kennamu dubbin akka qabbanaa’uuf. Qabbaneen kunis kan kennamuuf akka kan miidhame

ittiin dandamatuuf. Qabbaneen kennamnaan araarri karaa qabate waan ta'eefuu namoonni walhin gadan hanga yeroo beellama itti aanutti rakkoo tokko osoo hinuumin eegatu.



**Suuraa Hoolaa Qabbaneessaf Kenname**

Yoo kan namni miidhaa geessise jedhame kun miidhaa kan dhaqabsiise isa ta'uu haale yookin fudhachuu dide yeroo biraatti beellamu. Kunis dubbicha gudeedarraa qulqulleefachuu yoo barbaadan yookan immoo, akka caffe galeessi keessatti hirmaatu yoo barbaadame; gosti akka hirmaatufi karaa biraan dubbicha qulqulleefachuuf nibeellamu.

Jaarsoliin beellamanii qofa yookan gorora goggogee tufanii hin deeman. Mijuutu qophaa'eef dhamdhamanii galu. Manguddoon afaan gogaa deemuun akka safuun hawaasichaa cabeetti ilaalama. Kana malees, sirna araaraa keessatti waantoota goggogaan akka milkii badaatti ilaalamu.

Guuyyaa beellamaa manguddoon ammas araara eebban jalqabu. Eebbatti aansuudhaan manguddoonni maaliif bullee? Jedhanii walgaafachuun bakka dhaaban irraa jalqabuu itti fufuun dhimmicha qulqulleefachuu itti fufu. Erga waantoota ta'eniifi miidhaa qaqqabe adda baafatanii gara murtii yookan tarkaanfitti (kiisii)tti darbu.

### 4.3.4 Adeemsa xumura Sirna Araaraa

Xumura sirna araaraa keessatti waantootti raawwatanama bal'inaan adabbii dabarsuu, kiisii kennisiisuun walitti araarsudha. Araarri namoota wallolan jidduutti akka nageenyi bu'u gochuudha.

Akkaatan araarri itti xumuramuus adeemsa mataa isaa qaba. Adeemsa kana keessatti jaarsoliin jechaawwan itti dhimma bahan qabu. Duraan dursanii jaarsoliin namoota walitti araarsaa jiran sanaan gurra nuuf ergisaa yookan nurraa guddadhaa jechuuna akka isaan biraa deeman taasisu. Sana booda miidaan qaqqabee gosa adabbii kam akka ta'eefi meeqa waaqaaf, meeqa lafaaf, meeqa immoo namaa akka dhiisuu qaburratti amar'atu. Kan jechuun adabbii kenname sana hunda namni miidhame hin fudhatu jechuudha.Kanaafuu gosoota kiisii sanarraa nidhiisa.

**Gosoota kiisii lolaaf muramuu**

Gosoota kiisii bakka sadiitti qoodamu isaaniis

a. Kiisii Kormaa, Goromsaafi Muudaa: gosti kiisii kun miidhaan guddaan qaamarratti kan qaqqabeefi hir'ina qaamaatiif kan muramuudha. Kunis kormaafi goromsatu qaama miidhamee kennanii dhadhaa muuduun kan raawwatuudha. Gosti kiisii kanaa yeroo ammaa gatiin kormaafi raadaa maallaqatti jijjiramee kan kennamuudha.



**Suura horii kiisii miidhaa qaamaa dhaqabeef kennaman**

b. Wandaboo lafa gahuufi muudaa: wandaboon lafa gahu jechuun uffata guutuun kiisuudha. Kan jechuun namni miidhe sun kan miidhameetti akka uwwifamu gochuudha. Kunis lola maatii ( Yoo ilmi abbatti yookan haadhafi maatii keessaa angafa tan) jidduutt walitti bu'iinsi uumameef kan murtaa'udha.

c. Wandaboo qomaafi mijuu alaa mana guutuu: gosti kiisii kun miidha salphaa ta'ee kan murtaa'udha. Wandaboon qomaa kan jedhamu immoo uffata akka gaabii, naxalaafi diggisiin kan araarfamuudha.

Gosoota kiisii kan cinaa maallaqni kennamuus ni jira kuniis maallaqa yaalamuuf baase jedhee miidhamaan himateedha. Jaarsoliin gosa kiisii keessaa kam akka nama miidhamee murtaa'u erga adda baafatanii booda nama miidhame waamu. Erga namni miidhame dhufee jaarsi waltajjii yookan jiddugaleessan filatame waanta murtaa'eef itti hima. Sana booda inni akka deebi'ee biraa deemu gaafatu. Itti aansudhaan isa miidhe jedhaniitu waamana. Haalun duraatin manguddoon waltajjii ta'e waanta akka kiisuuf itti murtaa'u itti himu. Kana booda jaarsoliin kiisii kana qoomoliin lameenuu fudhachuuf dhiisuu isaanii ni mirkaneeffatu.

Kiisiin murame kan fudhatan yoota'e waantoota itti aanutu raawwatama.

Jalqaba nama muraameef sanaan kiisii murameef keessaa waaqaaf, lafaafi namaaf meeqa akka keessaa dhiisu gaafatu. Innis kan osoo hin baasin itti dabalee himate irraa dhiisee isa qabatamaan baasetti galchee kan hafe akka dhiisetti jaarsoliif ibsa. Isaanis dhiisuu isaatif galateefachuun ni eebbisu.

Kanatti aansudhaan akka jaalalli jidduu namootaa kanatti bu'uuf waada galchisiisu. Waadan inni xumuraa kun eebba of keessaa qaba. Jechoota Waadaa xumuraa haaluma kanaan akka aramaan gadiitti waadu:

| **Kan waadaa kennu** | **Kan fudhatan** |
|---|---|
| Araaramtanii | eeyyee |
| Kana booda walhin barbaaddanii | eeyyee |
| Garaan keessan tokko ta'ee | eeyyee |
| Walii qulqullooftanii | eeyyee |
| Dhugaa waaqnifi lafti isinii mure nifudhattuu | eeyyee |
| Hamtuun akkanaa isinitti hin deebi'in | eeyyee |
| Toltuun isin hin hanqatin | eeyyee |
| Manguddoonni nagaan mana keessanitti galaa | eeyyee |
| Jaarsa garaa coomaa ta'a | eeyyee |
| Arabni keessan qorsa haa ta'u | eeyyee |
| Eebbistanii hin dhaabinaa | eeyyee |
| Abaartanii barbadeessaa | eeyyee |

Nagaan galaa jedhu.

Jechawwan eebbaafi waadaa xumuraa kana keessatti itti gargaaraman araara gaggeefame ittiin mirkaneefachuuf kan oolaniidha. Kana malees, gahee jaarsolii agarsiisuuf kanneen tajaajilaniidha. Kanattii aansuudhaan, araarri waadaafi eebban araara xumurame qaamolee lamaan keessaa inni miidhe bakka inni miidhame taa'utti " waaqaa jettee naaf dhiiftee" jechuun gatittii dhungata. Inni miidhamees " Waaqaf jedhee siif dhiise" jedhee deebisee gatittii dhungata. Itti fufuun namoota achi jiran hunda dabaree dabareen gatittii dhungatanii waliingahu. Gatittii dhungachuun araarri bu'uu agarsiisa.

Erga araarri bu'ee namoonni hunduu gara mana miidhamaa dhaqan mijuu namni miidhen qophaa'ee gara mana nama miidhamee geesse dhamdhamu. Jalqaba namoota walitti bu'anitu unee wal unsiisa. Itti aansudhaan namoota hundaa buusuun dhuganii nyaachuun araara xumuru.

Kiisii murame sana gama lamaan keessaa tokko fudhachuu kan didu yoo ta'e geeffata lakkaawatu. Geeffata jechuun caffe galeessafi Manguddoota ulaa ba'eessa ta'an akka filatan taasisuun karaa namoota kanaatin akka kiisiin muramu ta'a. Sababni isaa Caffee galessiifi ulaa ba'eeyyiin miidhaa gahe hundaaf kiisiin maaltu muramuu akka qabu seera tumaarratti hirmaachuun waraabbatu( baratu) waan ta'eefuu xiqqateefi guddatee kiisii muramee irra deebi'anii ilaaluun sirreessun muru waan ta'eef.

**4.4 .Hariiroo Mammaaksaafi Araaraa**

Haariroo mammaaksaafi Araarri qaban osoo hin ilaaliin maalummaa Araaraa ilaaluun gaariita'a.

**Maalummaa Araaraa**: Araaraa jechuun waantoota dhallii namaa jiruufi jireenyaa keessatti yaadan yookan qaaman walitti bu'an sirreesun dandii jireenyaa sirri ta'eetti akka deebi'an gochuudha. Akkasumas, hawaasa Oromoo Sodoo biratti Araara jechuun yaada miseensa garee hawaasaa birattifi akka aadaa hawaasichaatti fudhatama qaburraatti xiyyeeffachuun miseensi hawaasichaa: gama hawaasummaan, siyaasaan, diinagdeeniifi eenyummaa isaaniitiin karaa walfakkaataarra akka deema gochuuf sirna gaggeefamuudha. Dabalataaniis Araarri kan gaggeefamu yoo wadhabdeen namoota, gosa, abbaa warraafi haadha warraa, abbaafi ilmaa, fi kkf giddutti uumame karaa manguddootaatiin walitti deebisanii namoonni kunniin rakkoo osoo walirraan hin ga'in akka waliin jiraataniif sirna gaggeefamuudha(Madda: Manguddoo Oromoo, Angessaa Kootuu , Mul'ata Cawwaaqaa, Lidatuu Lammeessaa, Nagaash Horseefi Taarraqanyi Guddataa ).

### 4.4.1. Yomessaa Mammaaksaa Sirna araaraa Keessatti

Maammaaksi sirna araaraa keessatti eessatti itti fayyadamuun danda'ama gaaffii jedhuuf yaadoliin armaan gadii taa'aniiru. Mammaaksi akka gooreewwan afoolaa warren birootti yeroofi bakkaan danga'uu hin daanga'u (Malkaamuu, 2007). Akkasumas, waa'ee yoomessa mammaaksaa ilaalchisuun, Ben. Amos (1975:192) yoo ibsu, "While story telling and riddling have definite temporal and spatial features, the time and space of proverb sayings is situational," jechuun lafa kaa'a. Akka yaada kanaatti, mammaaksi yeroofi bakkan murtee kan mammaakamu osoo hintaane, iddoofi haala nama barbaachise kessatti tajaajila kennusaa hubanna. Kun ammoo, mammaaksi jiruufi jireenya dhala namaa keessatti kallatti adda addan yeroofi bakkan osoo hindaangahiin tajaajila akka kennu mirkaneessa.

Damee afoolaa keessaa mammaaksi ummata Oromoo biratti baay'ee beekamaafi dhimma gara garaatiif kan itti maayii ba'aniidha. Kutaa kana keessatti faayidaa mammaaksota Oromoo sirna araaraa keessatti qabu dhiyaate. Araarri gulantaalee sadii akka qabu odeefkennitoota 15/06/2011 (Obbo Aangessa Kootuu) waaliin taasifamerraa hubachuun danda'ameera. Akka ibsa manguddoo kanaatti gulantaaleen araaraa jalqaba, yeroo araaraafi guduunfaa araaraa jechuun qoodu. Gahee mammaaksi gulaantaaleen kana keessatti qabu adda addaan ilaaluun barbaachusaadha. Gulantaalee kanneen keessatti mammaksitii itti dhimmaa bahamuu faayinaan inni qabu garagara akka ta'e kaasu. Gulantaalee kana keessatti faayidaa mammaaksi qabu tokko tokkoon akka armaan gadiitti ibsameera.

### 4.4.2 Adeemsa sirna araara keessatti fayidaan mamaaksa maal jedhama?

Mammaaksi ogummaa hawaasa itti fayyadamu sanaa mul'isa; akkasumas, walitti dhufeenya hawaasaa ibsuuf, aadaafi barsiifata hawaasaa, seerota uumamaafi haqa agarsiisaniifi hiikan bu'uureffata. Mammaaksonni duudhaafi akkaataa bulmaata hawaasaa kanneen akka: aadaa, safuufi barsiifata hawaasaarra miidhaa gahan dhorkuuf nitajaajilu (Fiqaaduun, 2007). Kana malees, mammaaksonni amantii wajjiin kan walqabatan ykn miti-amantii ta'uu danda'u. Yaada kana ilaalchisuun, Thomas (2005) yoo ibsu, "The entire world view of the people is rooted with in proverbs and wise saying and many of these proverbs govern religious and social behavior," jechuun ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti, mammaaksonni ilaalcha addunyaa, safuufi akeekkachiisa dalagaalee ykn amala hawaasaa kan hammataniidha.

Akkasumas, mammaaksi ga'umsa dubbii miidhagsanii dhiyeessuu niqaba. Kana ilaalchisee, Fiqaaduu (2007: 20) Sall (1999) wabeeffachuudhaan yoo ibsu, "Proverbs have the power to change peoples conduct, because the truths portrayed in them are so plain unchallangeable that those who understand the morals and advice the contain, feel complied to conduct their lives in the manner prescribed in the proverbs by the wise elders of old, jechuun lafa kaa'a. Akka yaada kanaatti ammoo, mammaaksi meeshaa dubbii miidhagsanii dhiyeessuuf kan gargaarudha. Akkasumas, ilaalchas ta'e, dhugaa qabatamaa gurra dhaggeeffataatti akka tolutti bocee, miidhagsee dhiyeessuun, amala namichaa gara amala hawaasni bal'aan barbaadutti gorsanii jijjiiruuf kan gargaarudha.

Dabalataanis, mammaaksi yaada jallataa sirreessun kallattii qabsiisuun walqabsiisee, Fiqaaduun (2007) Stewart (1991) wabeeffachuudhaan yoo ibsu¸ "The proverbs make the resolution of confusion, the end of history and speaks with avoice that is both time honored and superannuated," jedha. Akka yaada kanaatti, mammaaksi yaada joonjessaa ta'eef furmaata kennuu, dhuma seenaa tokkoo irratti tajaajila kennuufi sagalee yeroon irra jiruufi yeroo darbee duukaa dubbatamuun akka tajaajilu quba nuqabsiisa.

Walumaagalatti, yaada beektonni kaasaan waliin walqabsiisne yoo ilaalle, mammaaksi haala jiruufi jireenya dhala namaa keessatti gahee olaanaa qaba. Kanaafuu, jiruufi jireenya hawaasa keessatti mammaaksonni gariin, isaanii waa'ee, aadaa saba mammaaksichatti dhimma ba'uu yoo ibsan, warri kaan ammoo, seenaa hawaasichaan walqabsiisuun ni'ibsu. Akkasumas, walitti dhufeenya caasaa hawaasichaa: umuriin, gitaan, saalaaniifi haala jireenyan walqabsiisanii kan ibsanis nijiru. Mammaaksi sammuu namaa keessatti qophaa'a; namattis dubbatama. Kun ammoo, mammaaksiifi hawaasni kan gargar hinbaane ta'uusaa agarsiisa. Kanaafuu, mammaaksi hawaasa tokkoo gadi fageenyaan qoratamee haala addaa addaa keessatti hojiirra akka oolu gochuun ga'ee dhaloota hundaa keessumaa ammoo kan qaama baratanii ta'a. Akkasumas, bu'aa gooreen afoolaa kun hawaasichaaf buusu gingilchanii adda baasuun barreessanii kaa'anii dhaloota haaraaf dabarsuun, dhaloonni sun hambaa seenaa isaanii akka beekaniifi kununsan gochuuf nigargaara.

Haaluma kanaan fayidaa mammaaksi sirna araaraa keessatti qabu akka armaan gadiitti ibsameera.

### 4.4.2.1 Araara Qajeelchuuf

Oromoon Sooddoo sirna araaraa keessatti mammaksa  hedduminaan akka gargaaraman adda baafachuuf  jarsolii waliin afgaaffii taasifameen mammaaksi jalqaba sirna araaraa keessatti gaggeeffamutti mammakaman  faayidaa guddaa  akka qabu ragaa odeefkennitotaraa  irraa hubachuun dandaameera. Mammaaksi  araarri tokko  kallattii sirri qabatee deemuuf gahee guddaa akka qabuudha.  Fakkaanyaaf Mammaksi  “ Harreen waldhiitti malee ilkaan walhincabsitu” jedhu yoo jalqabaaraa keessatti mammakame, Namoonni walitti bu’an jidduu osoo walitti hin bu’in dura hariiroo kan qaban ta’uu ibsuuf. Kanarraa ka’uun namoonni walitti bu’an haarii jidduu isaanii jiru dagatanii fuula isaanii gara araaratti akka garagalfataniif karaa bana. Mammaaksa kana keessa ergaan jiru  harreen osoo waliin marga dheedaa jiruu wal dhiitti, garuu gargar hindeeman walumaan deebi’anii dheedu. Kana malees, wal dhiituu isaanitiin haaloon isaan walirratti qabatan kan hinjirreedha. Kan harreen wal dhiittu immoo qaamota isaanii keessaa afaan walii keessa.  Dhiitamuun immoo ilkaan hincabu’ akka manguddoon kun jedhanitti ilkaan harree cimaa ta’uu isaati . kana malee haalli itti waldhiitan cimina miidhaa of keessaa kan hin qabne ta’uudha. Kanaafuu mammaaksi akkanaa jalqaba Sirana araaraa irratti dhiyaachuu akka danda’uudha.

Mammaaksoota Jalqaba Sirana Araaraa irratti dhiyaatu ragaa odeefkennitotaraa argameen hubachuun dandaametti dubbiin araarri ittiin jalqabamu cimina akka horatu kan taasisuudhaaf gaaffii 15/06/2011 (Obbo Aangessaa Kootuu).

Haaluma kanaan mammaaksoonniifi yaanni bal'aan armaan gadii afgaaffii 17/06/2011 tti  Jaarsa biyyaa  (Obbo Siwayyaa Galaan) waliin taasifameen argameerraa argachuun danda’ameera.

Sirana araaraa keessatti  jaarsoliin  araara gaggeessan kan rakkisu  jalqaba yookan itti gala sirna araaraa irrattiidha. Kunis ta’uu kan danda’uuf  namoonni walitti bu’an si’ominaan araara waan hin fudhanneef. Namoota kana amansiisanii araaratti galchuuf immoo dubbiin itti fayyamamu dubbii qalbii namoota kanaa tuquun sirreessuu danda’u ta’uu akka qabuudha. Kanaaf immoo mammaaksatti dhimma bahuuf jaarsoliin akka dirqaman manguddoon kun nidubbata. Mammaaksi  Jalqabbii araaraarratti dhiyaan keessaa tokko “ Sangaan Waaqaa garaa keessa qota” jedhu yaa mammaakame namoonni keessa ofii dhofkatanii sababeessuun araara diduu barbaadan yoo dhokatan dheekamsa waaqaa waan sodaataniifuu waan keessa saanii jiru ifatti ibsatu. Kanarraa ka’uun jaarsoliin tooftaa maalitti gargaaramanii araarsuu akka qaban akka isaan baafataniif nigargaara

Sirni araaraa yeroo taasifamu dhugaan dhokate ifa baha. Namni dhugaan kun akka bahu hin barbaannee immoo araarri  akka bu'u hinbarbaadu. Kanaaf immoo jarsi tooftan namni kun araaratti seenu taasisu. Yaada Kana ilaalchisee  Siwayyaan wajjin af gaaffiifi  taasifameen akka ibsanitti  Namoota wallolan araarsuun hojii ulfaataa akka ta'eedha. Namni kamiyyuu jaarsa ta'eef araara keessatti hirmaachuu hin danda'u. namni hirmaachuu qabu nama muuxannoo araarsuu qabuuf  tooftaa ittin namoota kana walitti fidan beeku akka ta'eedha.  Keessattuu jalqaba  irratti namoota kana amansiisanii walitti fiduuf carraaqqii guddaa akka gaafatuudha. Namaaf immoo dubbii ittin nama amansiisan beekuu gaafata. Dubbii akkanaatiif mammaksi filatamaa akka ta'eedha.   Mammaaksi araara namni didu akka fudhatu taasisan heddutu jru keessaa tokko " Jaarsafii Bishaantu nama qulqulleessa"  kan jedhuudha. Mammaaksi  kun namoota araarri jidduutti taasifamu walitti fiduuf  cimina akka qabuudha. Kan miidhame waan isarratti raawwatame jaarsi ifa taasisa jedhe akka fudhatu godha. Kan miidhee dhofkachuu barbaadu immoo yoo jaarsan qulqulla'e akka cubbuun inni raawate dhiifamuufitti  fudhachuun araara jaarsatti kennata. Haaluma walifakkatun " dhugaan ni qal'atti malee hin cittu". Kan jedhu keessatti dubbii ija shakkiitin ilaalamtu, akka namoonni walitti bu'an ni qulqullaa'a jedhanii fudhatan taasisa. Kanaaf Oromoon Sooddoo kan itti beekamu keessaa  yoo bakki yakki yookin lolli itti raawwatetti namni ragaa ta'u kan hin jirree ta'ellee, tooftaa itti dhugaa baasan qabu. tooftaa kana keessaa tokko luka lakkaawachuudha.  Gudeeda jechuun maatii nama rakkoo uume jedhamee shakkamuu sun waanta raawatame sana inni raawachuufi dhiisuu akka kakataniif taasisuudha. Kunis kan ta'u, haala oolmaa nama sanaa itti dhiyeenyaan kan beeku isaan waan ta'eef. Namoota  Gudeeda  kakataniitti jaarsoliin akkas jechuun kan mammaakan " Kan arrabni dhalchu kormi hin dhalchu" jechuun.  Kanaafuu Oromoon Sooddoo waan dubbatu safeefataa dubbata. Soba ragaa hin bahan afgaaffii obboo 15/06/2011 (Obbo Aangeessaa Kootuu).

Jalqaba araaraa keessatti haaldureen namoonni araaraman ibsatan, adeemsi araaraa akka jaarsoliitti cimu waantoota taajisan keessaa isa tokkoodha.  Fakkeenyaa dhimmichi gama seeratiin waan ilaalamaa jiruuf gama jaarsatiin durfamee akka dhimmichi ilaalamu barbaaduun nimul'ata . Yeroo kana jaarsoliin tole jedhanii hin dhiisan amansiisanii akka gama jaarsatti dubbichi deebi'u taasisuu keessatti gaheen mammaaksaa olaanaa akka ta'e af gaaffii guyyaa 12/06/2011 ( Obbo  Lidatuu Lammeessaa) wajjin taasifamerraa hubachuun danada'ameera. Dhimma akkanaatiif mammaaksa akka "  Reefa firaa sagal garagalcha"  jedhuu itti mammaakama. Kana jechuun rakkoo uumame sana jaarsan qulqullaa'uu akka barbaaduf durasa

jaarsan yaalamuu akka qabuuf mammaakamaaf. Kana keessatti namni dura dhimmichi jaarsa biratti akka laalamuuf fedhii dhabe erga jaarsan ilaalamees dhimmicha seeraan ilaalamuu kan danda'u ta'uu hubata. Kan malees, yoo jaarsa didee deeme immoo jireenya hawaasummaa keessatti dhiibban narra gahuu danda'a jedhee waan yaaduuf karaa duraan qabate dheesee deebi'a. Jaarsoliinis dubbiin akka duubatti hin deebineef cimsanii namoota walitti fiduuf yaalu. Adeemsa kana keessa dubbin sun jaarsan xumurama).

#### 4.4.2.2 Araaran nageenyi akka bu'u taasisuuf

Araarri tokko akaataa dhimma sanaaratti hundaa'ee kan raawatuudha. Araarri gaggaafame kan miidhaa qaamaa cimaa yoo ta'e adeemsa dheeraa gaafata. Yoo kan namoota walitti yaadan bu'anii, abbaa waarraafi haadha warraa, akkasumas walitti bu'iinsa maatii, ollaa, hiryootaafi rukuttaa salphaa ta'e guyyaa tokko keessatti xumuramuu danda'a. Sirna araaraa keessatti manguddoonni waantoota ittiin rakkoo mu'ate/ uumame salphisan dubbiidhan. Rakkoo ulfaata ta'e tokko karaan itti salphisan mammaaksatti gargaaramuun. Haaluma kanaan mammaaksi araara buusuu keessatti gahee gudda qaba. Fayidaan isaa inni guddaan mammaaksii dubbii dheerate gabaabsuu,ijoo dubbii argachuufikaraa nama bashannaansisuun ergaa dabarfachuudhaaf gahee guddaa qaba.akkasumas yaada namoota waldhabanii akkataa isaan karaa salphaa ta'een walhubachuu danda'aaniifi si'oominaan waliigaluu danda'aanitti shoora ol'aanaa akka qabu. af gaaffii 12/06/2011 (Lidatuu Lammeessaa waliin taasifamerraa hubatameera.Mammaaksonni araaran nageenyi akka bu'uuf tajaajila:

- Wal argan waa argan
- Guulaa luugamaan dubbii jaarsaan qaban
- Xurii nafaa bishaaniin, Xurii garaa jaarsatu baasa
- Dubbii jallate jaarsaan qajeelti
- "Waan goonuus goonee, waa taanes taanee jirraa koottaa ni gallaa" jette Dhaddeen.
- Ulfina balbalaaf lukkuun gad jetti
- Kan namaa dhiiseef rabbi dhiisa
- Dubbiin baay'ateef arreetti hinfedhan
- Eeboo darbatanii Jiffuu hinqabatan

Akka Marii Garee 22/06/2011 ( Obbo Irranaa Yaadasaa, Mul'ata Cawwaaqaa, Damaamu W/mikaa'el, Taarraqany GuddataafiTaaddalaa Goshuu) taasisan irra hubachuun daanda'amettimammaaksota armaanolii kanneen tokko tokkon yoo ibsan "Wal argan waa argan" Kan jedhu jaarsoliin namoota wal miidhan sana walitti fiduuf akka mammaakaniidha. Kana jechuun namni miidhame miidhan isarra dhaqabe kan mul'atu yoo jaarsummaan ilaalame akka ta'e ibsuufiidha. Akka marii kanatti ibasametti "Guulaa luugamaan dubbii jaarsaan qaban, Xurii nafaa bishaaniin, ,Xurii garaa jaarsatu baasa, Dubbii jallate jaarsaan qajeelti,"Waan goonuus goonee, waa taanes taanee jirraa koottaa ni gallaa" jette Dhaddeen, Ulfina balbalaaf lukkuun gad jetti" mammakisonni aramaan olii kunniin qabiyyeen isaanii miidhaa namoota jidduutti uumame kan hiiku jaarsa ta'uufi araarri barbaachisaa akka ta'e ibsu.

"Kan Namaaf dhiisef rabbi dhiisa" kan jedhu. Namoonni bu'aabayii jiruuf jireenyaa keessatti waanta hojjatan adda baasanii isa irriifi badaa ta'e madaaluun nirakkisa. Kanaaf duchumatti cubbuu raawwataniif akka waaqayyoon dhiisuf kadhatu. Yoo kan waaqayyoon hin dhiifnef ta'e miidhaani lubbuu, qaama, qabeenyafi sanyii isaanirratti dhaqabuu danda'a jedhanii sodaatu. Kanarraa ka'uun miidha cimaata'e namoonni irratti yoo raawatamee ta'e illee mammaaksi kun akka namni sun miidhaa sana dagachuun araaramu taasisa.

Mamaaksonni " Eeboo darbatanii jinfuu hin qaba" jechuufi "Tufanii hinarraan" jedhan kunnin kan mammaakamaniifi yoo dubbiin erga jidduu gaheettii namoonni walitti araaramaa jiran sana biratti miirri gaabbii mul'ateedha. Yoo namoonni kun kan gaabban ta'ee dubbii jaarsan dubbatamaafii ture sana diduu kan barbaadan ta'e jaarsoliin araarsuuf taa'an sun mammaaksa akka kanaat mammaaku. Akkuma beekamu namoonni eeboo kan darbatan waanta tokko waaraanuuf. Erga eeboon harkaa ba'ee yookan niwaraana yoo waraanuu baatemmoo bakka ta'e bu'a malee, namni darbate sun osoo eeboon bakka ta'e hin gahin qabuu hin danda'an. Dubbiin araaras akkas ta'uu mammaksa kanaan itti mul'isu. Araara keessatti namni hundi dhugaa hinargatu. Kanaafuu hanga dubbichi qulqulle'ee ifa ba'utti obsaan akka eegataniif mammaaksi kun gahee guddaa qaba. Haaluma walfakkatun mammaaksi 'tufanii hin arraaban' jedhus gaabbii hambisuuf kan ooludha.Namoonnitokkotokkohaalajaarsonniittidhimmasana ilaalan erga hubachuun araara addan kutanii dhiisuu barbaadu. Mammaksi kun yoo namoota akkanaatiif mammaakame namoota kanatti yoo araara didan fudhatama hawaasicha keessatti dhabuu jedhanii waan yaadaniifuu didanii hindeeman.

Akka Jaarsa Oromoo Sooddotti dhugaan iddoo guddaa qabdi. Kanaaf dhugaa hin dabsan. Dubbii araaraa keessatti yoo dubbichi kan hin qulqulloofne ta'e yeroo itti gaafatu. Jaarsa dabalatanii dubbii bulchanii ilaalu. Rakkoo muudate tokko bilchinaan ilaalu. Kanaaf Oromoon yoo mammaaku" Guulaa luugamaan dubbii jaarsaan qaban" jedhu. Dubbiin jaarsummaan ilaalamu kan qabamee dubbatamuuf Oromoon Sooddoo iddoo olaanaa kenna. Araara jaarsan bu'es ni fudhata.

Dubbii akka hinbullee barbaadan keessatti mammaaksi mammaakaman jiru. Isaaniis " Tiruun bulte lafee taati" Jedhu. Mammaaksi gosa kanaa kan mammaakamu yoo dhugaa madda rakkoo adda baafataniifi dubbii qalqulleefatan mamaaku. Kanfuu dubbiisana gaafuma sanatti xumuru. Araara yeroo dheeraa gaafate keessatti mammaaksi Oromoonitti gargaaramu nijiru. Mammaaksonni gosa kanaa keessaa kanneen akka :

- Bulfatan malee bultee hin nyaatan
- Bulu ifa
- Hubatanii fira nagaa gaafatu
- Karaan nagaa fagoo hinqabu.

Mammaaksinni aramaan olii kun araara jaarsaan bu'u keessatti yoo itti gargaaraman yoo dubiin sun hin goolabamu jedhanii yaadan jaarsoliin mammaaku. Mammaaksota kana keessaa "Bulu ifa " jedhu kan mammaakamuuf haalli dhimmichaa wal xaxaafi kan jaarsolii rakkise yoo ta'ee odeeffannoo dabalataa kan barbaadu jedhanii dubbicha yeroo biratti beelamuuf kan barbaadan yoota'e mammaku. Akka dhimmicha qulqulleefachuu barbaadan kan itiin ibsaniidha. Haaluma walfakkaatuun Mammaaksi " hubatanii fira nagaa gaafatu" jedhus kan mammaakamuuf waanta jaarsoliin sirriitti qulqulleefachuu barbaadanii yoo jiraateefi yeroo biraatti akka darbu barbaadaniif kan mammaakamuudha. Kunis kan ta'eef jaarsoliin Oromoo murtii tokko dabarsuuf dhugaa jiru adda baafataniiti. Jaarsoliin waanta murteessan ofeegannoo guddaan akka ta'e kan agarsiisudha. Mammaaksi " Karaan nagaa fagoo hinqabu" jedhu kan dhimmaa itti bahamuuf Araarri bu'u sun bu'a qabeessa akka ta'uuf adeemsa araaraaf barbaachisu hunda keessa darbuu xumuramuu akka qabu yoo barbaadameedha. Kunis kan ta'u namoonni walitti araaraman miidhaa guddaa walirrakan qaqabsiisan yoo ta'eedha Marii Garee 22/06/2011 ( Obbo Irranaa Yaadasaa, Mul'ata Cawwaaqaa, Damaamu W/mikaa'el, Taarraqany GuddataafiTaaddalaa Goshuu).

#### 4.4.2.3 Mammaaksota dhiifamni akka taasisuuf gargaaran

Adeemsa araaraa keessaa tokko namoonni wal miidhan dhiifama walii taasisanii akka karaa nagaatin waliin jiraatan taasisuudha. Kanaaf immoo dhiifamni akka taasifamuu dubbii jaarsoliit itti dhimma bahaan nijiru. Dubbiin dubbatamu immoo mammaksaan yoo hutubame dubbichi caalmatti fudhatama argata.:

- Dhiqatanii nyaachuu garaan jaalatee , qulqullaa'uu Waaqni jaalata
- Waan Jaarsi mureefi kan waaqni muretti hin gaabban
- Sangaan waaqaa garaa keessa qota.

Dhiifama gochuu baannan araarri tokko bu'e jechuun hin danda'amu. Kanaafuu araara taasifamu keessatti namoonni walitti bu'an yookan wal lolan kan akka lolli sun itti dhaabbatu taasifamu keessaa tokko araara buusun. Dubbii araara keessatti mammaksi qabiyyeen isaanii araara buusuuf tasaajialan gahee guddaa qabu. Mammaksa "Dhiqatanii nyaachuu garaan jaalatee , qulqullaa'uu waaqni jaalata" yoo mamaakame keessa namaatti haaloo qabachuun akka hin barbaachifneef akan gargaaruudha. Haaluma kanaan. Namoonni ararri jidduu isaanitti taasifameef araara sana dhiisanii yoo duubatti deebi'an waaqayyoon akka itti dallanutti waan hubachiisufuu dhiifama taasisanii taanan yeroo sanaan booda waanta duraan uumame duubatti deebi'anii hinyaadatan. Mammaaksi "Waan Jaarsi mureefi kan waaqni muretti hin gaabban" kan jedhu Kan jedhus qabiyyeen isaa dhiifama. Akka aadaa Oromootti waldhabdee namoota jidduutti mul'ateef fala kan kaa'u jaarsa. Jaarsi akka waaqatti ilaalama kanaaf dubbii jaarsummaan ilaaluun bu'a qabeessa taasisa. Kana malees, Waan jaarsi sobanii akka waan fudhatii akka hin fakkaanneef Mammaaksa "Sangaan waaqaa garaa keessa qota." Kan jedhu yoo itti mammakan sodaa waaqarraa kan ka'e rakkoon jiru hunduu akka furamaata argatu afgaaffii guyyaa 12,15,17 ( Obbo Aangeessaa Kootuu, Lidatuu Lammeessaa, Kootuufi Siwayyaa Galaan) ni ibsu.

#### 4.4.2.4 Mammaaksoota dubbii gabaabsuuf gargaaran

Adeemsa araara keessatti waantoonni adda bahan erga adda bahanii booda jaarsoliin araarcha xumuruu yookan kallattii xumuratti dhaquu yoo barbaadan dubbii isaanii keessatti mammaksotatti akka gargaaraman af gaaffii 21/06/2011 ( Damaamuu W/mikaa'el) waliin

taasifameerraa hubachuun danda’ame. Haaluma kanaan Mammaaksonni dubbii araaraa itti guduunfuuf gargaaraman keessaa:

- Ol-hiixataan horii gatta
- Adeemaa oolu malee adeemaa hinbulan
- Ajeeraa olii mana guutuun hidhamu malee dhimdhisuu hin dhiisu
- Bakka hin bulletti aduu hin dhiisisan.
- Cabaa ni hidhan balee hin sukkuumana

Akka aadaa Oromootti, araarri tokko taasifamee kan guduunfaa hin argannee yoo ta’ee araarri bu’e hin jedhamu. Kanaafuu Jaarsoliin araara dubbatanii dhuma isaa guduunfuun goolabu. Aaraarri gara goolabaatti akka dhufuuf dubbiin manguddoon dhimma itti bahaan ni jira . dubbiin kun kan gabbatus mammaksaatti dhimma bahuunidha. Mammaksa “Dubiin dheerateef harreetti hin fe’an jedhu” jedhu namoonni aaraarri ta’amuuf yoo dubbii dheeressuu barabaadan kan itti mammakamuudha; “ol-hiixatan horii gatan jedhu immoo” adeemsa araaraa keessatti namni waan isaa hin mallee yookan dhugaa hin qabne yoo barbaadedha; “Adeemaa oolu malee adeemaa hinbulan” jedhu keessatti adeemsa araaraa keessatti dhugaa jiru baasuuf waantoota garaagaraatu raawwatama. Adeemsi kunis yeroo fudhachuu nidanda’a. Jarsoliin erga waantoota qulqulleeffatan adda baafatanii xumuruu yoo barbaadan ergaa isaanii mammaaksatti gargaaramuun ibsatu. Kanaaf namoonni araara keessatti qooda fudhataa turan ergaa mamaaksichaa waan dafanii hubataniifuu yaada biraa dabaluun dheeressuu hinbarbaadan. Jaarsoliin araara taasisaa keessatti dhugaan jiru erga adda behee booda abbaa dhugaatiif dhugaa yookan gumaa muruun xumuru. Kaaf immoo Mmammaksata akka “Ajeeraa olii mana guutuun hidhamu malee dhimdhisuu hin dhiisu” jedhu yoo mammaakame Jaarsoliin dhimmicha guduunfuu akka barbaadametu hubatama. Akkasumas “bakka hin bulletti aduu hin dhiisisan kan jedhus akkuma mammaksota armaan olii dubbii gabaabisuun araarri akka xumuramuuf gargaara. Kan “Cabaa nihidhan balee hin sukkuumana” jedhus dubbiin akka hindheeranneef gargaara jedhu afgaaffii guyyaa 12,15,17 “ Obbo Aangeessaa Lidatuu Lammeessaa, Aangessaa Kootuufi Siwayyaa Galaan) hubachuun danda’ame.

#### 4.4.2.5 Mammaaksoota murtii kennuuf gargaaran

Adeemsa araara keessaa inni bakkee olaanaa qabu namoota araaraman jidduutti araarri akka bu’u erga tasiifamee booda murtiin ni kennama. Kanaaf immoo dubbiin manguddoonni taasisuun

namoota miidhan irra dhaqqabeef murtii kennuun murteessadha. Kanaaf immoo jaarsoliin dubbii isaanii mammaksaan cimsachaa deemuu kan gaafatuudha. Mammaksi dubbii murtii kennisiisuuf gargaaran keessaa :

- Adabaafi bilillee abbaatu ofitti qaaba
- Akka duriifi harka xuriin hin hafan
- Allaattti mukarra teessee baallii yookan baala buustu malee hin kaatu.
- Dubbiin kan abbaa dhugaati, dhugaan kan Waaqati
- Dhugaan ilmoo Waaqati

Dubbiin araaraa tokko guduunfuuf namoonni dhimmi isaanii ilaalamaa ture murtii jaarsonni muran fudhachuu qabu. Akka dubbii araaraan ialaalame booda murtii darbe akka abbootin dhimmaa fudhataniif jaarsoliin mamaaksatti gargaaramuun hubachiisu. Mamaaksonni akka "Adabaafi Bilillee abbaatu ofitti qaaba, Akka duriifi harka xuriin hin hafan, Allaatti mukarra teessee baallii yookan baala buustu malee hin kaatu, Dubbiin kan abbaa dhugaati, dhugaan kan waaqatifi Dhugaan ilmoo waaqati" jedhanii qaama itti murame tti akkka imamu Daaawwanna dubbii araaraa 4/07/ 2011, 11/07/2011fi 20/07/2011 Obbo Yadasaa Guutaafi Addee Suufee Caakkaa, Tolasaa Raggaasaafi Diroo Waamiifi Dirribaa Gammachuufi Baqqalaa Gulummaa) irratti hirmaachuun hubachuun danda'ameera.

**4.4.2.6 Mammaaksoota waadaa galchisiisuu fi waliigaltee fudhachiisu gargaaran.**

Araarri tokko kan guduunfamu waadaa galchisiisuu yookan araara taasifame fudhachiisuun. Waadan kan taasifamu keessatti namoonni wallolan garaa isaanii keessaa haaloo baasuun akka walii qulqullaa'aniif waadaa galchisiisuun kanaafi dubbii waadaa galchisiisan mammaksoota ittin utuban keessaa murasa isaanii akka kanaa gadiitti ilaaluun ni danda'ama.

- Waan jige biraa deeman waan bade ni galaa eegan
- Tufanii hin arraaban
- Dubbii fiiraa tokko obsanii tokko dhoksaniiti.

Dubbiin jarsummaan ialaalamaa tura tokko goolaba kan argatu namoota wal miidhan sana walitti araarsun. Akkuma Daawwannaa sirna araaraa gaafa guyyaa4/07/ 2011, 11/07/2011fi 20/07/2011 Obbo Yadasaa Guutaafi Addee Suufee Caakkaa, Tolasaa Raggaasaafi Diroo Waamiifi Dirribaa Gammachuufi Baqqalaa Gulummaa) irraa hubachuun danda'ametti xumura sirna araraa keessatti kan dhumaa waada galchisiisuuni. Jaarsoliin yeroo barbaadan mammaksatti dhimma

bahuun yaada isaanii ibsatu.  Akkuma daawwanaa kanarraa hubachuun danda’ametti waan kan galamu waantoota garaagaraan deegaramanii waan ta’eefuu,  dursanii namoonni kun akka of qopheessaniif mammaksoota akka “Waan jige biraa deeman waan bade ni galaa eegan” jedhutti dhimma bahu kunis kan ta’eef  namoonni araaraman sun kan wal rukutuun wal dhiigsan waan ta’eef kandhangala’edhiigaa, dhiigahinbarbaadnu, kan bade jaalalajaalalaeegnajedhuunibsu. Kana maleesa, “Tufanii hin arraaban” kan jedhu waantoonni hubatamuu qabaniifi dhugaan jiru waan adda bahee mul’ateefuu  kamunaan dhiifnee, gara fuulduraatti waanta gaarii akka yaadaniif hubachiisuuf. Akkasumas, “Dubbii  fiiraa  tokko obsanii tokko dhoksaniiti” kan jedhu. Rakkoo ture akka dagatanii yaadan gama jaalalatti dhufaniif kan mammakamu akka  ta’e hubachuun danda’ameera.

#### 4.3.3 Adeemsa araaraa keessatti baay’inniifi xiqqaachuun mammaaksaa waantoota murteessan.

Mammaksi sirna araaraa keessatti  baay’achuufi xiqqachuu waantonni murteessan heddu. Isaan keessaa muraasni  kan aramaan gadiiti. Isaaniis: Muuxannoo jaarsolii ,  Sadarkaa miidhaa gahe, umurii,  bakkaafi kkf.

**Muuxannoon  Jaarsummaa:** Akka aadaa Oromootti namni araaraaf kan filatamu namoota jiran keessaa beekkumsa nama araarsuu nama qabuudha. Beekumsa nama araarsuu kan jedhaman kanneen akka rakkoo uumame qulqulleessuu danda’uu, dubbiin isaa nama amansiisuu danda’u, kan nama walhin caalchifnee, kan   hariiroo gaarii namoota baay’ee waliin qabuufi yeroo baay’ee umuriin isaa dargaggummaa bira darbe ta’a.  Namoonni ulaagaa kana guutan hawaasa keessatti  adda bahanii ni beekamu. Kanaafuu yeroo baay’ee bakka araarri jirutti isaantu barbaadama.  Jaarsoliin akkanaa dubbii dubbatan mammaaksaan cimsataa deemu. Kanaafuu bal’inaan mammaksatti kan gargaaramaniidha af gaffii 21/06/2011 (Obbo Beenyaa Macheessaa).

**Sadarkaa Miidhaa Gahe**:  Haala itti fayyadamummaa mammaaksaa kan murteessu inni biraa sadarkaa miidhaa gaheeti.  Sasarkaan miidhaa tokkoo dubbiin akka dheeratuufi gabaabatu ni murteessa. Miidhaan salphaa yoo ta’e araarri gaggeefamu yeroo hin fudhatu. Akkasumaas jaarsoliin keessatti hiramaataniis muraasa ta’u.Araara akkanaa keessatti  dubbin hin baay’atu. Kanaafuu jaarsoliin mammaksa baay’eetti gargaaramuuf hindhimman.  Yoo Araarri gaggeefamu dhimma rakkoo cimaa ta’e , jaarsoliin keessatti heddumnan hirmaatu.  Turmaanni yeroo araaraas nidheerata. Namoota walitti araarsan sana walitti fidanii araara gaggeessun salphaa miti.  Araara

akkanaa keessatti  dibbii cimina qabuufi amansiisuu danda'utti gargaaramu. Dubbii dubbatamu hedduu isaa mammaaksaan cimsataa deemuu barbaada.  Kanaafuu araarri gosa kanaa mammaaksa baay'eetti fayyadamuu barbaada afgaaffii 15/06/2011( Obbo Angessaa Kootuu).

**Umurii**:  Akka seera Gadaa Oromootti namni guyyaa dhalaterraa jalqabee gogeessa Gadaa keessa darbu qaba. Akkasumaas Sadarkaa umurii isaa keessatti gahee hojii qaba. Namni jaarsummaa keessatti hirmaachu qabu umurii meeqarraa jalqabee akka ta'e ni kaa'a.  Kana malees,  namni umurii keessa darbe keessatti waantoota baay'ee barachuu danda'a.  Kana malees, tooftaa araaraa goonfataa kan deemudha Obbo Aangeessan niibsu.

**Bakka**: Bakki namni tokko itti dhalates ta'ee itti guddate itti fayyadama mammaaksatiif murteessadha. Namoonni  baadiyyaatti dhalatanii guddatan kanneen magaalaa calaa mammaksatti fayyadamuu akka danda'an Obbo Aangessaan nidubbatu. Mammaaksa adeemsa araaraa keessatti mammaakamuu danda'an kanneen armaan olitti ibsamaan qofaa osoo hin taane, kanneen biroos bala'inaan akka jiran manguddoonni nidubbatu.

## 4.5. Haala sirni araaraa yeroo ammaa irra jiru

Yeroo ammaa kana namoonni  wallolan yookan walitti bu'an karaa jaarsatiin  araaramaa kan jiruun ta'ulle haala duriitin yoo walbira qabamee ilaalamu akka aramaan gadiitti manguddoonni ibsu. Namoonni  yeroo araaraman akkataa duri Oromoon Soddoo itti namoota walitti bu'aniin araarsuur2ratti jaarsoliin hubannoo isaan qaban xiqaachaa dhufeera. Kunis  kan ta'e manguddoonni akkataa durattiitin ijoollee isaanii qabatanii bakka araaraa deemuun akka haala araarri itti bu'u  barsiisaa kan hin deemne ta'uudha.  Kanaafuu sirana araaraa akkataa duriiti abbootarraa ilmaatti dabarsuurratti rakkoo ta'aa dhufeera. Kanarraa ka'uun, namoonni nama araarsuuf gahuumsa qaban muraasa ta'aa dhufaniiru.

Jaarsoliin  jiraniis seera tumaa caffee irratti hundaa'un kiisii muraa hinjiran.  Kunis kan ta'e yeroo ammaa Jaarsoliin caffee tumaa Odaa Nabee  deemanii yeroo caffeetti labalabamu hirmaachuun seera waraabatanii akka aanaa Toleetti yeroo ammaa jiran jaarsolii lama qofa. Kanaafuu manguddoonni kun lamaan sirna araaraa keessatti hiramaatanii kiisii muruuf waliin gahuu hindanda'an. Jaarsoliin kun dhaloota haaraa  barsiisuurratti hanqina qabu. Namoonnis fedhii hortanii barachuuf  qabaachurratti hanqinniidha.

Kan biraa sirni araaraa jaarsoliin  taasifamu laafaa akka deemu waantoonni taasisan  keessaa tokko dhiibbaa  amantaati.Oromoon yeroo araara gaggeessu karaan itti miidhaa dhoksaan

raawwatame qulqulleefatan kakisiisudhaan. Kan manguddoonni kaksiisan sibla, dhagaa, faltii loonii,qoraafi kallachaan. Yeroo amma namoonni baay'een amantaan koo na dhoowwa jechuun kakatanii qulqulla'uu nididu. Akanarraa ka'uun jaarsoliin namoota akkanaatiif araara taa'uu hin barbaadan.

Gama biraatiin yeroo ammaa sirna araaraa irratti dhiibbaa kan uumaa jiru keessaa hirmaannaan dubartootaa dhabamiidha. Kunis yeroo duraan akka Oromoo Sooddotti dubartoonni hadha siiqee ta'an sirna araaraa keessatti hirmaachun rakkoolee dubartoota muudatef akka araari bu'u taasisaa turuu mnguddoonni ibsaniiru. Haata'u malee, laafisa sirni gadaa akka naannoo Oromoo Ssooddotti mul'ateen wal qabatee hirmaannaan dubartoonni sirna araaraa keessatti qooda fudhatan dadhabaa dhufuu afgaaffii Obbo 15/06/2011 (Obbo Aangessaa Kootuu) waliin taasifamerraa hubachuun danda'ameera.

# BOQNNAA SHAN: GUDUNFAAFI YABOO

Boqonnaa kun haala waliigala boqonnichaa kan ilaallatudha. Bu'uura kanaan qabxiilee gurguddaa lama hammatee jira. Qabxiileen kunis, cuunfaafi yaboo yoo ta'an, haala itti aanuun dhiyaataniiru.

## 5.1. Gudunfaa

Qorannoon kun boqonnaa Jahatti qoodamuun kan dhiyaatedha. Haaluma kanaan boqonnaan tokko,seen duubee jalatti beekumsi hawaasa akka damee beekumsa tokkotti osoo hinfudhatamiin turuusaafi Afoolli Oromoos dhiibba adda addaarran kan ka'e carraa qoratamee ifa bahuufi galmaa'ee taa'uu osoo hin argatiin turuunsaa ibsameera. Ka'umsi qorannoo kanaas**,** afoolli Oromoo hedduun isaanii afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbanidha malee bifa barreeffamaatiin qindaa'ee taa'uuf carraa bal'aa argatee waan hinjirreef, afoola Oromoo bifa barreeffamaan qindaa'ee ta'uuf carraa bal'aa hinargatiin ture kana gara bifa barreeffamaatti jijjiiruun gaheen inni hawaasichaaf qabu xiinxaluun kaa'uun yaadameeti. Akkasumas, aanicha keessatti hamma yoonaatti namni mammaaksarratti qorannoo hojjete waan hinjirreefidha. Kaayyoon qorannichaas,gahee mammaaksota Oromoofi Jechaawwan  sirnaa araaraa keessatti xiinxaluun ifa baasuudha.Kana malees, bu'aan qorannichaa, daangaan qorannichaafi hanqinni qorannichaa duraa duubaan kaa'amanii jiru.

Boqonnaa lama jalatti, yaadrimee qorannoo kanaa walii walqabatan sakatta'amuun haala yaadrimee qorannichaa gabbisuu danda'aniin dhiyaataniiru. Kun ammoo, qorannichi adeemsa saayinsaa akka hordofu taasisuuf gargaaruufi sakkatta'a barruu walfakki walduraa duuban isaanii eeguun kaa'maniiru. Boqonnaa sadii jalatti  yaaxxinoonni qorannoo kana tumsanii kan taa'aniidha. Boqonnaa safur jalatti ammoo, mala qorannichaatu dhiyaate. Qorannoon kun gosa qorannoo akkamtaatti dhimma bahuudhaan tooftaa ibsuutiin kan adeemsifamedha. Maddi ragas madda raga tokkoffaa kan madde yoo ta'u, akka madda raga tokkoffaatti manguddoota Oromoo waa'ee mammaaksa Oromoo sirriitti beekaniifi  sirna araaraa keessatti bal'inaan hirmaatanfi hojjettoota Waajjira Aadaafi Turizimii AanaaToleefi daawwannaa yeroo araarri taasifamuuti. Malli iddattoo qorannoo kana keessatti dhimma itti bahames,  iddattoo miticarraa yoota'u, gosoota iddattoo miticarraa keessaa ammoo iddattoo akkayyoofi darbaa dabarsaatti dhimma bahameera. Meeshaleen ragaleen ittin funaanamanis, afgaaffii, marii garee xiyyeeffataafi daawwannaadha. Boqonnaa shan keessatti  ragaaleen walitti qabaman akkaataa sirana araaraa

keessatti dhiyaatanirratti hunda'udhaan gulantaalee araara irratti hundaa'uun qoqqoodamuun xiinxalamanii ibsi itti kennameera. Boqonnaa jaha jalatti ammoo, cuunfaafi yaboo qorannichaatu gabaabinaan dhiyaateera. Walumaagalatti, ragaalee xiinxalaman bu'uura godhachuungahee Mammaaksota Oromoofi jecchaawwan sirnaa araaraa keessatti qaban daran olaanaa akka ta'e mirkanaa'eera. Kanuma bu'uura godhachuunis, qabxiiwwan argannoo qorannoo kanaa haala waliigalaan dhiyaateera.

Gahee mammaaksota Oromoofi jechaawwan sirna araaraa keessatti ilaalchisee, hawaasni OromooSoddooAanaaToleekeessattimammaaksattigargaaramuunsirnaaraaraagaraagaraakeessatti akkataaraarabusanbira gahameera.

Akkasumaas, mammaaksonni Oromoofi jechaawwan sirna araaraa buusuf oolanfaayidaawwan sirna araaraa keessatti akkaataa bifa garaagaraan kennaniifi jechaawwan sirna araaraa keessatti araara buusuuf gaheen qaban olaanaa ta'uun mirkanaa'era.

Mammaaksi hawaasa Oromoo Sooddoo keessatti araaraa buusuuf akkamiin mammaakama?Kan jedhu ilaalchisee ammoo, akka aadaa hawaasa Oromoo Sooddoo AanaaToleetti, mammaaksa mammaakuun araara kan buu'u jaarsan yookan manguddootan akka ta'e; mammaaksa mammaakamuun, namoonni araara kan fudhatan ammoo, namoota walitti bu'innsa qabani.Kanaafuu, hawaasa Oromoo Sooddoo keessatti yeroo baay'ee dubbii araaraa jalqabaaa hanga xumuraatti mammaaksatti kan gargaaraman ta'uun ifa baheera. Mammaaksota Oromoo araara buusuu keessatti faayidaawwan kanneen akka: yaaxxina namoota araaramaa akka dubbii araara fudhatan gochuu, dubbin akka kallattii qabattu taasisuu, haaloo ambisuu, jaalala buusuu, miidhaa darbe dagachiisuu, dubbiin akka gabaabbatu gochuu, murtii kennuufi dhugaa jiru kenname akka fudhatan gochuu akka ta'e mirkanaa'eera.

Akkasumas, Jechaawwan sirna araaraa keesstti jaarsoliiin itti gargaaraman baniinsa araaraaf, itti fufiinsaafi araara xumursiisuuf gahee olaanaa qabaachuun mirka'era.

Gama biraatin adeemsi sirna araaraa Oromoo Sooddoo keessatti adeemsifamaa jiru, manguddoon akkaataa durattiitti gaggeessaa akka hin jirreefi sirnicha irratti yeroo ammaa dhiibban adda addaa dhaqqabaa akka jiru mirkanaa'era.

## 5.2. Yaboo

Afoolli Oromoo duudhaa, aadaafi falaasama uummatichaa ibsa. Afoolli uummaticha dhabame jechuun ammoo, ilaalchiifi muuxannoon hawaasichaa dhabame jechuudha. Kanaafuu, gahee mammaaksotafi jechaawwan sirna araaraa Oromo keessatti qaban irratti xiinxalli ragaalee taasifameen argannoo argame irratti bu'uureffachuun yaboon qorannichaa haala itti aanuun taa'eera.

1. Oromoo Soddoo mammaaksotatti dhimmana bahuun araara buusaa kan turan yoo ta'uu, kun immoo hawaasichi jaalalaafi nageenyaan akka waliin jiraatuuf gumaacha guddaa waan qabuuf osoo cimee itti fufee gaaridha..

2. Mammaaksonni Oromoo araara buusuuf oolan dubbii araaratti mi'aawaafi fudhatama akka argatuufi wkf waan oolaniif fuulduraattis, Jaarsoliin dubbii araaraa mamaaksatti gargaaramuun osoo dhiyeessanii gaaridha.

3. Hawaasa Oromoo keessatti kan dubbii araaraa irratti hirmaatan manguddootadha; haata'u malee, dhaloonni ammaas, haala manguddoonni mammaaksatti gargaaramuun sirna araaraa gaggeessan itti dhiyyeenyaan hordofanii kara fuulduratti dhimma osoo itti bahanii gaaridha.

4. Oromoo Sooddoo sirna araraa keessatti jechaawwan itti gargaaramanii araara buusan hawaasicha biratti kabaja guddaa waan qabaniif araara buusuu keessattis gahee isaan olaanaa waanta'eefuu dhaloonni haaran haaluma abbootiin itti gargaaramaniin itti fufsiisuu qabu.

5. Sirni araaran namoota hunada biratti yeroomaaa akkataa duratin fudhatamuurratti hanqinni waan jiruuf, manguddoonni osoo hawaasicha hubachiisaa deemuun fudhatamummaan isaa akka dabalu taasisanii.

6. Akkasumas, sirni araara ummanni Oromoo Sooddoo tokkummaafi jaalalaan akka waliin jiraatan taasisaa waan tureefuu, mammaaksonnifi Jechaawwan sirna araaraa keessatti hawaasichi dhimmaa itti bahaa turan kunuunfamuun dhalootaa dhalootatti darbuu barabaachisaadha.

## Wabiilee


Abraham Alemu. (2000). “Jimma Oromo Oral Prose Narratives: A preliminary Divscriptive Analysis”. MA Thesis. Addis Ababa University (Unplished).

Achebe, Chunua. (1992). *Ritual Theory, Ritual Practice.* New york: Oxford University Press.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo Oromoo.* Finfinnee: efficient printing press.

_________________. (2014). *Semmoo: Bu’uura Barnoota Afaaniifi AfoolaOromoo.* Finfinnee: Far East Traeding PLC.

Alamaayyoo Hayileefi Kanneen biroo.(2006). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffa.a* .Finfinnee: Komishinii Aadaafi Turizimii Oromiyaatiin kan maxxanfame.

Andrzejewski, B.W.(1985). *Literature in Cushitic Languages Other than Somali. In Literature in African Language.* Cambidge: CambridgeUniversity Press.

Ararsa Negesso.(1991). “Some Oromo Proverb Around Weliso,” Addis Ababa University.(Unpublished BA Thesis).

Asafa Tafara. (2004). *Theorizing the Present Towards a sociology of Oromo Literature Jaarsoo Waaqoo’s poetery*. Finfinne: Branna Printing Enter Press.

Asafaa Tafarraa.(2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo.* Finfinnee: Far East trading Press.

Angust, Stevenson.(2010). *Oxford Dictionary of English*. Oxford: Oxford University press.

Den, Ben Amos. (1975). *Towards the Definition of Folklore in Context, Reading in American Folklore.* South Asian publisher std. New pelhi.

Bascom, Willium R. (1965*). Four Function of Folklore. In Alen Dundes The Study of Folklore.* Englwood Cliffs, N.J.

Berhanu Mathews. (2009). *Fundamental of Literature*: Addis Ababa:Alpha Printers PLC.

Brunvand Methewos. (1979). *Reading in American Folklore*: New York: NewYork University Press.

Bukenya, A. (1994). *Understanding Oral Literature.* Nairobi:Nairobi Unversity Press.

Cerulli, E. (1922). The folk-Literature of the [Oromo] of Southern Abyssinia, inHarvard African Stadies.

Cotter, George. (1992). *Prover and sayings of Oromo people of Ethiopia and Kenya with English Translation:* African Studies. Vol.25: Edwin Mellen Press.

Sumner, Cloud. (1996). *Oromo Wisdom literature: Proverbs, Songs, Folktales: An Anthology of*

*Oromo literarure.* Addis Ababa: Guddina TumsaFoundation.

Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dundes, Alan. (1965).*The Study of Foklore*. Berkeley: prentice-Hall, Inc.

Eebbisaa Baay‟isaa.(2015).*Miiltoo.Kitaaba jireenya Namaa Jijjiiru.*Finfinnee: ELLEN P.P.PLC

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Subii.

Finnegan, Ruth. (1970). *Oral Literature in Africa***.**Oxford:OxforClaridon.press.

Feyisa Dame.(1996). The Origin of the Oromo: a Reconistraction of the Theory of Cushitic Roots *in JOS. No1 & 2*.

Fiqaaduu Birruu.(2007)."Qacceessa Qabiyyee Mammaaksa Oromoo, Ijoolleefi Ijoollummaa". MA Thesis Yuunvarsiitii Addis Aababaa( Kan hinmaxxanfamiin).

U. Flick. (2002). *An Introduction to Qualitative Research, 2nd. EditionNew*. Dhli: SAGE puplications ltd.

Geetaachoo Rabbirraa . (2004). *Furtuu.Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega PuplishingEnterprise.

Gonfaa Tuggee. (2008). "Xinxaala qabiyyeefi Bifiyyee Mammaakasa Gorsa eyyenntaa: " MA Thesis Yuunvarsiitii Addis Ababa. (Kan hinmaxxanfamiin).

H. Kerbo, (1989). *Sociology.Social Structure and Social conflict*. New York: McMillan Campany.

Kothar, C.R.  (2004). *Research Methodology: Methods &Thechniques.*(revised second ed.) New Age International (p) limited, puplisher.

R. Kumar (2005). *Research Methodology.* London: Thousand Oaks calf.

Malkaamuu Margoo.(2007). "Dubartoota Mammaaksa Oromoo Keessatti: Qacceessa Qabiyyee" MA Thesis Yuunvarsiitii Addis Ababa. (Kan hinmaxxanfamiin).

Meider, Wolfgang. (1997). *The Poloties of Proverbs: Form traditional Wisdom to Proverbal Stress Types.* The University of Misconsin press.

Misgaanuu Gulummaa.(2011*). Dilbii*: *Bu'uura Afoola, Ogafaaniifi Walaloo Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa.

Misgaanuu Gulummaa. (2012).*Yandoo.Ogummaafi Ogwalal Oromoo.*Finfinnee: Oromiyaa.

Melakne Mangistu.(2003). *Fandamentals of Literatures (2nd ed.)* . Addis Ababa PE.

Nagarii Leencoo. (1993). *Wiirtuu (Jii.6) Barruulee Qormaata Waltina Afaan Oromoo*. Finfinnee:

Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.
I. Okpewho (1992). *African Oral Literature*. Bloomington and Indianapolis:India University Press
F. Punch (1998).*Introduction to Sociaal Reaserch*. Newdelhi: SagePuplications.Indian pvt Ltd.
Dorson, Richard. (1972). *Folklore and Folklife. An Introduction*. Chicago and London : The Chicago Unversity press.
Sahilu Kidane. (1986). (Borana Oromo Pross Narrativess Acontextual Study): Addis Ababa; MA Thesis Inistitute of Language studies. (Unpublished).
Samu'el Adola.(1996). "Some Oromo Proverbs," Addis Ababa University,BA Thesis (Unpuplished).
Schipper, Minecke. (2000). *Research in African Literatures*. Indiana University Press.
Tadesse Jaleta. (2004). "A Contextual Study ofGuji-Oromo Proverbs:functions in Focus,"Addis Ababa University School of Graduate Studies.
Tafarii Ayyaanaa.(1998). Afaan Oromoo Kutaa 7-10. New Systematic Book series: Finfinnee
Teferi Nugusie. (2006)."Development of Oromo Literature Up to1991," MA Thesis SGS, AAU (Unpuplished).
Tesema Ta'a. (2004). *Oromo Oral Poetery Seen From with in (Oromo Traditional Songs).* Druck Erei Franz Hanse.
Tilahun Gamta, (1993). Qubee Afaan Oromoo. Reasons for choosing the Latin Script for Developing an Oromo Aalphabet: *A Reading in Journal of Oromo studies. Vol.1.No.1*.
Thomas, A. Green.(1997). *An Encyclopedia of Beliefs, Custums, Tales, Music and Art.* California.Stanza Barbara.
Wasanee Baashaa. (1990). *Qorii Hambaa*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Meeggaa.
Wiirtuu.(1991). *Mammaaksa Oromoo Wallaggaa Bahaafi Dhihaa*.jiildii 4ffaa.
Yaadannoo Gaaromsaa. (2014).*Hora Obaa: Kuusaa AfoollanOromoo.*Finfinnee: Oromiyaa.
Zelalem Aberra. (2003). Translation from Oral to Written Oromo Poetery. In Journal of Oromo Studies. *Vol.10 Numbers 1 and 2*
**ፍቃደአዘዘ**. (1991). ***የስነ-ቃልመመሪያ*. አዲስአበባ: አርቲስቲክማተሚያቤት**.

## DABALEEWWAN

### DABALEE ‘A’

Ragaalee odeefkennitootarraa funaaname kan agarsiisu.

**Yuunvarsiitii Finfinneetti:**

**Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo**

**Afaanotaa, Jornaalizimiifi Quunnamtii**

**Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

1. Kan jaarsi mureefi kan waaqni mure deebii hin qabu
2. Harreen wal dhiitti malee ilkaan wal hin cabsitu
3. Sangaan Waaqaa garaa keessa qota
4. Jaarsafii Bishaantu nama qulqulleessa
5. Dhugaan ni qal’atti malee hin cittu
6. Kan arabni dhalchu kormi hin dhalchu
7. Reeffa firaa sagal garagalchu
8. Wal argan waa argan
9. Guulaa luugamaan dubbii jaarsaan qaban
10. Xurii nafaa bishaaniin, Xurii garaa jaarsatu baasa
11. Dubbii jallate jaarsaan qajeelti
12. “Waan goonuus goonee, waa taanes taanee jirraa koottaa ni gallaa” jette Dhaddeen.
13. Ulfina balbalaaf lukkuun gad jetti
14. Kan namaa dhiiseef rabbi dhiisa
15. Dubbiin baay’ateef arreetti hinfedhan
16. Eeboo darbatanii Jiffuu hinqabatan
17. Tiruun bulte lafee taati
18. Bulfatan malee bultee hin nyaatan
19. Bulu ifa
20. Hubatanii fira nagaa gaaffatu

21. Karaan nagaa  fagoo hinqabu.
22. Dhiqatanii nyaachuu garaan jaalatee , qulqullaa'uu waaqni jaalata
23. Waan Jaarsi mureefi kan waaqni muretti hin gaabban
24. Dubbiin dheerateef Harretii hin fe'amu
25. Ol-hiixataan horii gatta
26. Adeemaa oolu malee adeemaa hinbulan
27. Ajeeraa olii mana guutuun hidhamu malee dhimdhisuu hin dhiisu
28. Bakka hin bulletti aduu hin dhiisisan.
29. Cabaa ni hidhan balee hin sukkuumana
30. Adabaafi Bilillee abbaatu ofitti qaaba
31. Akka duriifi harka xuriin hin hafan
32. Allaattti mukarra teessee baallii yookan baala buustu malee hin kaatu.
33. Dubbiin kan abbaa dhugaati, dhugaan kan waaqati
34. Dhugaan ilmoo waaqati
35. Waan jige biraa deeman waan bade ni galaa eegan
36. Tufanii hin arraaban
37. Dubbii  fiiraa  tokko obsanii tokko dhoksaniiti.
38. Kan loon qabu gosa qaba.
39. Kan suuta deemu qoraattiin suuta seenti.
40. Kan tufatantuu nama ulffessa.
41. Karaan ganna bahe bona hinduudu.
42. Lafa yaadaan bulan bariitu deeman.
43. Lafa qalbiin deeman miillan dhaqan.
44. Lafeen bara baddee bara galt.
45. Leenci tolfatu malee hin utaalu.
46. Loon argan bishaan itti fuudhan.
47. Laga lagaan himan.
48. Loon abbaa miidhassa.
49. Loon tinni hingalchu gurrati galcha.
50. Loon waraana, waraanatti nama geessa.

**51.** Lafaaf lafee kee hinirraanfatiin.
**52.** Malaan bishaan waadan.
**53.** Malaan deeman shawaa gayan
**54.** "Malaan duulan alaa galan" jette lukkuun.
**55.** Mala hataan gowwa hinqabu.
**56.** Malli garaa sijira, bokkuun harka sijira.
**57.** Mataa malee balbala hinbahan.
**58.** Mataan ila qabu lafa hinbadu.
**59.** Mana offii dhakaa itti baatan.
**60.** Manni waaqi ijaaree hinjigu.
**61.** Mamaaksi beekaaf soorata dhaleef affuura.
**62.** Mamaaksi tokko dubbii fida tokko dubbii fixa.
**63.** Muki darban dhi'o bu'a, gurri darban fagoo bu'a.
**64.** Namni dura deemu galaana waata.
**65.** Nama waa sodaatetu lubbuun bula.
**66.** Nama ufata qabuti kabaja qaba.
**67.** Namni qara hinqabatu.
**68.** Nagaan ooluu malee nagaan buluu waaqati beeka.
**69.** Nama barii deemetuu karaa kuta.
**70.** Nama dubbiin nama dhibe caldhisan dhiban.
**71.** Nageenna malee qabbanti duumessa malee roobni hinjiru.
**72.** Nama dullometuu waahima.
**73.** Nama guddaarraa gorsa fudhatan.
**74.** Niitii ilaan barbaadanirra kan gurraan barbaddant tara.
**75.** Niitii jechuun tailma deetee.
**76.** Niitii nama kiyya hinjedhiin, hudduun nafa kiyya hinjedhiin.
**77.** Ogeessa fardi hinbuusu.
**78.** Ofumaa marti male allaatiin duut lafuma.
**79.** Olkaa'an fuudhan malee olka'an hinfuudhan.
**80.** Oriin abbaa malee abbeera hinqabu.
**81.** Qoonqoon okolee waaqaati.
**82.** Qaroo dura dhawi gowwaa dugda dhawi.
**83.** waan waaqi robe latti hindiddu.
**84.** Waan waaqa gurracharra lafarraa hinhaftu.
**85.** Waan waaqaaf waan nyaaphaa hintufatan.
**86.** Waaqi utubaan malee dhaabate lafa dhissa malee diririse.
**87.** Waaqu Guraacha jedhan.
**88.** Abaarsiif dhugaan boodatti.

**89.** Abaarri nibaha maqaa hamaan hinbahu.
**90.** Ayyuuf soddaa hintufatanu.
**91.** Ani dursa jedhanii hinhimatan.
**92.** Bokkaan jirreenya jireenyaa hinquufan.
**93.** Bara hinbeekinu mara hinseenu.
**94.** Baraaf saree his yakkan.
**95.** Cubbuun niturit malee hinhanqattu.
**96.** Cubbuun dura furdistee booda qallisti.
**97.** Cubbuun takka tiratti takka dhaqabdi.
**98.** Dhugaan ganama huqattee galgala gabbatti.
**99.** Dhugaan niqallatti malee hincabdu.
**100.** Abiddiif madaan abbaa irra jirtu gubdi.

## DABALEE ‘B’

## Ragaa Odeefkennitoota kan agarsiisu

## Yuunvarsiitii Finfinneetti:

## Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo

## Afaanotaa, Jornaalizimiifi Quunnamtii

## Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Ragaa odeef-kennitootaa umuriin, saalaan, baay’inaaniifi gahee hojii isanii waliin gabatee kanaa gadii keessatti dhiyaateera

| T/L | Maqaa Odeefkennitoota | Saala | Umrii | Ganda | G/hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Aangessaa Kootuu | Dhi | 76 | Koocee | Q/Bulaa |
| 2 | Qaccaa Bayyanaa | Dhi | 67 | “ | “ |
| 3 | Nagaasaa Insarmuu | dhi | 89 | “ | “ |
| 4 | Beenyaa Macheessa | dhi | 84 | K/Lukkuu | Q/Bulaa |
| 5 | Naggasaa Lammaa | dhi | 82 | “ | “ |
| 6 | Lidatuu Lammeessaa | dhi | 79 | Baantuu | Daldalaa |
| 7 | Siwayyaa Galan | dhi | 80 | “ | Daldalaa |
| 8 | Gobbisaa Galataa | Dhi | 63 | “ | Soorama |
| 9 | Waamii Birruu | dhi | 52 | Baantuu | “ |
| 10 | Irranaa Yaadasaa | dhi | 46 | Baantuu | H/mootummaa |
| 11 | Damaamuu W/Mikaa’el | dhi | 47 | Baantuu | “ |
| 12 | Fayyisaa Dhaabii | dhi | 40 | Baantuu | “ |
| 13 | Taaraqany Guddataa | dhi | 48 | Baanyuu | “ |
| 14 | Mul’ata Cawwaaqaa | dhi | 47 | Baantuu | “ |
| 15 | Fayyisaa Raggasaa | dhi | 50 | B/ Maallimaa | Q/Bulaa |
| 16 | Mitikkuu Gurmeessaa | dhi | 53 | B/ Maallimaa | Q/Bulaa |
| 17 | Bayyanaa Alamuu | Dhi | 48 | “ | “ |
| 18 | Nagoo Guraaraa | Dhi | 65 | Boodhaa | Q/Bulaa |
| 19 | Tashoomaa Dhaabaa | dhi | 53 | “ | “ |
| 20 | Fayyisaa Caakkaa | dhi | 54 | Boodhaa | “ |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| **21** | **Heey'ii Badhaanee** | **dhi** | **80** | **Koocee** | **"** |
| **22** | **Akaalawaldi Dammaqaa** | **dhi** | **61** | **K/lukku** | **H/Mootummaa** |
| **23** | **Ibsaa Ida'aa** | **dhi** | **78** | **Baantuu** | **Jaarsa** |
| **24** | **Badhooshee Barruu** | **dhi** | **59** | **Koocee** | **Caffe Galeessa** |
| **25** | **Nagaash Hoorsee** | **dhi** | **46** | **Koocee** | **Q/Bulaa** |
| **26** | **Walalaa Gammachuu** | **Du** | **43** | **Baantuu** | **Daldaltuu** |
| **27** | **Baqqaantuu Naannessaa** | **Du** | **47** | **Baantuu** | **Q/bultuu** |
| **28** | **Kafanii Dhaabaa** | **Du** | **41** | **B/maallimaa** | **Q/bultuu** |
| **29** | **Wayinsheet Biqilaa** | **Du** | **40** | **Baantuu** | **H/Mootummaa** |
| **30** | **Abaraash Garramuu** | **Du** | **41** | **Koocee** | **H/mootummaa** |
| **31** | **Hurrumee Macheessaa** | **Du** | **62** | **Baantuu** | **Daldaltuu** |
| | **Ida'ama Namootaa** | | **31** | | |

## DABALEE 'C'

Afgaaffii odeefkennitootaaf qophaa'e kan agarsiisu.

**Yuunvarsiitii Finfinneetti:**

**Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo**

**Afaanotaa, Jornaalizimiifi Quunnamtii**

**Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

**Afgaaffii Odeefkennitootaaf Qophaa'e.**

Kabajamtoota odeefkennitoota afgaaffii qorannichaa, qorannoon kun, mata duree "Xinxaala Gahee Mammaaksota Oromoofi jechaawwanSirna Araara Keessatti:Oromoo Sodoo" jedhurratti xiyyeeffata. Kaayyoon qorannoo kanaasGahee Mammaaksota Oromoofi jechaawwan sirana araaraa keessatti xiinxaluun ifa baasuudha.Kanaafuu, maamammaaksotafi fakkoommii hawaasni Oromoo sirna araaraa keesatti itti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru akka himtan kabajaan isin gaafadha. Gumaacha qorannoo kanaaf gootaniif guddaa galatoomaa!

Maqaa__________Saala___Umurii____Ganda_____Gahee hojii__________

**Qajeelfama: Afgaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif haala gaafatamterratti hundaa'uun afaaniin deebii keessan kennaa.**

1. Maqaan keessan eenyu jedhamaa? Umuriin keessanoo?

2. Akka Oromoo Sooddotti namoonni yoo wallolan maalitu godhama?

4. Sirana araaraa gaggeessuuf mammaaksatti gargaaramuun fayidaa maalii qaba?

5. Akka Oromoo sooddotti sirni araaraa akkamitti gageeffama?

6. Jaarsonni yeroo namoota wallolan araarsan waantoonni raawwataman qabanii duraa duubaanmaalmaalfa'i?

8. Haalli sirni araaraa itti gaggeefamu yeroo ammaa maalirra jira?

# DABALEE 'D'

Afgaaffii Odeefkennitoota marii garee xiyyeeffataaf qophaaʼe agarsiisu.

**Yuunvarsiitii Finfinneetti:**

**Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo**

**Afaanotaa, Jornaalizimiifi Quunnamtii**

**Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii**

**Afgaaffii Odeefkennitoota Marii Garee Xiyyeeffataaf Qophaa'e.**

Jaallatamoo odeefkennitoota marii garee qorannichaa,qorannoon kun, mata duree "Xinxaala Gahee Mammaaksota Oromoofi Jechaawwan Sirna Araara Keessatti:Oromoo Sodoo" jedhurratti xiyyeeffata. Kaayyoon qorannoo kanaasGahee Mammaaksota Oromoofi jechawwan sirana araaraa keessatti xiinxaluun ifa baasuudha.Kanaafuu, maamammaaksotafi fakkoommii hawaasni Oromoo sirna araaraa keesatti itti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru akka himtan kabajaan isin gaafadha. Gumaacha qorannoo kanaaf gootaniif guddaa galatoomaa!

**Odeeffannoo Waa'ee Odeefkennitoota Marii Garee**

Maqaa________Saala___Umurii____Ganda_______Gahee hojii___________

**Qajeelfama:Gaaffilee armaan gaditti isiniif dhiyaatan irratti gareen erga mariiyattanii dooda afaaniin deebii keessan kennaa.**

1.Oromoonni araara keessatti maaliif mammaaksatti gargaarama?

2. Oromoon Mammaksatti gargaaramanii namoota araarsuuf namoota akkamii filata?

3. Adeemsa sirna araara keessatti jechawwan yeroo araarri gaggeeffamu itti garagaaraman

kan akkami?

4, Akka Oromoo Sooddotti adeemsa sirna araaraa yeroo ammaa haala kamiirra jira?

**DABALEE ‘E’**

Gabatee Daawannaa qorannichaa Qophaa’e

**Yuunvarsiitii Finfinnee**

**Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo**

**Afaanotaa, Jornaalizimiifi Sabquunnamtiitti**

**Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii**

| T/L | Waantoota Raawataman | Jalqabarratti | Gidduurratti | Xumurattatti |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sirnicha keessatti maaliif mamaakame? | | | |
| 2 | Jechaawwan isrna araaraa keessatti gahee maalii qabu? | | | |
| 3 | Haala kamiin sirnichi gaggeefame? | | | |

Ani Qorataan Maqaafi mallattookoon armaan gadiitti taa’e, Qorannoon kun bu’aa hojii koo akka ta’eefi kanaan duras Yuunvarsiitii kamuu keessatti qorannoo kun eebbaaf kan hin dhiyaanne akka ta’eef wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee itti fayadamee jiraachuu koo mirkaneessa.

Maqaa ________________________

Mallattoo ______________________

Guyyaa ________________________